



Mootummaa Naannoo Oromiyaa



**Biiroo Induustirii fi Misooma Magaala Oromiyaatti
Ejensii Misoomaa fi Manaajimantii
Lafa Magaalaa Oromiyaa**



**Qajeelfama Lafa Magaalaa Sirna Liiziin Bulchuuf
Irra-Deebiin Bahe**



**Eebila 2008
Finfinnee**



Baafata

Mata Duree

Fuula

Seensa.....	1
KUTAA TOKKO	2
Tumaalee Waliigalaa	2
KUTAA LAMA	9
Lafa Magaalaa Sirna Liiziiin Bulchuu	9
KUTAA SADI.....	17
Lafa Magaalaa Caalbaasiin Hayyamu	17
KUTAA AFUR.....	39
Lafa Magaalaa Ramaddiin Hayyamu	39
KUTAA SHAN	60
Waliigaltee Liizii, Bara Liizii fi Kenninsa Waraqaa Ragaa.....	60
KUTAA JAHA	66
Gatii Liizii fi Raawwii Kaffaltii Lafa Magaalaa.....	66
KUTAA TORBA	74
Sadarkaalee Ijaarsaa	74
KUTAA SADDEET	80
Jijjiirraa Tajaajilaa Yookiin Gosa Projektii Hayyamu	80
KUTAA SAGAL.....	86
Mirga Liizii Dabarsuu	86
KUTAA KUDHAN	91
Mirga Qabiyyee Liizii Wabummaan Qabsiisuu	91
KUTAA KUDHA-TOKKO.....	93
Waliigaltee Liizii Haaromsuu fi Addaan Kutuu.....	93
KUTAA KUDHA-LAMA	95
Lafa Magaalaa Gad-lakkisiisuu	95
KUTAA KUDHA-SADII.....	98
Bulchiinsa Lafa Magaalaa Magaalota Sirna Liizii Keessa Hin Galle	98
KUTAA KUDHA-AFUR.....	101
Tumaalee Adda Addaa	101



Seensa

Sirna mirga itti fayyadama lafa magaalaa bu'uura labsii fi dambii dhimma kanaaf baheen karaa iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun magaalota naannichaa hunda keessatti hojii irra oolchuun ummanni naannichaa misooma lafa magaalaa irraa fayyadamaa akka ta'u taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Bu'ura heera mootummaa naannichaatiin magaalota naannichaa keessatti haala qabatamaa fi sadarkaa guddina magaalotaatiin lafti magaalaa haala ittiin hayyamamuu fi ittiin bulu karaa guutuu fi iftoomina qabuun tarreessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Adeemsa raawwii seerota mirga itti fayyadama lafa magaalaa naannoo keenya keessatti tureen dhimmootni haguuggii seeraa hin argatin, iftoominni kan hanqatuu fi qaawwa kan qabanu mul'achaa turuu isaatiin hanqinoota kana maqsuun rakkoo gochoota kira sassaabdummaa fi bulchiinsa gaarii sababa kanaan uumamaa turan furuun waan barbaachiseef;

Hanqinoota raawwii seerota lafa magaalaa keessatti kanaan dura magaalota naannichaa keessatti mul'achaa turan furuuf haala qabatamaa naannichaa waliin walsimee dambiin liizii lafa magaalaa mootummaa naannichaan irra deebiin foyya'ee kan ragga'e ta'uu isaatiin dambii kana qajeelfamni raawwachiisuu dandeessisu bahuu waan qabuuf;

Akkaataa labsii lakk. 179/2005 keewwata 17 (2) fi Dambii lafa magaalaa liiziin bulchuuf irra deebiin foyyeessuuf bahe lakk. 182/2008 keewwata 65'tiin qajeelfamni kun bahee jira.



KUTAA TOKKO

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun “Qajeelfama Lafa Magaalaa Sirna Liiziin Bulchuuf Irra Deebiin Bahe Lakk. 4/2008” jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, qajeelfama kana keessatti;

- 1) “Naannoo” jechuun Naannoo Oromiyaati.
- 2) “Mana Maree Bulchiinsaa” jechuun Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 3) “Biiroo” jechuun Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaati.
- 4) “Ejensii” jechuun Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechu dha.
- 5) “Labsii” jechuun Labsii Federaalaa Haala Lafti Magaalaa Liiziin Itti Qabamuuf Bahe lakk. 721/2004 jechuu dha.
- 6) “Dambii” jechuun, Dambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf Irra Deebiin Bahe Lakk. 182/2008 jechuudha.
- 7) “Liizii” jechuun sirna qabiyyee lafaa mirgi itti fayyadama lafa magaalaa waliigaltee daangaa yeroon murtaa’ettiin itti argamu dha.
- 8) “Magaalaa” jechuun iddoo manni qopheessaa keessatti hundaa’e yookiin ummanni 2000 fi isaa ol kan keessa jiraatuu fi kana keessaa yoo xiqqaate humna namaa %50 kan ta’u hojii qonnaan alaarratti bobba’ee argamu dha.
- 9) “Lafa Magaalaa” jechuun lafa daangaa bulchiinsa magaalaa keessatti argamu jechu dha.



- 10) “Lafa Faayidaa Ummataaf Ramadamu” jechuun uummatni kallattiin yookiin al-kallattiin mirga itti fayyadamummaa lafa irraa qabu mirkaneessuu fi misooma hawaas-diinagdee itti fufiinsa qabu akka argatu taasisuuf Ejensichi pilaanii magaalaa bu’uura godhachuun lafa faayidaa ummataaf murteessu jechu dha.
- 11) “Ramaddii” jechuun nama yookiin pirojektoota caalbaasiin keessummeeffamuu hin dandeenyeef faayidaa gama hawaasummaa fi diinagdeen qaban madaaluun dorgommii caalbasii liiziin ala haala lafti liiziin itti kennamu jechu dha.
- 12) “Caalbasii” jechuun bu’uura ulaagaa dorgommii sirna dorgommii gabaa irratti hundaa’ee bahuun dorgommiin gaggeeffamee moo’ataa caalbaasiitiif haala qabiyyeen lafa magaalaa liiziidhaan itti darbu jechu dha.
- 13) “Caalbasii Addaa” jechuun gosa caalbasii dorgomaan caalbaasiif dhiyaate tokko ta’us pirojektoota Labsicha keewwata 11 (7) jalatti tarreeffamaniif haala lafti caalbaasiidhaan itti darbu jechu dha.
- 14) “Koree Caalbasii Raawwachiisu” jechuun hojjattoota mootummaa seera hojjattoota mootummaa irratti hundaa’uudhaan dhaabbataan qaxaramanii fi ogeessota ogummaa barbaadamu qaban kan ofkeessaa qabu caalbasii liizii lafaa akka raawwachiisanii fi haala akka mijeessan miseensa koree ta’anii ramadaman jechu dha.
- 15) “Pirojektoota Faayidaa Addaa Biyyoolessaa Qaban” jechuun guddinaa fi tiraanisfoormeeshinii biyyaa keessatti pirojektoota misoomaa jijjiirama ol’aanaa fiduu danda’an yookiin hariiroo biyyattii gama hundaan babal’isuuf sochii biyyattiin taasiftu keessatti biyyoota biroo waliin walitti dhufeenya uumamuuf bu’uura buusuuf pirojektoota mootummaan karoorfaman jechu dha.
- 16) “Gatii Liizii Ka’umsaa” jechuun baasii bu’uuraalee misoomaa gurguddoo diriirsuuf barbaachisu, qabeenya laficha irra qubatee jiru kaasuuf yookiin beenyaa namoota laficha irraa ka’aniif kaffalamuu fi baasiwwan biroo tilmaama keessa kan galche gatii ka’umsa liizii lafa magaalaa jechu dha.



- 17) “Gatii Caalbaasii Wayitaawaa” jechuun gatii caalbaasii giddugala lafa magaalaa tokko keessatti yookiin magaalaa ramaddii sadarkaa walgitu keessatti tajaajilaa fi sadarkaa iddoo walfakkaatuu yeroo waggaa lama hin caalle keessatti itti darbe jechu dha.
- 18) “Zoonii Gatii Liizii” jechuun gatii liizii ka’umsaa, sadarkaa fi gosa tajaajila lafa magaalaa irratti hundaa’ee kaartaan daangeffamee zoonii gatii liizii lafaa qophaa’u jechu dha.
- 19) “Gatii Mirgi Liizii Ittiin Darbu” jechuun lafa liizii ijaarsi osoo irratti hin gaggeeffamiin yookiin ijaarsi walakkaa fi walakkaa gadi irra qubatee mirga itti fayyadama liizii lafa magaalaa akkaataa seeraatiin dabarsuuf qaama aangoo qabuun gatii ol’aanaa naannoo lafti caalbaasiif dhiyaate itti argamu bu’uureffachuun kan murtaa’u jechu dha.
- 20) “Ijaarsa” jechuun, bu’uura eeyyama itti fayyadama lafaa kennameetiin ijaarsa yeroo yookaan dhaabbataa faayidaa mana jireenyaa, waajjira, warshaa, yookiin faayidaa adda addaatiif oolu jechuudha.
- 21) “Ijaarsa Jalqabuu” jechuun ijaarsa yookiin gamoo bakkichatti ijaaramuuf eeyyamameef yoo xiqqaate bu’uura ijaarsichaa hojjechuu fi ijaarsa kolanii raawwachuu kan dandeessisan hojii sibiila kolanii dhaabuu xumuruu dha.
- 22) “Bu’uura Ijaarsaa Xumuruu” jechuun haala pilaaniitiin lafni ijaarsaa qotamee guutummaa guutuutti armaataa kan guutame, hojiin filoorii (floor) kan xumuramee fi ijaarsi dhaaba floorii jalqabaa kan jalqabame jechu dha.
- 23) “Ijaarsa Walakkaa Xumuruu” jechuun:
 - a. Viillaa yoo ta’e, bu’uura baasuu, hojii kolonii fi baaxiif barbaachisu xumuruu;
 - b. Gamoo yoo ta’e, hojii bu’uuraa fi hojii solleettaa darbii hunda % 50 kan ta’u raawwachuu; yookiin
 - c. Riil Isteetii bilookiin ijaaramu yoo ta’e, akkaataa barbaachisummaa isaatti bilookiiwwan hunda irratti haala Keewwata Xiqqaa kana tartiiba qubee “a” yookiin “b” jalatti ibsameen ijaarsa raawwachuu jechu dha.



- 24) “Ijaarsa Xumuruu” jechuun lafa liiziin kenname irratti haala heeyyama ijaarsaa kennameen mana ijaaramee tajaajila kennuuf qophaa’e jechu dha.
- 25) “Mana” jechuun magaala keessatti mana haala seera qabeessa ta’een yookiin beekumtii seeraa argatee tajaajila kamiifiyyuu ijaaramee yookiin ijaramaa jiru dha.
- 26) “Mana Jireenyaa” jechuun mana tajaajila jireenyaatiif ijaaramuun xumuramee tajaajila kennaa jiru yookiin kan tajaajila walfakkaatuuf ijaaramaa jiru dha.
- 27) “Mana Dhaabbataa” jechuun mana tajaajila jireenyaatiif ala ijaaramee xumuramee tajaajila kennaa jiru yookiin kan tajaajila walfakkaatuuf ijaaramaa jiru dha.
- 28) “Mana Tajaajila Makaa” jechuun mana tajaajila jireenyaa yookiin dhaabbataaf yookiin lamaanii fuu ijaarmaa jiru yookiin ijaaramee xumuramee tajaajila lamaanuu kennaa jirudha.
- 29) “Qonnaan Bulaa” jechuun nama lafa baadiyyaa mirga itti fayyadama lafaa investimentiin ala seeraan qabatee yookiin argatee hojii qonnaa irratti bobba’uun galii laficha irraa argamuun ofiisaa fi maatiisaa kan bulchu dha.
- 30) “Horsiisee Bulaa” jechuun nama lafa baadiyyaa investimentiin ala dheedinsa margaaf qabatee beeyilada kan horsiisu ta’ee jireenyi isaa fi maatiisaa irra caalaan beeyiladaa fi bu’aa beeyiladaarratti kan hundaa’e jechu dha.
- 31) “Gamisa Horsiisee Bulaa” jechuun nama lafa baadiyyaa seeraan qabatee jireenyi isaa hojii qonnaa fi horsiisuu irratti kan hundaa’e jechu dha.
- 32) “Yeroo Haaragalfannaa” jechuun namni lafti liiziin hayyamameef kaffaltii duraa erga kaffalee booda, gatii liizii waliigalaa kan waggaa waggaan kaffalamu otoo hin eegaliin yeroo murtaa’eef kaffaltii waggaa irraa bilisa ta’ee akka turu yeroo haaragalfannaa hayyamamu dha.
- 33) “Lafa Ofdanda’ee Hin Misoomne” jechuun bal’inni qabiyyichaa istaandardii bal’ina lafaa isa xiqqaa tajaajilichaaf magaalicha keessatti murtaa’ee gadi yoo ta’e yookiin lafa citee lafa duwwaa cinaa jirutti makamee misooma biroof ooluu kan hin dandeenye yookiin qabeenyi lafa kanarratti argamu tilmaamni gatii ijaarsa yeroon yoo shallagamu ida’ama gatii liizii caalbaasii yeroo lafichaa



harka walakkaa ol ta'ee lafa magaalaa argamee fi kallattii rog-arfeen yoo ilaalamu rog-tokko tajaajila dhaabbataaf meetira 7 gad, tajaajila manaaf meetira 4 gad kan ta'e jechu dha.

- 34) “Lafa Babal’ifannaa” jechuun lafa magaalaa dabalataan pirojektii duraan heydamamee hojii oomishaa yookiin tajaajila kennuu jalqabee yookiin pirojektii ijaarsa jalqabee jiruuf ta’ee,
- a) tajaajila pirojektichaa yoo xiqqaate kappitaalaan, carraa hojii fi hanga oomishaa yookiin tajaajilaa dabaluu babal’isee hojjechuuf barbaachisu, yookiin
 - b) haala dirqisiisaan tajaajila pirojektii lafti duraan haydamameef guutummaatti raawwachuuf dabalataan barbaachisuu fi ulaagaa dambichaafi qajeelfama kanaan tumame guutee argamee fi
 - c) teessumni yookiin argamni isaa lafa duraaniitiin kan walitti aanee argamu yookiin bakka adda addaatti kan argamu ta’ee, lafa tajaajila walfakkaatuuf yookiin kallattiin hidhamiinsa qabuuf ooluu danda’uuf gaafatame jechuu dha.
- 35) “Tajaajila yookiin maanifaakchariingii fooyya’aa” jechuun, gosa industirii tajaajilaa yookiin maanifaakchariingii yookiin kan biraa duraan haydamamee ture irraa gara gosa,
- a) pirojektii yookiin tajaajila kaapitaalaa fi carraa hojii uumuun, yookiin
 - b) sharafa biyya alaa argamsiisuun yookiin hambisuun yookiin lameeniinuu, yookiin
 - c) walitti hidhamiinsa bu’a qabeessa damee diinagdee qonnaa yookiin maanufaakchariingiin waliin qabuunii fi
 - d) dhiibbaa faalama naannoo xiqqeessuunii fi bu’aa ce’umsa teeknoloojiif argamsiisuun fooyya’aa yookiin caalee argame jechuudha.
- 36) Industirii Maanifaakchariingii”, jechuun, damee Industirii galtee oomisha isaa fiizikaalaan yookiin keemikaalaan jijjiiree oomisha haaraa argamsiisu ta’ee, adeemsi oomishichi itti gaggeeffamu harkaan yookiin maashina ta’uu ni danda’a.



37) “Istaandardii” jechuun istaandardii qoqqoodinsa lafaa yookiin istaandardii ragaa lafaan walqabate yookiin istaandardii kamiinuu jechu dha.

38) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.

3. Ibsa Korniyaa

Qajeelfamni kana keessatti korniyaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Qajeelfamnin kun magaalota naannichaa sirna liizii keessa galanii fi magaalota kiraan bulan hunda keessatti dhimmoota qajeelfama kanaan tumamanii fi isaan ilaallatu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5. Qajeeltoowwan

- 1) Mirgi itti fayyadama lafa magaalaa kan hayyamamu fayyadamummaa fi guddina waliinii uummata naannichaa mirkaneessuuf ta’uu qaba.
- 2) Hojiiwwan dhiyeessii, dabarsaa fi bulchiinsi lafa magaalaa magaalota naannoo keenyaa hunda loogii, hojmaata badaa fi gochaafi ilaalcha kira sassaabdummaa irraa karaa ittifamee fi bilisa ta’een raawwatamuu qaba.
- 3) Lafti magaalaa bu’aa fi misooma magaalotaa olaanaa karaa argamsiisuun hayyamamuutu irra jiraata.
- 4) Dhiyeessii fi dabarsi lafa magaalaa naannoo keenyaa jiraataa naannichaa misooma magaalotaa fi naannichaa keessatti bu’uura heera mootummaan mirgoota misooma diinagdee fi hawaasummaa uummatichaa kallattii sadarkaa olaanaan mirkaneessuun hirmaachisuu fi fufiinsaan fayyadamaa taasisuu qaba.
- 5) Lafa magaalaa tajaajila misooma magaalaaf kutaalee hawaasaa adda addaatiif karaa haqa qabeessa, madaalawaa, iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun dhaqqabamaa hojmaata taasisuu danda’u hordofuun kan raawwatamu ta’uu qaba.
- 6) Ququllina raawwii hojii dhiyeessii fi bulchiinsa lafa magaalaa mirkaneessuuf sosochii hirmaannaa jiraataa naannichaa uumuun mirkaneessuu fi hojmaata sakatta’iinsa qulqullina hojiirra oolmaa riiformii fi seerota lafa magaalaa



jalqabarraa hojiirra oolchuun sadarkaan sakatta'aa deemuu kallattii dandeessisu hojiirra oolchuun ta'uutu irraa eegama.

- 7) Misoomaa fi dhiyeessii lafa magaalaa fufiinsaa kan qabuu fi bu'a qabeessa gochuuf, pilaanii fi istaandaardota itti fayyadama lafa magaalaa guutumatti hojiirra oolchuun, magaalaa jireenyaa fi hojiif bakka mijooftuu gochuun, misooma saffisaa magaalotaa naannichaa keessatti dhugoomsuuf hojjechuudha.
- 8) Qabiinsii fi itti fayyadamni ragaalee raawwii dambichaa fi qajeelfama kanaa tartiibaan gurmaa'aa fi kuufamaa bifa itti gaafatamummaa qabuun sadarkaan kan qabanuu fi yeroon, qulqullinaa fi karaa guutuu ta'een qaama sadarkaan jiruuf darbuun galtee milkaa'ina hojii misoomaa fi bulchiinsa lafa magaalaa naannichaaf ta'uu dandeessisuun ta'a.



KUTAA LAMA

Lafa Magaalaa Sirna Liiziin Bulchuu

6. Bu'uura labsichaa keewwata keewwata 5 jalatti tumameen lafa magaalaa qabachuu fi heyyamuun dhorkamuu isaa;

- 1) Namni kamiyyuu akkaataa labsii, dambii fi qajeelfama kanaan kan tumameen ala lafa magaalaa qabachuun yookiin babal'isee daangeessuu fi fayyadamuun hin danda'u.
- 2) Namni kamiyyu labsii, dambii fi qajeelfama kanaan kan tumameen ala lafa magaalaa heyyamuu yookiin dabarsuu hin danda'u.

7. Haala lafti magaalaa ittiin hayyamamu

- 1) Lafti magaalaa tajaajila kamiifuu caalbaasii fi ramaddii liiziitiin ta'a;
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame jiraatus, magaalota sirna liizii keessa hingalle keessatti lafti magaalaa kan kennamu caalbaasii fi ramaddiidhaan ta'ee, sirna kiraatiin kan bulu ta'a.

8. Magaalota Sirna Liizii Keessa Galchuu

- 1) Bu'uura Labsicha keewwata 5 keewwata xiqqaa (4)tiin fi dambicha keewwata 6'tiin Magaalotni Naannichaa sirna liizii keessa hin galle, Ejensiin erga qoratamee dhiyaate booda murtee Mana Mareetiin sirna liizii keessa kan galan ta'u.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen, qorannoo Ejensiin taasisuuf ragaaleen barbaachisanu caasaa Ejensichaa godinaalee fi magaalota sirna liizii keessa hin gallee hojmaata Ejensiin kanumaaf diriirsuun sassabamuun mirkanaa'anii kan dhiyaatanu ta'a.
- 3) Godinaalee fi Magaalotni sirna liizii keessa hin galin sirna liizii magaalota jaraa keessatti hojiirra oolchuuf qophiiwwan barbaachisoo hunda kallattii Ejensiin kaa'amuun dursanii qophaawaa turuuf dirqama ni qabaatu.
- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsameen haal-dureewwan dursanii magaalota kanneen keessatti raawwatamuu qabanu;



- a) Pilaanii magaalaa yookiin pilaanii bu'uuraa qopheessuu;
 - b) Ragaa bu'uuraa misoomaa (daandii (bal'ina, dheerina, bara itti ijaarame, (haaraa yookiin suphaa) gosa meeshaa itti ijaaramee, Fkn, cirracha, dhakaa bocamaa, biyyee), bishaan (madda isaa, Fkn, ujummoo, burqituu, laga), ibsaa), gatii itti ijaarame, bakkeewwan itti argaman, magaalaa sassaabuu fi gurmeessuun qabachuu;
 - c) Sadarkaa lafa magaalaa qopheessanii murteessisuu;
 - d) Ragaa lafa caalbaasii kiraan darbanii marsaan, gosa tajaajilaan, bal'ina lafaan, gatii itti darbe, gatii dorgomaan lafa caalbaasiif dhiyaate tokko tokkoof kenne hunda gurmeessuun qabachuu;
 - e) Ragaa bittaa gurgurtaa qabeenya dhaabbataa magaalicha keessatti qaama sadaffaaf darbee gosa tajaajilaa, hanga itti darbe, gosa qabeenya laficha irra jiruu, yeroo/bara itti darbe fi kkf;
 - f) Lafa daangaa magaalichaa keessa jiru lakkaa'uu fi galmeessuun ragaa isaa qindeessanii qabachuu;
 - g) Qabiyyeewwan lafa magaalaa qaama adda addaan qabaman akkaataa labsii, dambii fi qajeelfma dhimma kanaaf baheen sirna qabsiisuu;
 - h) Ragaa qabiyyee lafa magaalaa ragaa abbaa qabiyyummaa qabanuu akkaataa qajeelfamaan gurmeessuun qabachuu;
 - i) Hojiilee barbaachisoo kanneen biroo lafaa fi qabeenya lafa magaalaa wajjin walqabatan qindeessanii qabachuu qabu.
- 5) Magaalotni Mana Maree Bulchiinsaatiin gara sirna liiziitti akka galan murtaa'e ibsi tarreeffamaan uummataaf ni taasifama.
 - 6) Haaluma keewwata kana keewwata xiqqaa (5) jalatti ibsameen magaalotni sirna liizii keessa akka galanu murtaa'e gama Ejensiitiin magaalota kanneeniif hubannoo gahaa kennuun akka hojiirra oolu deeggersaa fi hordoffii ni taasisa.
 - 7) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti akkaataa tumameen magaalotni sirna liizii keessa hin galin hanga sirna kanatti galanutti magaalota kana keessatti lafti kan kennamu gatii ka'umsa tilmaama kiraa lafaa kan waggaan kaffalamu irratti hundaa'ee caalbaasiidhaan ta'a.



- 8) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (7) jalatti tumameen lafa kennameef, waraqaan abbaa qabiyyee kennamu akkaataa sirna kiraatiin ta'a.
- 9) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (8) jalatti tumameen lafa kenname misoomsuu fi misoomsuu dhabuun tarkaanfiin fudhatamu akkaataa Dambii kana keessatti tumameen ta'a.

9. Bulchiinsa Qabiyyee Durii

- 1) Labsicha keewwata 6 keewwata xiqqaa (3), (4) fi (6) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, bu'uura Labsicha keewwata 6 keewwata xiqqaa (1)tiin qabiyyeen durii hanga qorannoon gaggeeffamee murtaa'utti seera kiraatiin buluun isaa kan itti fufu ta'a.
- 2) Qabiyyeewwan Durii Sirna Liizii Keessa Galuu Hin Qabne Labsicha keewwata 6 keewwata xiqqaa (1), Dambicha keewwata 7 fi Qajeelfamaafi keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, qabiyyeewwan durii kanatti aananii tarreeffaman sirna liizii keessa hin galanu.
 - a) Abbootii mirgaa qabiyyee durii dhaalaan argatan qooddachuuf gaaffii dhiyeessanii qoodinsi akkaataa pilaaniitiin fudhatama argatee yammuu eeyyamamuuf;
 - b) Abbaan warraa fi haati warraa seeraan walhiikan qabiyyee durii qixa seeraan murtaa'een qooddatanii qoodinsichis pilaaniin fudhatama yammuu argatu;
 - c) Qoodinsa qabiyyee akkaataa keewwata xiqqaa kanaa tartiiba qubee (a) fi (b) jalatti tumameen fudhatama argate, abbootii mirgaa keessaa garri tokko ga'ee kanneen birootiif tilmaama kaffalanii hambifachuu yoo barbaadanii fi kan irratti waliigalan ta'e;
 - d) Faayidaa ummataaf jecha namoota qabiyyee durii isaanii gadi dhiisaniif lafa bakka bu'iinsaan kennamu;
 - e) Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne akkaataa Dambii kanaa fi qajeelfama kanaaf bahuun waraqaa ragaa abbaa qabiyyee akka argatan yammuu taasifamu;



- f) Qabiyyeewwan bara Dargii dhaalamanii qaama dhimmi ilaaluun abbaa qabiyyee duriif murtiidhaan deebi'an;
- g) Labsichi 'Nagaarit Gaazeexaa' irratti maxxanfamee bahuun dura:
 - i. Qabiyyeewwan gama Ejensii Piraayivetayizeeshinii Mootummaa Federaalaatiin gurguramanii waliigalteen kan irratti raawwate ta'ee, jijjiirraan maqaa irratti hin raawwatamiin;
 - ii. Qabiyyeewwan durii waliigalteen gurgurtaa qaama aangoo qabuun galmaa'e yookiin kan Mana Murtiin ragga'e yookiin kan qaama dhimmi ilaaluuf galii ta'ee jijjiirraan maqaa hin raawwatamiin;
 - iii. Qabiyyee durii sababa liqiin baankii deebi'uu dhabuutiin caalbaasiin gurguramanii jijjiirraan maqaa hin raawwatamiin ta'u.
- 3) Bu'uura dambichaa keewwata 8 jalatti tumameen qabiyyeen durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnee waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa kennuun qajeelfama dhimma kanaaf bahuun kan raawwatamu ta'a.
- 4) Qabiyyeen durii addaan qoodamuu kan danda'u:
 - a) Qabiyyeewwan addaan qoodamanii argaman qeenxeen bal'ina lafaa istaandardii tajaajilichaaf Dambii, qajeelfama kanaa fi seerota biroo raawwatiinsa qabaniin murtaa'e kan guutee argamuu fi pilaanii magaalichaan kan wal hin faallessine yoo ta'ee fi
 - b) Lafa addaan qoodamee argamu hundarratti manni ijaarsi isaa xumurame yoo irra jiraate qofa ta'a. Tarreeffamni raawwii kanaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

10. Qabiyyee Durii Sirna Liiziin Bulchuu

- 1) Keewwata 9 keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, bu'uura dambichaa keewwata 7 Keewwata xiqqaa (2)tiin gara sirna liiziitti galuuf abbootiin qabiyyee durii fedhii isaaniitiin yoo gaaffii dhiyeessan gara sirna liitti galuu kan danda'an, ulaagaa kanatti aananu guutanii argamuu qabu;
 - a) Magaalli qabiyyichi keessatti argamu sirna liizii keessa kan gale,
 - b) Qabiyyichi tajaajilli hayyamameef pilaanii itti fayyadamaa fi istaandaardii qoqqoodinsa lafa magaalichaan kan walsimu, yookiin



- c) Akkaataa pilaanin magaalichaa fi istaandaardiin hayyamuutiin misoomsuuf fedhii kan qabuu fi dirqama akkaataa pilaanichaan misoomsuuf akkaataa labsii, dambii fi qajeelfama kanaatiin waliigaltee liizii mallatteessuuf kan iyyannoo dhiyeeffate,
 - d) Iddoon lafa qabiyyichi itti argamuu kun yeroo waggaa kudhanii gadi hin taane keessatti lafa faayyidaa uummataaf hin barbaadamne ta'uun Kantiibaa fi Ittigaalafatmaa Ejensii magaalichaatiin kan mirkanaa'ee dhiyaate,
 - e) Ragaa abbaa qabiyyummaa seera qabeessa kan qabu,
 - f) Dhorkiis ta'ee ugurrrii seeraa kamirraayyuu bilisa kan ta'e yookiin qaamni dhorkii yookiin ugurrrii kenne yoo gara sirna kanaatti gale mormii kan hin qabne ta'uu barreeffamaan yoo beeksise,
 - g) Falmii daangaa fi abbaa mirgummaa qabeenyaa irraa bilisa kan ta'ee fi dhimmoota seera qabeessa mirga kana daangessuu danda'anuu jiraachuu dhabuun yoo mirkanaa'eedha.
 - h) Kan keewwata xiqqaa kana jalatti tarreeffaman jiraatanus, hangi bal'ina qabiyyee durii lafa magaalaa gara sirna liiziitti akka galu hayyamamu istaandaardii gosa tajaajilichaaf magaalicha keessatti murtaa'e isa guddaa caaluu hin danda'u.
- 2) Ulaagaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tarreeffaman qabiyyeen durii guutee argame gara sirna liiziitti yeroo galu,
- a) Gatiin lafa sirna liizii keessa galuu gatii ka'umsa liizii yeroo sanaa magaalichaatiin ta'a.
 - b) Barri yeroo mirga liizii, yeroon kafaltiin itti xumuramuu, yeroon haara galfannaa fi hangi kaffaltii duraa akkaataa tajaajilichaaf labsii fi dambiin murtaa'een ta'a.
 - c) Qabiyyeen sirna liizii keessa akka galu hayyamameef, misoomni yookiin manni lafa kana irra jiru akka jirutti itti fufuuf istaandaardii pilaanii magaalichaan fudhatama kan qabaatu yoo ta'e, yeroon ijaarsa jalqabuu fi



xumuruu labsii fi dambii keessatti ibsame qabiyyee kana irratti raawwattiinsa hin qabaatanu.

- d) Laficha akkaataa tajaajilaa fi pilaanii magaalichaatiin bifa haaraan misoomsuuf kan hayyamame yoo ta'e, tumaaleen lafa liiziin hayyamu ilaalchisee labsii, dambii fi qajeelfama kana keessatti ibsaman qabiyyee kana irrattis ni raawwatamu.
- 3) Qabiyyeewwan durii gara qaama sadaffaatti darban bu'uura Labsicha keewwata 6 keewwata xiqqaa (3) tiin fi dambicha keewwata 10 keewwata xiqqaa (1) fi (2)tiin qabiyyeen durii dhaalaan ala haala kamiiniyyuu qaama sadaffaatti yeroo darbu yookiin qabiyyeen durii fi qabiyyeen sirna liiziin qabame yeroo walitti makamu sirna liizii keessa kan galu gatii liizii ka'umsaa magaalichaatiin ta'ee;
- a) Tajaajilli qabiyyichaa itti fayyadama lafaa pilaanii magaalichaan kan murtaa'u ta'ee, barri waliigaltees bara liizii Labsii, Dambii fi qajeelfama kana keessatti tajaajilichaaf murtaa'een ta'a.
 - b) Qabiyyichi tajaajila kennaa kan ture dhaabbataaf yookiin mana jireenyaaf yookiin tajaajila makaaf yoo ta'e, waliigalteen kan raawwatamu akkaataa itti fayyadama lafaa pilaanii magaalichaatiin ta'a.
 - c) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (a) fi (b) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, qabiyyicha lafa kanaan dura invastimantiif sirna kiraatiin hayyamame yoo ta'e, tajaajilli lafti kun kennaa tureefi hayyamameef tajaajila pilaanii magaalichaa yeroo ammaa jiruun wal hin simne yoo ta'e, jijjiirraan gosa pirojeektii jalqaba raawwatamuu waan qabuuf, tajaajila kana argachuuf ammoo mirgi abbaa qabiyyummaa fi qabeenyummaa dursa naannaawuu waan qabuuf, tajaajiluma duraan tureen gara sirna liiziitti kan galuufi tumaaleen tajaajilichaaf labsii, dambii fi qajeelfama kanaan murtaa'aniin keessummaawa.
 - d) Bal'inni lafaa qabiyyee durii gara qaama sadaffaatti darbu liiziitti kan galu hanga bal'ina lafaa sanada irra jiru ta'a. Bal'inni lafaa safaramee argame sanada irra kan jiru kan caalu yoo ta'e, Dambii fi qajeelfama kana irratti



hundaa'ee kan murtaa'u ta'a. Ta'us, bal'inni lafa safaramee argamee sanada irra kan jiruu gadi yoo ta'e, hanga bal'ina lafaa safaramee argamee qofti kan mirkanaa'uuf ta'a.

- e) Keewwata keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (d) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, bal'inni lafa safaramee argame sanada irra kan jiru kan caaluu fi of-danda'ee kan misoomu yoo ta'e, gatii caalbaasii wayitaawaatiin qabiyyicha addatti hayyamuun ni danda'ama; Bal'inni lafaa caalee argame Kan of-danda'ee hin misoomne yoo ta'e, gatii walfakkaatuun bakka tokkotti kan keessummeeffamu ta'a.
- f) Tajaajjilli qabiyyichi duraan kennaa ture mana jireenyaatiif yoo ta'ee fi bal'inni lafichaa m² 500 kan caalu ta'ee yoo argame, gatiin liizii akkaataa tajaajilichaan Dambii fi qajeelfama kana keessatti jijjiirraa pirojektootaaf tumameen ta'a.
- g) Bal'inni xiqqaachuun yookiin haala teessumma iddichaatiin yookiin tajaajilli pilaanii Qabiyyee lafa magaalaa dhaalaan ala darbee misoomaaf kan ooluu hin dandeenye yoo ta'e, tajaajila duraan oolaa tureen gara sirna liiziitti kan galu ta'ee, mirgi laficha misoomsuu hin kennamuuf; Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa fi waliigaltee liizii irrattis kunumti barreeffamee kan keessummaawu ta'a;
- h) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (g) jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, pilaaniin magaalichaa sagantaa bulchiinsa magaalichaatiin yeroo hojiirra oolu qabeenya laficharra jiruuf beenyaa fi lafa bakka bu'iinsaa seera dhimma kanaaf jiruun kan kabajamuuf ta'a.
- i) Kaffaltii waggaa ilaalchisee kaffaltiin kiraan duraan waggaatti kaffalamaa ture hafee kaffaltiin liizii waggaa waggaan kaffalamu haala Dambii fi qajeelfama kana keessatti ibsameen kan raawwatamu ta'a.
- j) Qabiyyeen durii dhaalaan ala gara qaama sadaffaatti yammuu darbu liiziin buluun akkuma jirutti ta'ee, qaamni sadaffaa kaffaltii duraa akka kaffalu hin dirqisiifamu.



- k) Abbaan mirgaa gaaffii haaragalfannaa barreeffamaan yoo dhiyeesse, qaamni waliigaltee liizii waliin mallateesse yeroo haaragalfannaa waggaa lama hin caalle kennuufii ni danda'a.
- l) Barri waliigaltee lakkaa'amuu kan eegalu guyyaa waliigalteen liizii itti mallattaa'e irraa eegalee ta'a.
- m) Ga'een lafa waliinii irratti itti fayyadamni dhuunfaa hanga hin mirkanoofnetti qabbiyyichi dhaalaan ala gara qaama sadaffaatti yoo darbu lafa manni irra qubate qofti akkaataa istaandardii magaalatiin sirna liiziitiin kan keessumeeffamu ta'a.
- 4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsameen qabiyyeen durii fi kan liiziin bulu akka walitti makaman kan hayyamamuu danda'u, istaandardii qoqqoodiinsa pilaanii magaalichaa kan eeguu qabu ta'ee,
- a) Tajaajilli qabiyyee durii gara sirna liiziitti galu itti fayyadama lafaa pilaanii magaalichaatiin kan walsimu ta'uu qaba.
- b) Qabiyyeen durii gatii liizii ka'umsaatiin gara sirna liiziitti kan galu ta'ee, gatii qabiyyee duraan liiziin argame wajjin walitti ida'uudhaan firiin giddugaleessaan argamu gatii liizii ta'ee sirraa'ee qabiyyichi tokko ta'a.
- c) Barri liizii lafa duraan liiziin argamee fi yeroo itti fayyadame yaada keessa galchuun, qabiyyee haaraa gara liiziitti galuuf bara liizii hayyamamu lamaan walitti ida'uun giddugaleessa baasuun kan murtaa'u ta'a.
- d) Barri waliigaltee liizii duraanii xumuramuuf waggaan 10 fi isaa gadi kan hafu yoo ta'e gaaffiin walitti makuu fudhatama hin qabaatu.
- e) Kaffaltiin liizii waggaa waggaan kaffalamu haala Dambii fi qajeelfama kana keessatti ibsameen raawwatama.
- 5) Akkaataa labsicha keewwata 6 keewwata xiqqaa (4) fi dambicha keewwata 9 jalatti tumameen Qabiyyeewwan seeraan alaa Dambiin Lakk. 155/2005 gaafa guyyaa 24/05/2005 ragga'uun dura qabamanii tajaajilaaf oolaa jiran pilaanii magaalichaan fudhatama kan argatan yoo ta'e, akkaataa istaandardii tajaajilichaaf magaalichaaf murtaa'uun ulaagaa qajeelfamaan bahu irratti hundaa'ee yeroo tokkoof seera qabeessa ta'uun sirna liizii keessa ni galu. Tarreeffamni isaa qajeelfama kanaaf bahuun kan murtaa'u ta'a.



KUTAA SADI

Lafa Magaalaa Caalbaasiin Hayyamuu

II. Gosoota Caalbaasii Lafa Magaalaa

- 1) Caalbaasiin lafa magaalaa gosa pirojektii raawwatamuuf barbaadamuu irratti hundaa'ee caalbaasii idilee yookiin caalbaasii addaa ta'uu ni danda'a.
- 2) Bu'uura labsichaa keewwata 11 keewwata xiqqaa (7) fi (8)tiin caalbaasii addaan lafti magaalaa kan darbuu danda'u lafti tajaajila kanaaf ooluu danda'u bulchiinsa magaalotaan dursee erga qophaa'ee booda,
 - a) Gosoota pirojektii nama dhuunfaan raawwatamanu ta'an,
 - i. Dhaabbilee barnoota olaano,
 - ii. Hospitaalota,
 - iii. Dhaabbilee qo'annoo fi qorannoo fayyaa,
 - iv. Hoteelota abbaa urjii 4 fi isaa olii
 - v. Misooma riil isteetii gurguddoodha.
 - b) Caalbaasiin addaa akkaataa keewwata xiqqaa kanaan bahu irratti yeroo jalqabaattis yeroo marsaa duraanis ta'u dorgomaan tokko qofti argamus lafti caalbaasiif dhiyaate namni dorgommicha irratti hirmaate humni pirojeekticha raawwachuuf qabu Ejensichaa fi koree caalbaasiin madaalamee yoo mirkanaa'e, darbuu ni danda'a.
 - c) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (b) irratti ibsame akkuma eegametti ta'ee, bu'uura labsicha keewwata 11 keewwata xiqqaa (8) fi dambicha keewwata 21 keewwata xiqqaa (6) jalatti tumameen namni caalbaasicha irratti hirmaate pirojeekticha raawwachuu danda'uu isaa,
 - i. Piropozaala pirojeektichaa,
 - ii. Dizaayinii sadarkaa duraa ijaarsa gaggeeffamuuf karoorfamee fi baay'ina gamoowwan yookiin mananneen ijaaramanii,
 - iii. Agarsiiftuu humnaa kan mirkaneessu %30 isteetmantii baankii ji'a jahaa/6/ fi isaa olii,



- iv. Xalayaa deeggersaa pirojeektichaaf liqii baankii argachuu danda'uu isaaf baankii biyya keessaa irraa dhiyeeffachuu kan danda'u; yookiin madda maallaqaa pirojeektichaaf barbaachisu guutummaatti uwwisuuf danda'uu isaa ragaa baankii irraa dhiyeeffachuu kan danda'u,
 - v. Xalayaa deeggersaa seektera pirojeektichi kallattiin ilaallatu naannichaa irraa barreeffamaan kenname sanadoota caalbaasii waliin walqabsiisee kan dhiheeffachuu danda'u ta'uu qaba. Tarreeffamni madaallii fi kenniinsa qabxii maanuwaaliin kan ibsamu ta'a.
- 3) Caalbaasii lafa magaalaa sagantaa idileen bahu ilaallichisee,
 - a) sagantaa idilee magaalichi baafatuun kan bahuu fi lafa tokkoof marsaa duraa fi lammaffaatiin yoo xiqqaatee dorgomtoonni sadii yoo dhiyaatan malee kan haqamu ta'a.
 - b) Caalbaasii marsaa sadaffaaf bahe irratti dorgomtoonni dhiyaatan lamaa fi sanaa ol yoo ta'an caalbaasichi kan gaggeeffamu ta'a.
 - c) Ulaagaan dorgommiin itti geggeeffamu hanga gatii liizii fi yeroo kafaltii itti xumuru qofaan ta'a.
 - 4) Gosootni caalbaasii keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman lamaan walfaana yookiin kopha kophaatti bahuu ni danda'u.

12. Qophii Lafa Magaalaa Caalbaasii Liiziif Dhiyaatuu;

Lafti magaalaa caalbaasiidhaaf qophaa'u akkaataa dambichaa keewwata 12 jalatti tumameen ta'ee;

- 1) Lafa tarreeffama pilaanii misooma naannoo yookiin qe'ee qophaa'e keessatti argamu, magaalichi pilaanii misooma qe'ee kan hin qabne yoo ta'e, lafti qophaa'e itti fayyadama lafaa pilaanii magaalichaan kan walsime yoo ta'e,
- 2) Bu'uuraaleen misoomaa gurguddoon, (jechuunis yoo xiqqaate karaan) kan guutamaniif,
- 3) Lafa falmii, gaaffii abbummaa fi kaffaltii beenyaa irraa guutumaan bilisa ta'e,



- 4) Lafa pilaaniin qoqqoodinsaa qophaa'ee fi koodiin addaa lakkoofsaan lafa qeenxee hundaaf keennameef;
- 5) Dhagaan daangeessa iddichaa (Corner stone) tokko tokkoo lafa qeenxeef dhaabbateef;
- 6) Lafa saayit pilaaniin qophaa'eef ta'uu qaba.

13. Odeefannoo Lafa Caalbaasiif Dhiyaatuu Ummataaf Ifa Gochuu

Labsicha Keewwata 8 fi qajeelfama kana keewwata 12 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, lafti caalbaasiif dhiyaatu haal-dureewwan armaan gadii guutuu qaba;

- 1) Ejensiin Magaalaa dameewwan misoomaa xiyyeeffannoon itti kennamu adda baasuudhaan dandeettii raawwachiisummaa misoomaa fi dhiyeessa lafaa isaanii bu'uura godhachuun, waggaa waggaan hanga lafa caalbaasiif dhihaatuu karoora waggaa qopheesuun;
 - a) Mana jireenyaaf,
 - b) Daldalaaf,
 - c) Tajaajila hawaasummaa kan akka Barumsa, Fayyaa, Aadaa, Ispoortii fi kan kana fakkaatan,
 - d) Industirii Manufaakcharingii,
 - e) Qonna magaalaa fi kan biroo jechuudhaan kurmaana ^{ffaa} bara karoora sanatti karoora dhiyeessii lafaa ummataaf ifa taasisuu qabu.
- 2) Ejensiin Magaalaa akkaataa karoora isaa ummataaf ifa taasisseen raawwachuu qaba.
- 3) Ejensii Magaalaa qophii lafa caalbaasii gara fuula duraa fi ragaa raawwii calbaasiwwaan darbanii ummataaf ifa taasisuu qabu
- 4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (3) jelatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, ragaaleen karoora dhiyeessa lafaa fi beeksisa caalbaasii lafa magaalaa marsaa marsaan dhiyaatu keessatti Ejensiin Magaalaan uummataaf ibsamuu qabanu biroon;
 - a) gatii ka'umsa caalbaasii,



- b) gatii caalbaasii durii naannawa iddoo sanaa,
- c) karoora misoomaa naannawa sanaa fi odeeffannoowwan walitti hidhamiinsa qaban haala ummanni ifaa fi salphaatti argachuu danda'utti hojii irra oolchuu qabu.

14. Beeksisa Caalbaasii

- 1) Beeksifni caalbaasii odeeffannoo lafa caalbaasiif dhiyaatuu guutuu kennuu akkaataa danda'uun qophaa'uu qaba.
- 2) Ejensiin waamicha beeksisa caalbaasii idilee Afaan Oromootiin yookiin Amaarinyaatiin, akkasumas, caalbaasii addaa yoo ta'e immoo Ingiliffaas dabalatee qophaa'uu ni danda'a.
- 3) Beeksiifni caalbaasii yeroo caalbaasiin itti gaggeeffamu guyyoota hojii 15 dura sab-qunnamtii mijaa'aa ta'een, gaazeexaa afaan naannootiin qophaa'uu, yookiin bulchiinsa magaalaatiin, raadiyoo naannootiin, televizjiinii Oromiyaatiin ni beeksifama.
- 4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, magaalaa humna baasii isaa madaaluudhaan weeb-saayitii naannootiin yookiin bulchiinsa magaalichaatiin dabarsuu ni danda'a.

15. Qophii fi Beeksisa Caalbaasii Baasuu

- 1) Beeksifni caalbaasii bifa tarree odeeffannoo lafa caalbaasiif dhiyaatu kennuu danda'uun qophaa'uu qaba.
- 2) Beeksifni caalbaasii idilee Afaan Oromootiin yookiin Afaan Oromoo fi afaan hojii biyyattiitiin, akkasumas caalbaasii addaa yoo ta'e Afaan Ingiliziis dabalatee qophaa'uu danda'a.
- 3) Beeksifni caalbaasii yeroo caalbaasiin itti gaggeefamu guyyoota hojii 15 dura sab-qunnamtii mijaa'aa ta'een darbuu qaba.
- 4) Labsicha keewwata 9 irratti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, lafa magaalaa caalbaasiin hayyamuuf beeksifni caalbaasii sabqunnamtii mijaa'aa ta'ee fi gabatee beeksisaa Bulchiinsa Magaalaa fi Ejensii irratti ummataaf ibsamuu qaba.



16. Qabiyyee Beeksisa Caalbaasii

Beeksiifni caalbaasii bu'uuraan qabxilee kanatti aanaan kan haammatu ta'uu qaba.

- 1) Maqaa guutuu fi teessoo qaama waamicha taasisee;
- 2) Bakka yookiin teessoo yookiin iddoo, haalaa fi yeroo sanadni caalbaasii itti argamu fi gatii itti gurguramuu;
- 3) sirna adeemsi dorgommii ittiin madaalamuu;
- 4) Nama dorgommii irratti hirmaachuu danda'u yookiin mirga qabu;
- 5) Dorgomaan lafa caalbasichaaf qophaa'e qaamaan iddicha ilaaluuf barbaadan sagantaa itti raawwachuuf qabame (Guyyaa fi sa'aa),
- 6) Dorgomtoonni caalbasichaa wabii kabachiisa caalbaasiif qabsiisan ajaja sanada kaffaltii baankii yookiin CPO haala ittiin dhiyeessanii fi hanga isaa;
- 7) Dorgomtoonni yeroo sanada caalbaasii itti dhiyeessuu qaban,
- 8) Tarreeffamaa fi gosa ragaalee dorgomtoota caalbsichaan dhiyaachuu qabanuu fi haalaa, yeroo fi iddoo itti dhiyeessuu qabanu;
- 9) Bakka, yeroo baniinsaa fi cufiinsa caalbaasii;
- 10) Mo'ataan caalbaasii erga adda bahee booda qarshiin wabii kabachiisa caalbaasiif qabamee mo'atamtootaaf haalaa fi yeroo itti deebi'u;
- 11) Ejensiin magaalichaa caalbasicha guutummaan yookiin gartokkeen haquuf mirgi isaa kan eegame ta'uu isaa;
- 12) Dhimmoota barbaachisoo qulqullinaa fi sirna itti gaafatamummaa adeemsa caalbasichaa keessatti uumuuf gargaaranu biroos dabalachuu ni danda'a.

17. Qabiyyee fi Dhiyeessa Sanada Caalbaasii

- 1) Qabiyyeen sanada caalbaasii lafa magaalaaf qophaawuu kanneen kanatti aananu qabaachuun qophaawuu qaba;
 - a) Tarreeffama ragaa lafa caalbasichaaf dhiyaatee, (Tajaajila, bal'ina, sadarkaa iddichaa, lakkoofsa addaa, bakka itti argamu(ganda, bilookii, safara), marsaa meeqaffaaf akka dhiyaate,..)



- b) Gatii ka'umsa lafa caalbaasiif dhiyaatee kaaree meetira tokkoof, gosa tajaajilaan,
- c) Hanga kabachiisa caalbaasichaaf barbaachisuu lafa caalbaasiif dhiyaate tokko tokkoof(lafa qeenxeef)
- d) Daangaa yeroo kafaltiin itti xumuramuu(Magaalaa liiziin bulanu), magaalota kiraan bulanu waggaa waggaan gatiin itti dorgomanii mo'atanii kan kaffalamu ta'uu,
- e) Ulaagaa dorgommiin itti madaalamee mo'ataan adda itti bahu;
 - i. Magaalota Liiziin bulanu keessatti Caalbaasii idileef, Hangi gatii lafaa %80 fi yeroon kafaltii %20,
 - ii. Caalbaasii addaaf Kan tarreeffama qubee (b) jalatti ibsameen dabalataan qajeelfama kana keewwata 11 keewwata xiqqaa 2(c) irratti kan tumame ta'uu isaa,
 - iii. Magaalota kiraan bulanu yoo ta'an gatiin kiraa waggaa lafa kaaree meetira tokkoof dhiyeessanuun %100 ta'uun,
- f) Sanada dorgomtoonni dhiyeessan fuula hunda irratti maqaa guutuu, mallattoo, teessoo jireenya isaanii fi lakkoofsa bilbilaa ittin argamuu danda'aan barreeffamuu akka qabu;
- g) Caalbaasichi erga banamee booda yaada dorgomtoonni dhiyeessan irratti jijjirama yookiin foyya'insa gochuu akkasumas, caalbaasicha keessaa of baasuu kan hin danda'amne ta'uu;
- h) Dorgomtoonni dogoggorsiisuu fi yakkoota malaammaltummaa kan biroo hojjachuu akka hin qabnee fi seeroota akka biyyaatti tumaman akka kabajuu qabanii fi seera cabsanii yoo argaman kan gaafataman ta'uu isaanii;
- i) Gatiin caalbaasii dorgomtoonni caalbaasiif dhiyeessan lakkoofsaa fi jechaan barreeffamuu akka qabu, ta'us garaagarummaan barreeffamoota lakkoofsaa fi jecha gidduu yoo jiraatee jechaan kan barreeffame kan fudhatamu ta'uu;



- j) Dorgomtoonni dhiyeessa gatii caalbaasii guutanii erga sanduuqa caalbaasiitti galchanii booda, sanada haquudhaan sanada caalbaasii biraa bakka buusuun galchuu kan hin danda'amne ta'uu;
 - k) Lafti caalbaasiif dhiyaatu tajaajila lafa mana jireenyaaf ala yoo ta'e, ragaa humna misoomsuu mo'attoota caalbaasichaa mirkaneessu baankii irraa dhiyeessuu akka qaban;
 - l) Bu'uura dambichaan Ulaagaa dorgomaan caalbaasii lafa magaalaa guuttachuu qabu mirkaneessuuf barbaachisanu haala qabatamaa magaalichaan kan murtaa'u(Fkn, Lafa mana jireenyaa kan hin qabne ta'uu, jiraataa magaalichaa yookiin naannichaa ta'uu fi kkf) dhiyeeffachuu akka qabu;
 - m) Dorgomaan caalbaasichaa tokko lafa tokko irratti sanada caalbaasii tokkoo ol bituu kan hin dandeenye taa'uu,
 - n) Qabiyyee caalbaasichaa irratti fooyya'insi kamiyyuu yoo taasifame dabalataan ragaa caalbaasii ta'ee, dorgomtoota sanada caalbaasii bitatan hundaaf gabatee beeksisaa irratti maxxansuun, bilbilaan, faaksiinii fi tooftaalee qunnamtii birootti fayyadamuun ibasameefii akka argatan ni taasifama.
 - o) Gatiin sanada caalbaasii, baasii caalbaasicha raawwachiisuuf baasii bahe kan bakka buusuu danda'u ta'uu qaba.
- 2) Haala Sanadinni caalbaasii lafa magaalaa qophaa'e dorgomtootaaf itti dhiyaatu;
- a)Dorgomaan kamiyyuu akkaataa gabatee yeroo baheen sanada caalbaasii bittaaadhaan qofa kan argatu ta'a.
 - b) Baay'ina bittaa sanada caalbaasii irra daangaan kaa'amu hin jiru. Ta'us, dorgomaan tokko bakka tokkoof sanada caalbaasii tokkoo ol bitachuu hin danda'u.
 - c) Guyyaa fi sa'aatiin gurgurtaa sanada caalbaasii itti xumuramu, saanduqni caalbaasii itti saamsamuu fi guyyaa caalbaasichi itti banamu beeksisa caalbaasii irratti ibsamuu qaba.



- d) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (c) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, yeroon dhiyeessa sanada caalbaasii sababoota kanatti aanan keessaa tokkoon Ejensiin yoo itti amaname dheeressuu ni danda'a;
- Haalli humnaa ol ta'e Ejensicha yoo quunname;
 - Baay'inni lafa caalbaasii idileetiif dhiyaatee sadiin baay'ifamee, bu'aan argamu sanada gurgurame waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu, sanadni gurgurame dhibbeentaa shantamaa gadi yoo ta'e,
- e) Akkataa keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (d)'tiin yeroon caalbaasii kan dheeratu yoo ta'e, murteen fooyya'iinsa turtii yeroo dhiyeessii fi gurgurtaa sanada caalbaasii hanga guyyaa 7 fi guyyaa hojii sa'aatii caalbaasii itti banamu murteessuun uummataaf ifa akka ta'uuf Ejensiin magaalichaa gabatee beeksiisaa irrattis akka maxxansu ni ta'a.
- f) Sanduuqni caalbaasii garee raawwachiiftuu caalbaasii fi taajjabaa Bulchiinsi Magaalaa ramadu tokko bakka jirutti kan saamsamu ta'a.
- 3) Bu'uura dambichaa keewwata 16 keewwata xiqqaa (6) fi (7)tiin, Qajeelfamaafi Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame jiraatus, bifa addaatiin yoo hin murtaa'in malee, caalbaasii lafa magaalaa irratti namni hirmaachuuf mirga qabaatu,
- a) Lafa Caalbaasii tajaajila mana jireenyaa dhuunfaaf dhiyaatu yoo ta'e;
- Jiraataa magaalichaa kan ta'ee fi magaalicha keessa yoo xiqqaate waggaa lamaaf kan jiraatee fi jiraataa kan jiru ta'uu isaa mana murtii hawwaasummaa gandaan ragaa mirkanaa'ee fi waraqaa eenyummaa jiraataa magaalichaa ta'uu ibsuufi haaromfame kan dhiheeffachuu danda'u;
 - Mana yookiin lafa mana jireenyaa biroo magaalicha keessaa maqaa isaatiin yookiin maqaa haadha manaa/abbaa manaatiin kan hin qabne ta'uun Ejensii magaalichaan waraqaa mirkanaa'ee kenname kan qabu;
 - Qonnaan/horsiisee bulaa naannicha keessatti hojii qonnaan/horsiisaan bulu yoo ta'e mana murtii hawwaasummaa gandaan ragaa mirkanaa'ee, jiraataa naannichaa ta'uu waraqaa



- deeggersaa bulchiinsa aanaa fi gandaan kennamee fi waraqaa eenyummeessaa haaromfame kan dhiheeffachuu danda'u,
- iv. Dhalataa naannichaa ta'anii sababa hojiitiin bakka adda addaa jiraatanii fi kanaaf ragaa qaama ilaallaturraa dhiyeeffachuu kan danda'an,
- v. Hojjettootni dhaabbilee misoomaa yookiin manneen hojii mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti hojjechaa jiran xalayaa deeggarsaa dhaabbata yookiin mana hojii isaanii irraa yoo dhiheeffatan Ejensiin magaalicha keessaa lafa mana jireenyaa kan hin qabne ta'uu mirkaneessuun caalbaasicha irratti ni hirmaachisa.
- b) Lafa Caalbaasii tajaajila gosa misooma biroof(tajaajila mana jireenyaan ala) dhiyaatu yoo ta'e, jiraataan naannichaa misooma magaalotaa keessatti hirmaachuu akka danda'anuuf:
- i. Lafa misooma addaa addaaf caalbaasiif qophaa'e keessaa %60'n addatti jiraataan naannichaa qofti akka dorgoman ni ta'a.
- ii. Kan tartiiba qubee (b) tartiiba lakkoofsaa (i) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, jiraataa naannichaa ta'uu adda baasuuf ragaaleen keewwata xiqqaa kana, tartiiba qubee (a) jalatti tartiiba lakkoofsaa (i), (iii), (iv) fi (v) irratti ibsaman kana irrattis raawatiinsa ni qabaatu;
- iii. Kan keewwata keewwata xiqqaa fi tartiiba qubee kana tartiiba lakkoofsaa (i) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, jiraataan naannichaa lafa caalbaasiif qophaa'e %40 hafe irrattis dorgomuu ni danda'a.
- 4) Dorgomaan ulaagaalee caalbaasii guutu tokko lafa caalbaasiif qophaa'e adda addaa irratti sanada caalbaasii bitachuu danda'us, lafa caalbaasiif qophaa'e tokkoo ol irratti mo'ataa ta'uun hin danda'amu.
- 5) Dorgomaan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (4)'tiin dorgomee lafa tokkoo ol kan mo'atu yoo ta'e, lafa tokko akka filatu taasisuun kanneen hafan ni haqamu. Qarshiin wabii kabachiisa caalbaasiif qabsiises hin deebi'uuf.



- 6) Unkaa Yaadni Caalbaasii fi Gabateen Gatii Agarsiisu Itti Dhiyaatu
 - a) Unki yaadni fi gatiin caalbaasii ittiin dhiyaatu dorgomtoota caalbaasiitif sanadoota caalbaasii wajjin gurguramuu qaba.
 - b) Unki yaadaa fi gatiin caalbaasii, akkasumas wabiin kabachiisa caalbaasii guutamee saanduqa caalbaasii keessa galuu qaba.
 - c) Lafa caalbaasiif dhiyaate, dorgomtoonni gatii ittiin dorgomanii fi dirqamoota biroo seenuu qaban guutanii kan dhiyeessan uunka caalbaasii ittiin dhiyeessuuf qophaa'een qofa ta'a.

18. Adeemsa Raawwii Caalbaasii Lafa Magaalaa

- 1) Caalbaasiin kan banamu bakka Ejensiin magaalichaa beeksisaan ibsetti ta'a;
- 2) Caalbaasiin kan banamu dorgomaan yookiin bakka bu'aan seeraa, akkasumas namni caalbaasicha hordofuuf barbaadee kamiyyuu bakka argametti ta'a.
- 3) Keeaawata kana keewwata xiqqaa (2) irratti kana tumame jiraatus; dorgomaan yookin bakka bu'aan isaa sababa dhuunfaa isaaniitiin argamuu dhabuun adeemsa caalbaasichaa hin gufachiisu;
- 4) Ejensiin ogeessota barbaachisoodha jedhee itti amane sirna caalbaasichaa irratti taajjabdummaan akka argaman waamuun hirmaachisuu ni danda'a;
- 5) Bakka bu'aan dorgomaa ragaa bakka bu'ummaa seera qabeessa ta'ee fi waraqaa eenyummaa dhiyeessuu qaba;
- 6) Koreen raawwachiiftuu caalbaasii, caalbaasiin lafaa banamuun dura adeemsa caalbaasii fi sirna dorgomtootni hordofuu qaban ibsuu qaba;
- 7) Bakka dorgomaan argametti saanduqni saamsame kan hin quncaane yookiin tuttuqaa banamuu isaa shakkisiisu kan hin qabne ta'uu isaa ifaan mirkanaa'ee sanduqni caalbaasii kan banamu ta'a;
- 8) Barreessaan koree raawwachiiftuu caalbaasii, qaboo yaa'ii adeemsa baniinsa caalbaasii ni qaba, qaboon yaa'ii kunis maqaa guutuu dorgomtootaa, gatii caalbaasii dhiyeessanii, hanga kaffaltii duraa dhiheessanii (magaala sirna liiziin bulu yoo ta'e) fi dhimmoota barbaachisoo ta'an biroo kan qabaatu ta'a. Qaboo



yaa'ichaa fi sanada caalbaasii dorgomtootaan dhiyaate irratti miseensotni koree kan mallatteessan ta'a.

- 9) Adeemsi raawwii caalbaasichaa mosaajiin kan deeggarama yoo ta'e, koreen raawwachiiftuu caalbaasii sanada gatii dorgomtootni guutan koompiitaraan galmeessee lafa dorgomtootni irratti dorgomaniif bu'aa dhibba keessaa argatan bakka dorgomtoonni argamanitti pirojektaraan battalumatti ni ibsa.

19. Wabii Kabachiisa Caalbaasii

- 1) Wabiin kabachiisa caal baasii CPO baankii akkaawuntii "unconditional" ta'een yoo ta'u, bakka Baankiin hin jirretti immoo, nagahee waajjira maallaqaa fi misooma dinagdeettii qabsiifame ta'ee raawwiin isaa seera faayinaansii hordofee ta'a.
- 2) Dargomaan Caal-baasii irratti hirmaachuu barbaade kamiyyuu wabii kabachiisa caal-baasii qabsiisuu qaba.
- 3) Hangi wabii kabachiisa caal-baasichaa, gatiin ka'umsa liizii bal'ina lafaatiin baay'atee firii argamu keessaa %5 gadi ta'uu hin qabu.
- 4) Dargomaan caalbaasicha moo'ate wabiin kabachiisa caal-baasiif qabsiise gatii liizii keessatti kan herregamuuf ta'a.
- 5) Moo'ataan caalbaasichaa guyyaa qajeelfama kana keessatti murtaa'e keessatti dhiyaatee kafaltii duraa raawwatee waliigaltee yoo hin mallateessine moo'achuun isaa ni haqama; wabiin caal-baasii kabajsiisuuf qabsiises bulchiinsa magaalaaf galii ni taasifama.
- 6) Sababa dorgomtoonni gahaan hin dhiyyanneef caalbaasiin yoo haqame wabii caalbaasii kabachiisuuf dorgomtootni qabsiisan akka deebi'u ni taasifama.
- 7) Bu'aan mo'attoota caalbaasii erga ibsamee booda dorgomtoota mo'atamaniif wabiin caalbaasii kabachiisuuf qabsiisan guyyaa hojii itti aanu irraa eegalee akka deebi'uuf ni taasifama.
- 8) Dorgommii caalbaasichaatiin sadarkaa 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} dorgomtootni bahan, moo'ataan 1^{ffaa} bahe yoo dhihaachuu baate, gatii mo'ataa 1^{ffaa} n ittiin mo'ateen laficha fudhachuuf dursee iyyannoo koree caalbaasii raawwachiisuuf yoo



dhiyeeffatan wabii kabachiisa caalbasiif qabsisan osoo hin deebi'in galmaa'ee turuu ni danda'a.

20. Sanada Caalbaasii Lafa Magaalaa Xiinxaluu

- 1) Koreen raawwachiisa caalbaasii lafa magaalaa, caalbaasichi guutuudha jedhee fudhachuu kan danda'u, dhimmoota barbaachisoo sanada caalbaasii irratti tarreeffaman guutamanii yoo argaman qofadha.
- 2) Sanadni caal-baasii dhihaate dhimmoota xixiqqaa sanada irratti tarreefamuu qabanii fi dogongorri jechaa hanga tokkoo garaagarummaa qabaatus; qabiyyee sanadicha bu'uura irraa kan hin jijjirre ta'uu isaa koreen caal-baasii raawwachiisu yoo itti amane guutuu akka ta'etti fudhachuu ni danda'a.
- 3) Caalbaasii xiinxaluu fi waldorgomsiiisuuf kan gargaaru ta'ee yoo argame, koreen raawwachiisa caalbaasii, sanada caalbaasii dhiyeessan irratti dorgomtoonni ibsa akka itti kennan gaafachuu ni danda'a. Ta'us jijjiirama gatii yookiin dorgomaa unka hin guunne akka guutu gochuu dabalatee dhimmoota bu'uuraa irratti jijjiirama hordofsiisan irratti ibsa gaafachuun, yaada dhiyeessuun, yookiin fudhachuun hin danda'amu.

21. Dorgomaa Caalbaasiin Ala Gochuu fi Itti Gaafatamummaa

Dorgomaan tokko qabxiwwaan armaan gaditti tarreeffaman keessaa tokko guutuu yoo baate caalbaasiidhaan ala ta'a.

- 1) Ulaagaalee fi haaldureewwaan sanada caalbaasii irratti ibsaman osoo hin guutiin yoo hafe;
- 2) Dorgomaa waggaa tokko keessatti yeroo lama caalbaasii moo'atee waliigaltee osoo hin mallatteessin hafe ta'uun yoo irra gahame;
- 3) Caalbaasiwwan kanaan dura bahaniin dirqama gale osoo hin kabajin hafuu isaatiin addabbii yeroo waggaa lamaa osoo hin xumurin dorgommiif dhiyaate, yookiin ijaarsa hin xumurin hafuu isaatiif lafti kan irraa fudhatame yoo ta'e;
- 4) Hanga maallaqa kabachiisa caalbaasiif gaafatame gadi yoo qabsiise;
- 5) Ajaja kaffaltii seera qabeessummaa hinqabne kan dhiyeesse;



- 6) Sanada dandeetti kafaltii baankii agarsiisu kan seera qabeessummaa hinqabne kan dhiyeesse;
- 7) Ragaa bakka bu'ummaa seera qabeessummaa hinqabne kan dhiyeesse;
- 8) Paarselii caalbaasiif dhiyaate tokko irratti sanada caalbaasii tokkoo ol kan dhiyeesse;
- 9) Sanada kabachiisa caalbaasii tokko, lafa caalbaasii tokkoo oliif yoo dhiyeesse,
- 10) Sanada caalbaasii irratti gochaa seera qabeessummaa hinqabne kamiyyuu yoo raawwatee, fi
- 11) Ilaalcha addaa argachuuf yookiin caalbasicha moo'achuuf abbaa taayitaa, yookiin hojjataa kamiifiyyuu kenna hin malle kennuu, yookiin kenna hin malle kennuuf yaada dhiyeessuun isaa ragaa amansiisaan yoo mirkanaa'e ta'a.
- 12) Dorgomaan gochaawwan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (4)'tti tarreeffaman raawwate caalbaasii irraa ni haqama, ragaaleen ittiin dorgome Ejensii harka akka taa'uu ni ta'a, gochichi yeroo lamaa ol kan deddeebi'e yoo ta'e, Ejensiin adeemsa caalbaasii irraa waggaa lamaaf dhorkuu ni danda'a.
- 13) Keewwata kana keewwata xiqqaa (5) hanga (11) jalatti tarreeffaman namni raawwatee argame caalbasicha irraa haqamee, qaamni gocha kana raawwate bu'uura labsiichaa keewwata (35)'tiin kan gaafatamu ta'a.

22. Moo'attoota Caalbaasii Adda Baasuu

- 1) Mo'ataan caal-baasii, ulaagaalee armaan gaditti tarreeffaman irratti hunda'uudhaan xinxalamee haala ifa ta'een adda baha;
 - a) Gatiin caalbaasii ol'aanaa dorgomaan lafichaaf dhiyeesse qabxii %80 keessaa;
 - b) Hanga kafaltii liizii duraa olanaaf qabxii %20 keessaa kan kennammuuf ta'a.
 - c) Dorgomaan iddoo itti dorgometti dhibba keessaa ida'ama qabxii ol'aanaa argate mo'ataa ni ta'a.
 - d) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (a) hanga (c) jalatti tumaman akkuma eegamantti ta'ee, caalbasichi caalbaasii addaa yookiin caalbasii



lafa tajaajila mana jireenyaatiin ala dhiyaate yoo ta'e, ulaagaaleen qajeelfama kana keessatti addatti dhimmoota kanaaf tumaman guutamuun isaa mirkanawuu qaba.

- 2) Bu'aa caal-baasiitiin gatii dorgomtoonni dhiheessanii fi dirqamoonni isaan galan kan wal-fakkaatu ta'ee, dhibba keessaa qabxii walqixa yoo argatanii fi dorgomtoota keessaa tokko dubartii yoo taate mo'attuu caalbaasiichaa ni taati; kanaan ala yoo ta'ee mo'attootaan caarraadhaan akka adda bahu ni taasifama.
- 3) Dorgomtoonni caal-baasii irratti hirmaatanii mo'achuun isaanii mirkana'e, tarreeffama ulaagaa mo'achuu isaan dandeessise, bakka lafichi itti argamuu fi maqaa guutuu mo'ataa gabatee beeksisaa irratti ummataaf ifa ni taasiifama.

23. Qaboo Yaa'ii Bu'aa Caalbaasii Qabuu

- 1) Koreen raawwachiisa caalbaasii qaboo yaa'ii raawwii caalbaasichaa agarsiisu qopheessuu fi miseensota hundaa mallatteessisuun yaada murtee waliin caalbaasiin raawwatee guyyoota hojii sadeen/3/ itti aanan keessatti koree mirkaneessituu caalbaasiitiif kan dhiyeessu ta'ee,
- 2) qaboon yaa'ii qophaa'u dhimmoota kanatti aanan kan qabu ta'a.
 - a) Ibsa waliigala caalbaasii, lakkoofsa addaa iddichaa, bal'ina lafaa waliigalaa fi tokkoon tokkoon isaa, marsaa caalbaasichaa, baay'ina lafa dhiyaatee, baay'ina dorgomaa sanada bitate, caalbaasichi hojimaata sirrii ta'ee eegee kan baname ta'uu isaa fi kkf;
 - b) Gatii fi hanga kafaltii liizii duraa raawwachuuf dorgomaan tokko tokkoon isaa lafa qeenxee/paarsilii tokko tokkoof dhiyeesse,
 - c) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (b) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, lafa tajaajila mana jireenyaan ala yookiin caalbaasii addaatiif dhiyaatee yoo ta'e, hanga humna raawwachuu isaa mirkaneessuuf dhiyaatee yookiin dandeettii misoomsuu fi ulaagaalee qajeelfama kana keessatti dhimma kanaaf tumaman guutuu isaa;
 - d) Adeemsa caalbaasii irratti dorgomaa yookiin qaama kamiyyuu irraa komiin dhiyaate yoo jiraate;



- e) Iyyannoon addaa dorgomaa irraa dhiyaate yoo jiraate;
- f) Moo'ataa caalbaasii fi sababa moo'ataa ta'e ittiin filatamee fi
- g) Sababa dorgomtootni biroo hin moo'anneef dabalataan kan haammatu ta'uu qaba.

24. Bu'aa Caalbaasii Mirkaneessuu fi Moo'attoota Beeksisuu

- 1) Walitti qabaan koree raawwachiiftuu caalbaasii qaboo yaa'ii bu'aa fi yaada murtee caalbaasii xumuramee guyyoota hojii sadii/3/ itti aanu keessatti koree mirkaneessituu caalbaasiitiif dhiyeessuu qaba.
- 2) Koreen mirkaneessituu caalbaasii magaalaa qaboo yaa'ii fi yaada murtee dhiyaatee qoratee guyyoota hojii shan /5/ keessatti mirkaneesse gabatee beeksisaa Ejensichaa /Magaalichaa yookiin weeb-Saayitii Magaalaa yookiin weeb-Saayitii Naannoo irratti ummataaf ifa ni taasisa.
- 3) Bu'uura murtee koree manaajimentii Ejansii magaalaatiin yookiin maanejimentii qaama caalbasicha qoopheesseetiin moo'ataaf teessoo isaatiin xalayaan akka qaqqabu ni taasifama;
- 4) Beeksiifni bu'aa caalbaasii qabiyyeewwan armaan gadii ni qabaata.
 - a) Maqaa guutuun moo'ataa caalbasichaa,
 - b) Teessoo fi kodii iddichaa,
 - c) Gatii liizii kennee yookiin itti moo'atee,
 - d) Hanga kaffalti liizii duraa dhiyeessee,
 - e) Hanga kaffaltii duraa raawwachuu qabuu fi
 - f) Daangaa yeroo itti dhiyaatee waliigaltee raawwachuu qabuu fi yoo yeroo kana dabarse bu'uura seera liiziin tarkaanfii hordofuu danda'u ta'a.

25. Komii Adeemsa Caalbaasii Irratti Dhiyaatu

- 1) Dorgomaan kamiyyuu adeemsa caalbaasii irratti komii yoo qabaate guyyaa bu'aan dorgommii caalbasichaa beeksifame irraa jalqabee, komii isaa guyyaa hojii sadii /3/ keessatti,
 - a) magaalota sadarkaa bulchiinsa magalaatti hunda'an yoo ta'e kantiibaa magaalaatiif,



- b) kanneen bulchiinsa aanaa jala jiran yoo ta'e, ammoo bulchaa aanaatiif kan dhiyeessuu danda'u ta'ee,
- c) kantiibaan magaalichaas yookiin bulchaan aanichaas komii dhiyaateef qulqulleessuun guyyaa hojii shan/5/ keessatti deebii barreeffamaan kennuu qaba.
- 2) Komii dhiyeessaan deebii kantiibaa magaalichaatiin yookiin bulchaa aanichaatiin kennameef irratti yoo walii hin galle, guyyaa deebiin kennameef irraa kaasee guyyoota hojii kudhan /10/ keessatti komii isaa Magaalota itti waamamni isaanii naannoodhaaf ta'e Ejensii naannootiif, magaalota itti waamamni isaanii godinaaf ta'e Ejensii godinichaatti dhiyeessuu ni danda'a.
- 3) Ejensiin naannoo yookiin godinaa komii dhiyaate guyyaa simate irraa kaasee dhimmicha qulqulleessuun guyyoota hojii kudhan/10/keessatti deebii barreeffamaa kennuu qaba. Komii Ejensii Godinaaf dhiyaatee ilaalamee murtee argate irratti komataan itti hin quufin haaluma walfakkaatuun Ejensii naannootiif komii isaa dhiyeeffachuun murtee argachuu ni danda'a.
- 4) Komataan murtee Ejensii naannootti hin quufin akkaataa dambicha keewwata 61 jalatti ibsameen qaama sadarkaan jirutti dhiyeeffachuu ni danda'a. Murteen dhumaas, kanuma keewwata kana jalatti tumameen ta'a.
- 5) Akkaataa keewwata kanaatiin namni komii qabu kamtinuu komii qabu qabxii ijoo komichaaf ka'umsa ta'ee fi ragaa kanaaf qabu barreeffamaan dhiyeeffachuu qaba. Oliyyannoon sadarkaan dhiyaatus, haaluma walfakkaatuun kan dhiyaachuu qabu ta'ee, deebii barreeffamaan qaama sadarkaan komichi dhiyaateef irraa deebisaa kennameef walqabsiisee dhiyeeffachuu qaba.
- 6) Daangaa yeroo qajeelfama kanaan taa'e keessatti komiin hin dhiyaatin rakkoo humnaa olii mudachuun ragaa qabatamaan hanga hin mirkanaa'initti fudhatama hin qabaatu.
- 7) Qaamni sadarkaan komiin dhiyaateef, komiin dhiyaate bu'aa caalbaasichaa jijjiiruu kan danda'u yookiin mallattoon gocha kira sassaabdummaa jiraachuu kan agarsiisuu fi faayidaa uummataa kan miidhuu danda'a jedhee yoo amane,



hanga komiin dhiyaate kun murtee dhumaa yeroo qajeelfama kanaan taa'e keessatti argatutti raawwii bu'aa caalbaasichaa barreeffamaan ugguree tursiisuu ni danda'a.

- 8) Komii kana qulqulleessee murtee kennuuf yeroon dabalataa kan barbaachisu yoo ta'e, qaamni komiin dhiyaateef kun sababaa fi hanga yeroo dabalataan barbaachisu qaama komiin irratti dhiyaateef dursee barreeffamaan beeksisuu qaba.
- 9) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (7) fi (8) jalatti ibsameen lafti magaalaa caalbaasiif dhiyaate haala addaa seeraan dirqisiisu yoo jiraateen ala baatii tokkoo ol raawwiin bu'aa caalbaasichaa ugguramee turuu hin danda'u.

26. Adeemsa Waamichaa, Mirgaa fi Dirqama Moo'attoota Caalbasii Lafa Magaalaa

- 1) Moo'ataan caalbasii guyyaa mo'achuu isaa ibsamee waamichi taasifameef irraa eegalee guyyoota hojii 10 keessatti Ejensiitti dhiyaatee kaffaltii gatii liizii duraa irraa barbaadamu kaffalee, waliigaltee liizii raawwatee waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafa sana mirkaneessu fudhachuuf mirga ni qaba;
- 2) Namni waliigaltee liizii raawwate yeroon inni itti ijaarsa jalqabuu fi xumuru akkataa Dambicha keewwata (39) hanga (41) irratti tumameen ta'a.
- 3) Moo'ataan guyyaa bu'aan caalbaasichaa ibsame irraa kaasee guyyoota hojii 10 keessatti dhiyaatee waliigaltee yoo hin raawwanne xalayaan of-eeggannoo akka qaqqabu yookiin beeksiifni waamichaa gabatee beeksiisaa Ejensii irratti akka maxxanfamu ni ta'a.
- 4) Mo'ataan guyyaa xalayaan of-eeggannoon qaqqabe yookiin gabatee beeksiisaa Ejensii irratti maxxanfamee eegalee guyyoota hojii sadii/3/ keessatti dhiyaatee kaffaltii isaa irraa barbaachisu raawwachuun waliigaltee yoo hin mall'atteessine, mo'ataa caalbasii ta'uun isaa ni haqama. Maallaqni kabachiisa caalbaasiitiif qabsiisee tures magaalichaaf galii ta'a.
- 5) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hanga (4)tti tumame akkuma eegametti ta'ee, lafti caalbaasiif dhiyaate tajaajila lafa mana jireenyaa tajaajila nama dhuunfaaf ala kan ta'e yookiin dhiyaate yoo ta'e, qorannoo sakatta'iinsa



dhiibbaa naannoo qaama aangoo qabuun mirkanaa'e mo'ataan caalbaasichaa dhiyeeffachuu qaba.

27. Koree Caalbaasii Mirkaneessu Hundeessuu

- 1) Koreen caalbaasii mirkaneessu Ejensii sadarkaan jiruun hundaa'uu kan danda'u ta'ee, miseensota koree kanaa kan ta'uu danda'anu;
 - a) Ittigaafatamaa Ejensichaa Walitti Qabaa
 - b) Ittiaanaa I/Gaafatamaa Ejensichaa I/A/Walitti qabaa
 - c) A/A/Hojii Ijoo Misoomaa fi Dabarsa Lafaa Barreessaa
 - d) A/A/H/Xiqqaa Kabachiisa Seera Magaalaa yookiin Qindeessaa Garee yookiin Qondaala Naamusaa
 - e) Akkaataa barbaachisummaa isaatiin itti gaafatamaa yookiin hojjetaa Ejensichaa biroo dabaluu ni danda'ama.
- 2) Ejensii keessatti koree caalbaasii mirkaneessuu dhaabuun bakka hin danda'amnetti caalbaasichii koree maaneejimantii bulchiinsa magaalatiin yookiin aanaatiin moggaafamuun kan mirkanaa'uu ta'a.
- 3) Baay'inni miseensota koree caalbaasii mirkaneessituu haala qabatamaa fi bal'ina hojii magaalichaa irratti hundaa'uun miseensota 3 hanga 5 ni ta'a.
- 4) Koreen kun xalayaan hojii kanaaf ramadamuu qabu. Gurmaa'insi koree kunis, qaama hoggansa olaanaa magaalichaaf beeksifamuu qaba.
- 5) Koreen akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) tiin dhaabbate guyyaa bu'aan caalbaasii dhiyaateef irraa eegalee guyyoota hojii shan /5/ keessatti mirkaneessuu qaba.
- 6) Korichi yaada murtoo qindeessee murtiin akka itti kennamuuf Ejensiif yookiin bakka Ejensiin hin jirretti maaneejimantii bulchiinsa magaalatiif dhiyeessee ni mirkaneessisa.
- 7) Dorgomtootni dirqama isaanii hin baanee fi gocha seera qabeessa hintaane raawwatan caalbaasicha irraa akka haqaman yaada murtii koree raawwachiiftuu caalbaasiitiin dhiyaate xinxalee ni mirkaneessa



28. Koree Raawwachiiftuu Caalbaasii Gurmeessuu

- 1) Ejensiin koree caalbaasii liizii raawwachiiftuu ni gurmeessa; itti gaafatamaa fi barreessaa korichaa miseensota koree keessaa ni ramada;
- 2) Miseensoonni koree hundaa'uu hojjettoota dhaabbiin qacaraman keessaa ta'ee, barreessaan koree raawwataa hojii dabarsa lafaa irraa miseensa koree ta'a;
- 3) Baay'inni miseensota koree raawwachiiftuu caalbaasii akka qabatamaa fi bal'ina magaalaatiin ta'ee, miseensota sadii (3) hanga shanii (5) ni qabaata;
- 4) Miseensotni koree raawwachiiftuu caalbaasii akkaataa qabatamaa magaalichaatiin ogummaa Seeraa (hanga danda'ameen jiraachuu qaba), Diinagdee, Pilaanara Magaalaa, Hooggansa magaalaa, Maanjimentii, Teeknoloojii odeeffannoo, Qunnamtii uumataa, Bulchiinsa lafaa, Injinara sivilii yookiin Sarveeyiingii qabaniif dursi kennamee ni hundaa'a;
- 5) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, bakka ogeeyyiin ogummaa kana qaban hin jirretti korichi ogeeyyi hojicha ni hojjatu jedhamanii itti amanameen hundeeffamuu ni danda'a.
- 6) Magaalota Ejensiin keessatti hin hundaa'in yookiin humna namaa gahaa hin qabnetti ogeeyyii hojii kana raawwachuuf gahumsa qabu jedhamee itti amaname mana qopheessaa yookiin aanicha keessa jiranu keessaa kantiibaan magaalichaa yookiin Bulchaan yookiin namni inni bakka buusu, Aanichaan gurmeessuun ni danda'ama.

29. Ga'ee Hojii Koree Caalbaasii Lafa Magaalaa Raawwachiiftuu

Koreen raawwachiisa caalbaasii ittigaafatamummaa waliinii kan qabaatu ta'ee, hojiiwwan armaan gadii ni raawwata.

- 1) Lafti caalbaasiif qophaa'e;
 - a) Falmii kamiyyuu irraa bilisa ta'uu isaa,
 - b) Pilaanii magaalichaa fi isaataardiin kan walsimu ta'uu,
 - c) Qoodinisa yookiin "parcillation" Pilaanii geggeeffamuu isaa,



- d) Dhakaan mallattoo agarsiiftuu daangaa (corner stone) iddoo mata mataan dhaabamuu isaa fi
- e) Dhiyeessii bu'ura misoomaa kan guutame ta'uu qaamaan laficha irratti argamee ni mirkaneeffachuun adeemsa hojii xiqqaa baakii lafaa irraa sanadaan walmallatteessee walirraa fuudhinsa ni raawwata;
- f) Lafa caalbaasiif dhiyaatu ni daawwachiisa;
- 2) Dorgomtootni dirqama isaanii hin baanee fi gocha seera qabeessa hintaane raawwatan caalbaasicha irraa akka haqaman yaada murtii ni dhiyeessa.
- 3) Wal-harkaa fuudhiinsa ragaa barreeffamaa guutuu fi dijitaalaa deeggerameen ni raawwata;
- 4) Hojiiwwan qophii sanadaa fi adeemsa caalbaasii ilaalchisees: -
 - a) Sanada caalbaasii guutuu ta'e ni qopheessa;
 - b) Waamicha Beeksisa caalbaasii ni qopheessa, ni gaggeessa;
 - c) Tilmaama gatii gurgurtaa sanada caalbaasii qopheessuun yeroo mirkanaa'u gurgurtaa ni raawwata; yookiin akka raawwatamu ni taasisa;
 - d) Sanduuqa sanadni caalbaasii itti galu ni qopheessa, ni saamsa;
 - e) Adeemsa raawwii caalbaasii ni qajeelcha; abbummaan ni raawwachiisa.
 - f) Bakka caalbaasiin itti raawwatu, guyyaa fi saa'aa ni murteessa;
 - g) Sanadni caalbaasii gurguramuu isaa ni hordofa;
 - h) Xiinxala dorgommii sanada caalbaasii ni gaggeessa;
 - i) Sanada waliigaltee ni qopheessa;
 - j) Ragaa caalbaasii kompitaraa fi harkaan galmeesse ni qabata.
- 5) Ulaagalee xiinxala caalbaasiif kaa'aman irratti hundaa'uudhaan moo'ataa caalbaasii addaan baasee koree mirkaneessituutti ni dhiheessa;
- 6) Qaboon yaa'ii bu'uraa tumaalee dambichaa fi qajeelfama kanaatiin:
 - a) adeemsa caalbaasii waliigalaa kan agarsiisu;
 - b) sirna adeemsa raawwii caalbaasii;
 - c) dorgomtoonni tokko tokkoon yaada dhiyeeffatanii fi waadaa seenan;
 - d) ragaalee adda addaa dhiyaate, iyyannoon haala addaatiin dhiyaate yoo jiraate;



- e) moo'ataan caalbaasii ulaagaa ittiin moo'atee fi
- f) tumaalee biroo qajeelfama kanaan tumaman ilaalchisee dhimmoota biroo dorgommii kana keessatti ilaalamuu qabanuu fi dorgomtonni hin moo'atin hafan sababa moo'achuu dhabaniif kan ibsu ta'uu qaba.
- 7) Ragaa guutuu lafa caalbaasiif dhiyaatee osoo hin darbin hafe gurmeessuun Adeemsa hojii xiqqaa baankii lafaaf ni dabarsa.
- 8) Abbaan qabiyyee liizii kamiyyu haala seeraan tumameen ijaarsa osoo irratti hin jalqabin yookiin ijaarsa walakkaa osoo hin xumuriin dhaalaan ala qaama saddaaffaaf dabarsuu yoo barbaade adeemsa gurgurtaa mirga liizii olaantummaan ni to'ata
- 9) Gatii gurgurtaa mirga liizii lafaa irratti yoo walii hingalamne fi laficha irratti ijaarsi hin jalqabamne caalbaasiidhaan akka darbu ni taasisa.
- 10) Korichi ogeessota hojicha deeggaruuf barbaachisaa ta'an ramadee hojjechiisuu ni danda'a.

30. Gahee Hojii Walitti Qabaa Koree Raawwachisa Caalbaasii Lafa Magaalaa

- 1) Itti gaafatamaa Ejensii yookiin caasaa Ejensii magaalaatiin kan bakka bu'u ta'ee, waligahii miseensota koree raawwatoota caalbaasii ni hoggana;
- 2) Guyyaa raawwii caalbaasii argamee caalbaasiin gaggeeffamuun dura wantoota dorgamtoonni guutuu qaban guutamuu isaani ni mirkaneessa;
- 3) Adeemsi, xiinxalli sanada fi bu'aan caalbaasii sirriitti raawwatamuu isaa qaboo yaa'ii qabamaa deemuu isaa ni mirkaneessa;
- 4) Yaada murtee koree raawwachiftuu caalbaasii koree mirkaneessituu caalbaasiitiif ni dhiyeessa;
- 5) Ragaaleen caalbaasii sirriitti qindaa'anii qaama dhimmi ilaaluuf darbuu isaanii ni mirkaneessa;
- 6) Dhimmoota walfakkaatan kan biroo ni raawwata.

31. Gahee Hojii Barreessaa Koree Caalbaasii Lafa Magaalaa

- 1) Qaboo yaa'ii koree caalbaasii ni galmeessa, galmeewwan barbaachisan gurmeessee ni qaba;
- 2) Sanadoota caalbaasii dorgomtootni dhiyeessan fuudhee kompitaraa fi galmee dhaabbiitti ni galmeessa; akka galmaa'uu fi qulqullaa'uu ni taasiisa;



- 3) Miseensota koree waliin ta'uun gabatee gatii ni qopheessa;
- 4) Walitti qabaa waliin ta'uun ajandaa ni qopheessa, bu'aa caalbaasichaa ni beeksisa;
- 5) Ragaa caalbaasii kompitaraa fi harkaan galmeesse ni qabata.



KUTAA AFUR

Lafa Magaalaa Ramaddiin Hayyamuu

32. Haala Lafti Magaalaa Ramaddiin Itti Hayyamamu

- 1) Akkaataa Labsichaa Keewwata 12 fi Dambichaa Keewwata 25 jalatti tarreeffameen, pirojektoota fi dameewwan hojii misoomaa kanatti aananiif Manni Maree lafa ramaddiin hayyamuu ni danda'a:
 - a) Lafa pirojektoota Industirii Manufaakchariingiitiif oolu;
 - b) Lafa dhaabbilee tola ooltotaan yookiin mootummaan hundeeffamanii kenna tajaajila hawaasummaa irratti hojjataniif oolu;
 - c) Lafa dhaabbilee amantaa sirna amantiif oolu;
 - d) Waliigaltee mootummaatiin lafa tajaajila imbaasiwwanii fi dhaabbilee idil-addunyaatiif oolu;
 - e) Lafa pirojektoota misoomaa waldaalee hojii gamtaatiif oolu;
 - f) Lafa tajaajila pirojektoota gurguddoo faayidaa biyyaalessummaa qabaniif oolu Pirezidaantii Naannichaan kan itti amaname;
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tarreeffame akkuma jirutti ta'ee, gaaffiiwwan lafaa tajaajila armaan gadiitti tarreeffamanii dhiyaatan Manni Marichaa ramaddiidhaan murteessuu ni danda'a:
 - a) Lafa hojii investmentii qonnaan bulaan qabiyyee isaa irratti gaggeessu;
 - b) Lafa namoota kireeffattoota seeraa mana jireenyaa yookiin mana daldalaa mootummaa yookiin gandaa ta'an sababa misooma biroo fi deebisanii misoomsuu magaalaatiif ka'aniif oolu;
 - c) Gaaffii lafaa pirojektoota tajaajila adda addaaf dhaabbilee misoomaa mootummaa, dhaabbilee hawaasaa fi ogummaa irraa kaayyoo dhaabbataniif galmaan gahuuf dhiyaatan;
 - d) Gaaffii lafaa pirojektii qonna magaalaa kanneen akka oomishaa fi misooma abaaboo ammayyaa, kuduraa fi muduraa, horsiisa lukkuu fi horsiisa kanniisaaf dhiyaatu;



- e) Pirojektoota Labsiin duras ta'e booda lafti misoomaaf hayyamameefii sababa jijjiirama seeraan yookiin istaandardii pilaanii magaalaan yookiin pirojektoota tajaajila kaayyeffate kennuuf dhiphina lafaan danqamee gaaffii lafa dabalataa babal'ifannaaf dhiyaatu.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, gaaffii lafaa pirojektootaa fi dameewwan hojii misoomaa armaan gaditti tarreeffamaniif dhiyaatu Manni Maree Bulchiinsa Magaalaa, bakka Magaalaan Mana Maree Bulchiinsaa hin qabnetti immoo Manni Maree Bulchiinsa Aanaa lafa ramaddiin hayyamu ni danda'a.
- a) Lafa manneen hojii abbaa baajataa mootummaa tajaajila waajjiraatiif magaalicha keessatti gaafatamu;
- b) Lafa tajaajila ijaarsawwan manneen jireenyaa waldaa ijaarsa mana jireenyaa imaammata mootummaatiin murtaa'aniif oolu;
- c) Lafa ijaarsaa sagantaa misooma manneen jireenyaa waliinii mootummaan gaggeessu;
- d) Lafa tajaajila intarpiraayizii maayikiroo fi xixiqqaa mootummaan ijaaramanii fi lafa tajaajila yeroo gabaabaaf oolu;
- e) Lafa mana jireenyaaf bakka bu'iinsaan namoota sababa misoomaatiin ka'aniif kennamuu;
- f) Lafa ijaarsa waajjiraa, mana kuusaa fi giddugala gabaa waldaalee hojii gamtaatiif oolan; fi
- g) Lafa pilaanii magaalaatiin misoomaa fi tajaajila manneen qopheessaatiif qabamanidha.
- 4) Qaamoleen akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin aangoon kennameef:
- a) Gaaffilee pirojektii fi dameewwan hojii misoomaa akkaataa aangoo kennameefitiin dhiyaatan xiinxaluun kan eeyyaman pilaanii magaalichaa fi istaandardii lafaa bahu irratti hundaa'ee ta'uu qaba.



- b) Ejensiin Biiroo waliin ta'uun raawwii isaa hordofuu fi gabaasa isaa Mana Maree Bulchiinsaaf yoo xiqqaate waggaatti yeroo lama dhiyeessuuf dirqama qabu.
- 5) Namni qonnaan bulaa irraa lafa kiraan fudhatee misooma abaaboo ammayyaa irratti bobba'ee jiru lafti kiraan fudhatame pilaaniidhaan gara Bulchiinsa Magaalaatti kan makame yoo ta'e,
 - a) Labsichaa fi Dambii kana bu'uura godhachuun Mana Maree Bulchiinsaaf dhiyaatee murtaa'uu qaba.
 - b) Qonnaan bulaaf beenyaa fi hojiin deebisanii dhaabuu mootummaan raawwatamuu qaba.
 - c) Waliigaltee haaraa Bulchiinsa Magaalaa waliin raawwachuudhaan misooma jalqabe akka itti fufu ni taasifama.

33. Haala Gaaffiin Lafa Ramaddiin Itti Dhiyaatu fi Murtaa'u

- 1) Gaaffiin lafa pirojektii keewwata 32(1)(f) jalatti ibsameen ala jiran kanneen Mana Mareen Bulchiinsaan murtaa'an Ejensii naannootiin, kanneen sadarkaa magaalaatti murtaa'an ammoo Ejensii magaalaatiin simatamuun qaama aangoon dambichaan kennameefitti dhihaatee kan murtaa'an ta'a.
- 2) Qaamoleen lafti ramaddiin akka kennamuuf gaaffii dhiyeessan xalayaa iyyannoon kan dhiyaachuu qabu ta'ee, ulaagaalee armaan gadii guutuun isaanii erga mirkanaa'ee booda simachuudhaan qaama aangoo qabuuf ni dhihaata.
- 3) Gaaffiin lafaa mana hojii baajata Mootummaatiin buluu haaldureewwan armaan gadii guutuu qaba:
 - a) Xalayaa deeggarsaa itti gaafatamaa mana hojichaatiin mallattaa'e;
 - b) Xalayaa tilmaama beenyaa lafichaa kaffaluuf fedhii qabaachuu isaanii ibsu
 - c) Xalayaa ijaarsichi karoora bara baajatichaa keessatti qabamuu isaa ibsuu,fi
 - d) Xalayaan baajetni hojichaa jalqabuu yookiin rawwachuuf barbaachisu bara baajatichaatti qabamuu isaa ibsu hoogganaa ol'aanaa mana hojii abbaa baajataa naannoo yookiin itti gaafatamaa magaalaa gaaffichi itti dhiyaate irraa dhiyaachuu qaba.



- 4) Gaaffiin lafaa Dhaabbiilee Miti-Mootummaa irraa bakka dhaabbata tajaajilli hawaasummaa itti kennamuu fi waajjira ijaaruuf yoo ta'e, ulaagaawwan keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti tumaman irratti dabalataan haal-dureewwan armaan gadii guutamuu qabu.
- a) Pirojaktiin hojjatamuuf yaadame naannoon fudhatama qabachuu isaa ragaa mirkaneessu,
 - b) Hojicha hojjechuuf deeggarsa naannoo irraa qaama mootummaa kallattiin hojichi ilaallatuun kenname,
 - c) Xalayaan baajetni hojicha jalqabuu yookiin raawwachuuf barbaachisu bara baajaticaatti qabamuu isaa ibsu hoogganaa ol'aanaa dhaabbatichaan mirkanaa'e yoo dhiyaate,
 - d) Hayyama hojii dhaabbatichaa bara sanaaf haaroomfame,
 - e) Sanadni mirkaneessa abbaa qabiyyummaa maqaa qaama mana hojii Naannoo yookiin Biyyolessaa dhimmi ilaaluun akka ta'u kan waliigalu ta'uu xalayaa mirkaneessu kan dhiyeesse,
 - f) Waliigaltee hojii qaamoolee adda addaa waliin walii mallatteessuu qaban mallattaa'e yoo dhiyaatee fi;
 - g) Dizaayinii ijaarsichaa sadarkaa duraa dhiyaachuu danda'e ta'a.
- 5) Gaaffii lafaa misooma mana jireenyaa mootummaan gaggeefamuuf dhihaate yoo ta'e, seera dhimma kanaaf bahu irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'ee; dabalataan haal-dureewwan armaan gadii guutamuu qabu.
- a) Xalayaa hojichi karoora waggaa bara baajataa lafichi itti gaafatame keessatti qabamuu isaa agarsiisuu, fi
 - b) Xalayaa baajetni hojichaaf bara baajaticaatti qabamuu isaa ibsu; hoogganaa ol'aanaa mana hojii abbaa baajataa yookiin itti gaafatamtoota sadarkaa sadarkaan jiranu irraa dhiyaachuu qaba.
- 6) Gaaffii lafaa misooma mana jireenyaa waldaa of-gargaarsaan gaggeefamuuf dhihaate yoo ta'e, ulaagaalee fi haaldureewwan seera dhimma kanaaf Biirtoon bahu guutuun isaanii mirkanaa'ee murtiif kan dhihaatu ta'a.



- 7) Gaaffii lafaa Dhaabbilee Amantiitiin tajaajila sirna amantaaf dhiyaatu haldureewwan armaan gadii guuttachuu qaba;
- a) Gaaffiin lafaa barreeffamaan dhiyaachuu qaba;
 - b) Ragaa beekamtii qaama seerummaa (dhaabbilee amantaa seera biroon galmaawuun dirqama irratti taasifame) qaama aangoo qabuun kenname;
 - c) Xalayaa tilmaama beenyaa lafichaa kaffaluuf fedhii qabaachuu isaanii ibsu;
 - d) Xalayaa deeggarsaa qaama dhimma nageenyaa naannichaa irraa kenname;
 - e) Xalayyaa deeggarsaa qaama gaggeessaa amantichaa olaanaa irraa kenname;
 - f) Xalayaa baay'ina miseensota hordofoota amantichaa iddichi gaafatameef, baay'ina manneen amantaa walkaatu magaalicha keessatti argamuu, walirraa fageenya manneen amantaa kanneen gidduu jiruu fi lafa amantichaaf gaafatame gidduu jiru, lafti gaafatame kun fageenya mana amantaa biroo irraa qabu ibsuu fi kanuma kan mirkaneessu bulchiinsa magaalaa irraa xalayaan barreeffamaa dhiyaachuu qaba;
 - g) Ulaagaaleen armaan olitti tarreeffaman akka eegamanitti ta'ee, istaandaardii baay'ina hordofoota miseensota amantichaa, fageenya mana amantaa walfakkaatu fi kanneen biroo gidduu jiruu fi ulaagaalee biroo murtaawu kan guutu ta'uu qaba.
- 8) Bu'uura dambichaa keewwata 27 keewwata xiqqaa (7)'tiin qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan qabiyyee lafa isaa magaalaa keessaa hojii misoomaatiif gadi lakkise, dhuunfaadhaan gaaffi lafaa hojii investmentiitiif dhiheessu yoo ta'e, kan dambicha keewwata 26 (1) fi qajeelfama kana keewwata 33 (1) jalatti kan tumame jiraatus, gaaffiin kun jalqaba kan simatamu Ejensii Magaalichaatiin ta'ee, ulaagaalee dambichaa fi qajeelfama kanaan murtaa'an guutamuu isaa qulqulleessuun xalayaan gara Ejensii naannootti kan ergamu ta'a,
- 9) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (8) kanaatiin gaaffiin dhiyaatu kanneen armaan gadiitti tarreeffaman qabatee dhihaachuu qaba.



- a) Lafti qonnaan/horsiisee bulaa kana irraa misoomaaf fudhatamuu xalayaa hanga lafa fudhatamee, bara fudhatame, hanga beenyaa kaffalamee, bal'ina lafa qonnaa duraan qabuu, fi ragaalee biroo ibsu bulchiinsa magaalaan mirkanaa'ee dhiyaate;
 - b) Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafa mana jireenyaaf bakka bu'iinsa kennameef ibsu (yoo kenname ta'e);
 - c) Tarreeffama guutuu qorannoo pirojektii;
 - d) Koppii waraqaa eenymmaa qonnaan bulaa, kan barri tajaajila isaan irra hin dabarre;
 - e) Gaaffiin lafaa bakka bu'aan kan dhiyaatu yoo ta'e, xalayaa bakka bu'insa seeraa qabeessa fi waraqaa eenymmaa bakka bu'aa, kan barri tajaajila isaan irra hin dabarre;
 - f) Isteetmantii baankii /bank statement/ xalayaadhaan deeggarama
 - g) Qonnaan bulaan sun qabiyyicha karaa seera qabeessa ta'een kan qabatee fi qabiyyee isaa misoomaaf erga gadi lakkisee waaggaa tokko kan hin caalle ta'uu isaa xalayaa mallattoo kantiibaa magaalichaatiin, magaalota aanaa jala jiran yoo ta'e ammoo bulchaa aanaatiin mirkanaa'e;
 - h) Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa itti fayyadama lafa tajaajila qonnaa seera qabeessa ta'e.
- 10) Haaluma keewwata kana keewwata xiqqaa (8) fi (9) jelatti ibsameen Qonnaan bulaan/horsiisee bullaa gaaffi lafaa hojii investimentiitiif gareedhaan gurmaa'ee kan dhiheese yoo ta'e, ulaagaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (9) jalatti tarreefaman akkuma eegametti ta'ee dabalataan,
- a) Dambii ittiin bulmaata fi hundeeffamaa waldaa qaama aangoo qabuun kan ragga'e,
 - b) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 10(a)'tiin qonnaan bulaan hojii investimentiitiif gaaffii lafaa dhiheessu miseensa garichaa keessa namni qonnaan bulaa hin taane kan jiru yoo ta'e, gaheen qonnaan bulaa yookiin qonnaan bultootaa dhibbeentaa shantamii tokkoo (51%) gadi ta'uu hin qabu.



- 11) Qonnaan bulaan/horsiisee bullaan gaaffi lafaa hojii investimentiitiif yoo dhiheessu gaaffiin lafaa inni dhiheesse projektoota ramaddiin kennaman ala ta'us, bu'uura dambicha keewwata 27 (7)'tiin gatii ka'umsa liiziitiin ni hayyamamaaf.
- 12) Qonnaan bulaan/horsiisee bullaan gaaffi lafaa hojii investimentiitiif yoo dhiheesu hanga lafa hayyamamuufii istaandaardii gosa tajaajilichaan kan murtaawu ta'ee,
- a) Bal'inni lafa hayyamamuu, istaandaardii magaalichaa isa xiqqaa gosa tajaajila pirojeektichaa caaluu hin danda'u;
 - b) Kan keewwata xiqqaa kana qubee (a) jalatti tumame jiraatus, bal'inni qonnaan/horsiisee bulaan qabu bal'ina istaandaardii tajaajila pilaaniin lafti isaa ooluufii danda'u isa xiqqaan walqixa yookiin lafti irraa hafu tajaajila biroof ooluu hin dandeenyee fi lafchi faayidaa uummataa biroof magaalichaan kan hin barbaadamne yoo ta'e qofa ulaagaa barbaachisu guutee guutummaatti hayyamuun ni danda'ama.
 - c) Kan keewwata xiqqaa kana qubee (b) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, lafichi faayidaa uummataaf magaalichaan kan barbaadamu yoo ta'e, bulchiinsi magaalichaa lafa biroo pirojeektii gaafatameef lafa ooluu danda'u bakka birootii qopheessuufii ni danda'a.
- 13) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (8) hanga (11)'tti jiru irratti tumame akkuma jirutti ta'ee, hojii investimentii qonnaan bulaan lafa gaafatee fi qabiyyeen lafa isaa hafe pilaanii magaalatiin kan wal hin simne yoo ta'e, bulchiinsi bakka pilaaniin walsimu qopheessuufii dirqama qaba.
- 14) Namni yookiin dhaabbanni gaaffii lafa Maanifaakcharingiitiif dhiheessu kanneen armaan gadiitti tarreeffaman qabatee dhihaachuu qaba.
- a) Tarreeffama guutuu qorannoo pirojeektii;
 - b) Koppii waraqaa eenyummaa yookiin paaspoortii abbaa qabeenyaa fi/yookiin bakka bu'aa;
 - c) Gaaffiin lafaa bakka bu'aan kan dhiyaatu yoo ta'e, xalayaa bakka bu'insa seeraa qabeessa ta'e,



- d) Gaaffiin kan dhiyaatu dhaabbataan yoo ta'e, dambii ittiin bulmaataa fi hundeeffama waldaa qaama aangoo qabuun ragga'e,
 - e) Abbaa qabeenyaa biyya alaa yoo ta'e, Komishinii Invastimantii Fedaraalaa irraa heyyama invastimantii fi koppii dokimantii isaa,
 - f) Abbaa qabeenyaa biyya keessaa yoo ta'e, isteetmantii baankii /bank statement/ xalayaadhaan deeggarame,
 - g) Waldaalee Intarpaayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa ce'anii yoo ta'e, akka ulaagaa dabalataatti xalayaa deeggarsaa Ejensii Misooma Intarpaayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa naannoo irraa,
 - h) Nama kanaan dura lafti ramaddiin hayyamameef yoo ta'e, lafa fudhate sana akkaataa seerri jedhuun misoomsuu fi hojii jalqabuu isaa Ejensii naannoon qulqulla'uu qaba;
 - i) Nama babal'ifannaa gaafatu yoo ta'e, lafa fudhate sana akkaataa seerri jedhuun misoomsuu, hojii jalqabuu fi lafa duraan fudhate guutumaan itti fayyadamuu isaa Ejensii naannoon qulqulla'uu qaba;
 - j) Kana keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (i) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, namni kanaan dura lafti ramaddiin hayyamamee fi garuu sababii maashinoonni itti fayyadaman sirriitti ilallaalcha keessa galuu dhabuutiin yookiin sababa jijjiirama teekinolojii oomisha maashinichaan gaaffiin lafaa dhiheessanii turan xiqqatee pirojektii hayyamameef sana hojjechiisuuf gahaa ta'uu dadhabe yoo ta'e, dizaayinii haaraa dhiheessuun Ejensii Naannootiin fudhatama yoo argate;
 - k) Namni gaaffii lafa industirii maanifaakcharingiitiif dhiheessu gaaffii isaa qabatee yeroo dhufu unka /application form/ Ejensiidhaan qophaa'e irratti ragaa dhugaa ta'e fi kanneen pirojekti piropozaala keessatti ibsameen walfakkaatu guutuuf dirqama qaba.
- 15) Pirojeektoota faayyidaa addaa biyyoolessaa qabu jedhamanii Prezidaantii naannichaatiin karaa Ejensiin qulqullaa'ee akka dhiyaatu qajeelfame yoo ta'e, ulaagaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (13) jalatti tumame akkuma



eegametti ta'ee qulqullaa'ee akka dhiyaatu pirezidaantiin qajeelfamuu isaa ragaan agarsiisu dhihaachuu qaba.

- a) Pirojektoonni faayidaa addaa biyyoolessaa qaban akkaataa Labsicha keewwata 12 (1)(g)tiin kallattiidhaan Prezidaantii nannichaatti ni dhiyaata.
- b) Projektoonni faayidaa addaa biyyoolessaa qabu jedhamuuf yoo xiqqaate ulaagalee kanatti aananii tarreeffaman keessaa tokko guutuu qabu;
 - i. Pirojektii eegumsaa fi kunuunsa naannoo keessatti gumaacha guddaa kan qabu yookiin imaammata diinagdee magariisuu hojiirra oolchuu keessatti gahee ol'aanaa kan qabu ta'uun yoo mirkanaa'e; yookiin
 - ii. Pirojektii lafa xiqqaa irratti yoo xiqqaate m² 10 irratti nama tokkoof carraa hojii bal'aa uumuu kan danda'u yookiin carraa hojii dhaabbataan namoota 10,000 fi isaa ol kan uumuu danda'u; yookiin
 - iii. Pirojektii sharafa biyya alaa yoo xiqqaate % 50 fi isaa ol kan argamsiisu yookiin kan hambisu; yookiin
 - iv. Pirojektii kaappitaala biroo harkisuuf dandeettii qabu jechuunis; kubbaaniyaa sadarkaa addunyaatti beekamuu fi biyya tokkoo ol keessatti bobba'ee hojjataa jiru, yookiin investara diyaasporaa yookiin biyya alaa kappitaala sharafa biyya alaa qarshii miliyoona 250 fi kanaa olitti tilmaamamu kan qabatee dhiyaate, yookiin investara biyya keessaa ta'ee yoo xiqqaate kaappitaala qarshii miliyoona 250 fi isaa ol qabatee pirojektii dhiyaate; yookiin
 - v. Pirojektii ce'umsa teeknolojii haarawaa fiduuf dandeettii ogeeyyii biyya keenyaa kan gabbisu; yookiin
 - vi. Pirojektii godinaalee giddugaleessa Naannichaa irraa fageenya qabanii fi hojiin invastimantii keessatti hin babal'atin irratti hojjatamuuf karoofamanii dhiyaatan; yookiin
 - vii. Pirojektii mootummoota biyya alaatiin yookiin dhaabbilee idil-addunyaatiin gaggeeffaman; yookiin



- viii. Pirojektii nageenya biyyaattiin walqabatanii hojjataman; yookiin
 - ix. Pirojektii karoora guddinaa fi tiraansifoormeeshinii keessatti shoora ol'aanaa qaban ta'anii mootummaan ta'ee, abbootii qabeenyaan kanaan dura sadarkaa barbaadamuun kan hin haguugamin ta'uun kan mirkanaa'e; yookiin
 - x. Pirojektii mootummaan Naannoo yookiin Federaalaa fi abbootiin qabeenyaa biyya keessaa yookiin biyya alaa shariikummaan hojjechuuf karoorfame; yookiin
 - xi. Pirojektoota qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa naannichaa adda duree ta'an irraa dhiyaatan; yookiin
 - xii. Pirojektoota Pirezidaantiin Naannichaa faayidaa addaa biyyoolessaa qabu jedhee itti amane biroo dha.
- c) Ulaagaaleen keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (b) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, akkaataa barbaachisummaa gosa pirojeektichaatiin ulaagaaleen dabalataan ilaalamuu qabnu;
- i. Namni gaaffii lafaa dhiyeesse, gosa pirojeektii dhiyaatee irratti muuxannoo qabaachuu fi bu'aa galmeessuu isaa ragaa raawwii gaarii galmeessuu agarsiisu kan dhiyeeffachuu danda'u,
 - ii. Qaama mootummaa naannichaa yookiin federaalaa irraa gosti pirojeektii dhiyaatee kallattiin isa ilaallatu irraa bu'a qabeessummaa pirojeektichaa kan agarsiisu xalayaa deeggarsaa dhiyeeffachuu kan danda'u,
 - iii. Gaaffii lafa pirojeektii qonnaan/horsiisee bulaa adda duree irraa dhiyaate yoo ta'e, adda durummaa isaa ragaa mirkaneessu sadarkaan bulchiinsa aanaa, godinaa fi Biiroo Qonnaa irraa barreeffamaan dhiyeessuu qaba.
- 16) Gaaffii lafa waldaalee hojii gamtaa, dhaabbilee misoomaa mootummaa fi dhaabbilee hawaasummaafi ogummaa irraa dhiyaatanu,



- a) Gaaffii xalayaa barreeffamaa qaama dhaabbaticha hogganu olaanaa irraa barreeffame;
 - b) Qorannoo pirojeektii guutuu ta'e;
 - c) Qaama seerummaa yookiin seera itti hundeeffame;
 - d) Baajala pirojeektii kanaaf ragga'ee fi
 - e) ulaagaalee biroo barbaachisaa ta'an guuttachuun gatii ka'umsa liizii yookiin kiraa magaalichaa tajaajila walfakkaatuuf murtaa'een kan keessummeeffamanu ta'u.
- 17) Gaaffii lafaa Pirojektota lafa babal'ifannaaf gaafatanuun dhiyaate yoo ta'e, Piroojeektota lafti hayyamameefii akkaataa labsichaan lafti pirojektota kanaaf kanneen ramaddiin hayyamamuu hin dandeenye ta'an ulaagaalee fi haalawwan armaan gaditti tumaman bu'ureffachuun ramaddiin keessummaawuu ni danda'u;
- a) Ragaa waraqaa abbaa qabiyyummaa fi waliigaltee lafa duraanii seera qabeessa ta'e kan dhiyeeffate;
 - b) Lafti dabalataa gaafatame kun Lafa duraan hayyamame irratti pirojektii duraan heyyamamee hojii oomishaa yookiin tajaajila kennuu jalqabeef, yookiin
 - c) pirojeektii ijaarsa jalqabee jiruuf ta'ee, tajaajila pirojektichaa yoo xiqqaate kappitaalaan, carraa hojiifi hanga oomishaa yookiin tajaajilaa dabaluu babal'isee hojjechuuf barbaachisu, yookiin
 - d) haala dirqisiisaan tajaajila pirojeektii lafti duraan hayyamameef guutummaatti raawwachuuf dabalataan barbaachisuufii fi ulaagaa dambichaafi qajeelfama kanaan tumame guutee argame ta'ee,
 - e) teessumni yookiin argamni isaa lafa duraaniitiin kan walitti aanee argamu yookiin bakka adda addaatti kan argamu ta'ee, lafa tajaajila walfakkaatuuf yookiin kallattiin hidhamiinsa qabuuf ooluu danda'uuf gaafatame ta'uun isaa sadarkaan kan mirkanaa'e ta'uu qaba.
 - f) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (a) hanga (e)tti jiru akkuma eegametti ta'ee, kan keewwata kana keewwata xiqqaa (13) jalatti ibsaman



akkaataa barbaachisummaa isaatiin kana irrattis raawwatiinsa ni qabaatu.

18) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (17) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, gaaffiin lafaa dabalataa tajaajila kamiifuu dhiyaatu fudhatama kan qabaatu,

a) pirojeektiin duraan lafti hayyamameef gosa hojii hayyamameef hojiirra oolchuuf lafti dabalataa cinaa lafa duraaniitii dirqamatti sababa istaandaardii itti fayyadama lafaan yookiin tajaajilichaatiin yookiin dhiibbaa eegumsa naannootiin yookiin haala walfakkaatuun barbaachisaa ta'uun kan itti amanamee fi ragaan kan mirkanaa'e yoo ta'e, yookiin

b) gosa pirojeektii duraan hayyamame babal'isuuf lafa gaafatame yoo ta'e, pirojeektiin babal'ifannaaf lafti gaafatameef kan duraaniitiin walbiratti yeroo madaalamu, carraa hojii fi kappitaalaan yookiin sharafa biyya alaa hambisuun yookiin argamsiisuun yoo xiqqaate %50 fi isaa ol ta'uunii fi pirojeektiin duraan lafti hayyamameef akkaataa waliigaltee seeneen raawwatamuun isaa kan mirkaanaa'e ta'uu qaba.

19) Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa Iddoo oomishaa fi gurgurtaa Waldaalee Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa Ejensii Misooma Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaan gaafatamuuf:

a) Xalayaa gaaffii lafaa fi baajatin hojichaaf barbaachisu bara baajatchaatti qabamuu isaa ibsu hoogganaa Ejensii Misooma Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa irraa dhiyaachuu qaba.

b) Lafti gaafatame maqaa Ejensii Misooma Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa magaalaa gaaffii dhiyeesseetiin kan kennamu ta'a.

34. Namoota Sababa Misoomaatiin Qabiyyee Isaanii Irraa Ka'aniif bu'uura dambichaa keewwata 27'n lafti bakka bu'insaa akkaataa armaan gaditti tumameen ramaddiin ni hayyamamaaf;

1) Nama magaala keessatti lafa qabiyyee durii sababa misoomaatiin yookiin deebisanii misoomsuu magaalaatiin gadi lakkisaniif beenyaa kaffaluun akkuma jirutti ta'ee;



- a) Nama lafa mana jireenyaa sababa misoomaatiin akka gadi lakkisu ta'eef lafti bakka bu'iinsaan kennamuuf kan sirna kiraan bulu ta'ee, hangi hayyamau;
- i. Lafa m^2 500 fi isaa gadi kan gadi lakkiseef hanguma gadi lakkise bakka ni bu'aaf,
- ii. Kan lafaa staandaardii mana jireenyaa magaalichaatiin gadi ta'e gadi lakkiseef, hanga bal'ina lafaa istaandaardii magaalichaa isa xiqqaan bakka ni bu'aaf,
- iii. Lafa m^2 500 ol ta'e kan gad-lakkiseef, lafti m^2 500 kan mana jireenyaaaf oolu bakka ni bu'aaf.
- b) Qabiyyee lafa tajaajila mana jireenyaatiin ala jiru sababa misoomaatiin akka gadi lakkifamu ta'e, bal'inni qabiyyichaa hangam akka ta'e adda baasuudhaan bal'inni qabiyyichaa; istaandaardii tajaajilchaaf magaalicha keessatti murtaa'ee ol yoo ta'e, istaandaardii gosa tajaajilchaaf taa'ee isa ol'aanaan, istaandaardii gadi yoo ta'e ammoo istaandaardii gosa tajaajilchaaf taa'ee isa xiqqaan bakka ni bu'aaf.
- 2) Namni qabiyyee durii waraqaa abbaa qabiyyummaa hinqabne sababa misoomaatiin yookiin deebisanii misoomsuu magaalatiin gadi lakkisaniif beenyaa kaffaluun akkuma jirutti ta'ee,
- a) Abbaa qabiyyee gadi lakkisiifame sanaa akkaataa qajeelfama qabiyyeewwan durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabneef ragaa kennuu fi ijaarsa seeraan alaa seera qabeessa taasisuuf baheen adda baasuun mirkaneessuu;
- b) Bal'inni qabiyyee lafa mana jireenyaa sababa misoomaatiin akka gadi lakkifamu ta'e hangam akka ta'e adda baasuudhaan, akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a)'n kan raawwatu ta'a;
- c) Qabiyyee lafa tajaajila mana jireenyaatiin ala jiru sababa misoomaatiin akka gadi lakkifamu ta'e bal'inni qabiyyichaa hangam akka ta'e adda baasuudhaan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b)'n kan raawwatu ta'a.



- d) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (c) irratti tumame akkuma jirutti ta'ee, kanneen dursanii qulqullaa'uu qaban:
- Eeyyama daldalaa haaroffamae qabaachuu isaa fi
 - Gibiraa bara sanaa kan kaffale ta'uu isaa ti.
- 3) Kireeffataan mana jireenya gandaa yookiin mootummaa seera qabeessa ta'e yeroo mannichi sababa misoomaatiin ka'u:
- Magaala sagantaan misooma manaa keessatti adeemsiifamaa jiruu yoo ta'e, mana waliinii bittaaadhaan akka aragtu dursi ni kennamaaf, yookiin
 - Magaala sagantaan misooma manneenii hin qabne keessatti manni gandaa yookiin mootummaa kan tajaajila mana jireenyaaf oolu biroo yoo kan argamu ta'e, ni jijjiiramaaf; yookiin
 - Kan keewwata xiqqaa 3(b) jalatti tumame jiraatus, manni gandaa yookiin mootummaa kan tajaajila mana jireenyaaf oolu biroo kan hinargamne yoo ta'e, mana ijaarachuuf humna kan qabu yoo ta'e, lafa manni jireenyaa irratti ijaaramu akkataa istaandaardii jiruutiin gatii ka'umsa liiziitiin ramaddiin ni kennamaaf; yookiin
 - magaalaa sirna liizii keessa hin galle keessatti yoo ta'e kafaltii qophii lafaaf barbaachisu hunda akka kaffalu ta'ee, lafti ijaarsa mana jireenyaatiif oolu akkataa istaandaardii magaalichaa isa xiqqaan kiraadhaan ni kennamaaf;
 - Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 3 (a-c)'tti tumame akkuma jirutti ta'ee, kanneen dursanii qulqullaa'uu qaban:
 - Kireeffataa seera qabeessa yookiin waliin jiraataa seera qabeessa ta'uun isaa qaama dhimmi ilaaluun mirkanaa'u qaba;
 - Magaalicha keessatti maqaa ofiitiin yookiin maqaa haadha waarraa isaatiin/abbaa waarraa ishiitiin mana jireenyaa yookiin lafa ijaarsa mana jireenyaaf oolu kan hin qabne ta'uun Ejensiin yoo mirkanaa'ee,
 - Yeroo manichi sababa misoomaatiin ka'utti kireeffataan yookiin maatiin isaa manicha keessa kan jiraataan ta'uu qaba.
 - Tilmaama gatii ijaarsa istaandaardii seeraa gurmaa'insa waldaa ijaarsa mana jireenyaa naannichaatiin taa'e guutuun isaa mirkanaa'uu qaba



- 4) Kireeffattoonni mana daldalaa mootummaa yookiin mana gandaa ta'an akka ka'an yemmuu taasifamu, fedhii waliin ijaaruu kan qaban yoo ta'e, lafti gamoo irratti ijaarratan haala armaan gaditti tumameen magaalota sirna liizii keessa galan keessatti gatii ka'umsa liiziitiin, kanneen sirna liizii keessa hingalle keessatti immoo baasii qophii lafaaf barbaachisu hunda akka kaffalan ta'ee kiraadhaan akkaataa armaan gadiitiin ni hayyamamaaf:
- a) Magaalaa sadarkaa 1^{ffaa} keessatti nama tokkoof hanga kaareemeetira 40,
 - b) Magaalota sadarkaa 2^{ffaa} keessatti nama tokkoof hanga kaareemeetira 60,
 - c) Magaalota sadarkaa 3^{ffaa} keessatti nama tokkoof hanga kaareemeetira 80,
 - d) Magaaloota sadarkaa 4^{ffaa} keessatti nama tokkoof hanga kaareemeetira 120 gatii ka'umsa liiziin kan keessummeeffaman ta'a.
 - e) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 4(a-d) jalatti tumame akkuma jiruutti ta'ee, istaandaardiin qoqqoodiinsa lafaa magaalichaa bal'ini waliigalaa lafa tokkoon tokkoon waldichaatiif heyyamameefii ol yoo ta'e, bal'iinni lafa caalmaan argamee gatii caalbaasii liizii wayitaawaa naannawa sanatti argameen ramadiin ni kennamaaf.
 - f) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 4 (a-e)'tti tumame akkuma jirutti ta'ee, kanneen dursanii qulqullaa'uu qaban:
 - i. Eeyyama daldalaa haaroffamee qabaachuu isaa;
 - ii. Gibiraa bara sanaa kan kaffale ta'uu isaa;
 - iii. Mana daldalaa tajaajila walfakkaatuuf magaalaa keessatti maqaa isaatiin yookiin maqaa abbaa warraa/ maqaa haadha warraatiin kan hin qabne ta'u fi
- 5) Qabiyyee lafa liiziitiin qabame irraa sababa misoomaatiin nama ka'u yoo ta'e,
- a) Abbaan mirga qabiyyee liizii barri waliigaltee liizii xumuramuun dura iddicha akka gadi lakkisu hin taasifamu.
 - b) Keewwata kana keewwata xiqqaa 5(a) jalatti tumame akkuma jiruutti ta'ee, qabiyyichi faayidaa ummataaf jecha kan barbaadamu yoo ta'e,
 - i. abbaan mirga qabiyyee liizii akka gadi lakkisu taasifamu qabeenya laficha irraa qabuuf beenyaan ni kafalama;



- ii. bara liizii hafeef lafa bal'inaa fi sadarkaan walgitu waliigaltee liizii duraan tureen yeroo liizii hafeef bakka bu'insaan ni kennamaaf.
 - iii. waliigaltichi teessoo lafa haaraa fi yeroo haara galfii ijaarsaaf kennamu yaada keessa galchuun kan sirreeffamu ta'a.
 - iv. Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa jijjiiramuu qaba.
 - v. Kafaltii ilaalchisee, bu'uura herreega kafaltii duraatiin kan itti fufu ta'a. Ta'us sababa qoqqoodinsaatiin adda addummaan bal'ina lafaa yoo jiraate hanga adda addummaa walsimachuu qaba.
 - vi. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 5(b)(ii) jalatti tumame jiraatus, abbaan qabiyyichaa lafa bakka bu'u fudhachuu yoo hin barbaanne gatiin liizii kafalame irraa kan bara lafichatti hinfayyadaminii, guyyaa kafalamee irraa eegalee hanga laficha gadi lakkisutti yeroo jiruuf, dhalli akkataa Baankii Daldaala Itoophiyaatiin shalagameefii waliin ni deebi'aaf
- 6) Qonnaan Bulaa yookiin Horsiisee Bulaa sababa misoomaatiin qabiyyee isaa guutummaattis ta'ee gar-tokkeen sababa misoomaan qabiyyee isaa akka gadi lakkisu taasifamuuf beenyaan kafalamuufiin akkuma eegametti ta'ee, haalli lafti ramaddiin itti kennamuufii danda'u;
- a) Bal'inni lafti inni gadi lakkisee kaaree meetira 500 ol yoo ta'e, lafti mana jireenyaa kaaree meetirii 500 kiraan ni hayyamamaaf;
 - b) Bal'inni lafti inni gadi lakkisee kaaree meetira 500 gadii fi hanga bali'na lafa mana jireenyaa istaandaardii magaalichaan hayyamamuun kan walsimu yoo ta'e, hangumti gadi lakkisifame sirna kiraatiin bakka bu'iinsaan ni kennamaaf;
 - c) Bal'inni lafti inni gadi lakkisee bal'ina lafa mana jireenyaa istaandaardii magaalichaan hayyamamuu gadi yoo ta'e, lafti bakka bu'iinsaa istaandaardii bal'ina lafa mana jireenyaa magaalichaa isa gadi aanaadhaan sirna kiraatiin ni hayyamamaaf.
 - d) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 6 (a-c) tti tumame akka jirutti ta'ee, qabiyyichi guutummaatti kan fudhatame yoo ta'e, ijoollee qonnaan bulaa



- yookiin horsiisee bulaa kanneen umriin isaanii waggaa 18 fi isaa ol ta'anii maatii qabiyyacha irraa ka'u waliin jiraatanii fi mana jireenyaa biroo magaalicha keessaa hin qabneef, bakki mana jireenyaa akkaataa istaandaardii magaalichaa bal'ina isa xiqqaan sirna kiraatiin ni kennamaaf.
- e) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 6(d) jalatti tumame jiraatus, lafti misoomaaf gadlakkifame haalli keewwata kana keewwata xiqqaa 6(b) fi (c) jalatti tumame yoo mudate, ijoollee mirgi kun kennameef lafti hayyamamuuf gatii ka'umsaa liizii magaalichaatiin, magaalota sirna kiraatiin bulanu keessatti gatii kiraan ta'ee baasii qophii lafaatiif barbaachisu kafalchiisuun ni danda'ama.
- f) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 6 (a-e) jalatti tumame jiraatus, qotee/horsiisee bulaan daangaa magaalaa keessa galee lafti isaa yeroodhaaf misoomaaf kan harkaa hin fuudhamne ta'us, ijoollee isaa umuriin jaraa waggaa 18 fi isaa ol ta'anii dursanii gaaffii lafa mana jireenyaa kan dhiyeessanu yoo ta'e, ulaagaa keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (d) irratti ibsame yoo guutanii argaman, Bulchiinsi magaalaa pilaanii magaalichaa bu'uura godhachuun lafa mana jireenyaaf oolu istaandaardii magaalichaa isa xiqqaan ni kennaaf.
- g) Haala keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (f) jalatti ibsameen yeroo raawwatamu, akkataa pilaanii magaalaatti tajaajilli lafa qotee/horsiisee bulichaa mana jireenyaatiif oluu kan danda'uu fi qoqqoodinsa raawwachuun yoo danda'ame, bulchiinsi magaalaa kaffaltii beenyaa malee laficha qopheessee ramaddiin kennuufii ni danda'a.
- h) Lafti warra ijoollee pilaanii magaalichaan mana jireenyaaf kan hin oolle yoo ta'e, Ejensiin magaalichaa lafa akkaataa pilaanii magaalichaatiin mana jireenyaatiif ooluu danda'u adda baasee tilmaama beenyaa waliin laficha akkaataa seera kanaaf baheetiin qopheessuun kaabinee magaalaaf yookiin aanaaf erga dhiyeessee mirkaneessissee booda;



- i. Tilmaama beenyaa qophaa'ee dhiyaatee irratti hundaa'uun ijoollee lafichi qophaa'eef kaffaltii beenyaa akka raawwataniif hanga qarshii, yeroo fi bakka galii itti taasisan Ejensiin xalayaadhaan ni beeksisa.
 - ii. Ijoolleen qonnaan/horsiisee bulaa tilmaama beenyaa galii akka taasiisu xalayaan isa qaqabe guyyaa xalayaan isa qaqabee irraa eegalee guyyaa 30 keessatti maallaqicha yoo galii gochuu baate laficha akka hin barbaadnetti fudhatama.
 - iii. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 6 (h(ii)) jalatti tumame raawwatamee yoo argamu, Ejensichi waraqaa ragaabaa qabiyyummaa fi ragaalee guutuu waliin guyyoota hojii 15 keessatti laficha harkaan gahuuf dirqama qaba.
- 7) Bu'uura dambicha keewwata 27 keewwata xiqqaa (10) jallatti ibsameen, qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan lafti isaa gara magaalaatti daangeffame, hanga magaalaa beenyaa kafalee qabiyyee isaa fudhatuutti mirgi inni qabu itti fufiinsaan akka kabajamuuf ragaan mirkaneessa mirga itti fayyadama lafichaa qajeelfama biroo dhimma kanaaf bahu irratti hundaa'ee kan kennamuuf ta'ee,
- a) Bu'uuruma keewwata xiqqaa kanaatiin qonnaan/horsiisee bulaan manaa fi dallaa isaas akka suphatu magaalaa irraa eeyyamni ijaarsaa addaa qaama aangoo qabuun ni kennamaaf.
 - b) Eeyyama akkataa keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (a)tiin kennameen ala qotee/horsiisee bulaan kamiyyu:
 - i. Ijaarsa haaraa biroo kamiinuu gaggeessuu hin danda'au;
 - ii. Laficha irratti ijaarsi yookiin hojiin seeraan alaa kamiyyuu akka hin raawwatamne tiksuuf dirqama ni qabaata.
 - iii. Dirqama qajeelfama kanaan taa'an raawwachuu dhabuun mirgoota dambichaa fi qajeelfama kanaan kennaman akka irraa mulqamuu fi itti gaafatamummaa kan hordofsiisu ta'a.
- 8) Qabiyyee lafa magaalaa ijaarsa seeraan alaa irratti geggeeffame misoomaaf yoo barbaadame,



- a) Qabiyyee seeraan alaa dambii Lakk.155/2005 duraa irratti argamu misoomaaf yoo barbaadame, ulaagaa dambichaa fi qajeelfama qabiyyeewwan akkanaa keessummeessuuf bahe irratti hundaawuun fudhatama kan argatu yoo ta'e qofa, ijaarsa seeraan alaa qabiyyicha irra jiruuf beenyaa kafaluun osoo hin barbaachisin, lafti bakka bu'iinsaa istaandaardii tajaajilichaa isa xiqqaan sirna liiziitiin ramaddiin kennuun ni danda'ama.
- b) Qabiyyee Lafa magaalaa ijaarsi seeraan alaa irratti raawwatame dambichaa fi qajeelfama dhimma kanaaf baheen fudhatama hin qabne misoomaaf yoo baradame beenyaas ta'ee lafti bakka bu'iinsaa hin raawwatamu.
- 9) Qabiyyeewwan lafa magaalaa biroo misoomaaf yoo barbaadame, kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1-8) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, qabiyyeewwan lafa magaalaa kanneen hafaniif gosa sirna qabiyyichi ittiin argamee, fudhatama seeraan qabanuu, iddoo argamaa fi tajaajila isaa irratti hundaawuun seera qabeessummaan isaa qulqullaa'ee akkaataa istaandaardii gosa tajaajilichaan ni keessumma'u ta'ee;
- a) Bal'inni lafa qabiyyichaa misoomaaf fuudhatamu hangamuu yoo ta'e, lafa sirna kiraan bulaa ture yookiin akka bulu murtaa'e yoo ta'e bakka bu'iinsaan kennamuu danda'u istaandaardii magaalichaa isa guddaa caaluu hin danda'u.
- b) Bal'inni lafa qabiyyichaa misoomaaf gadi lakkifame istaandaardii magaalichaatii gadi yoo ta'e, tajaajilli qabiyyichi kennaa ture itti fufsiisuun dirqama ta'ee yoo argame qofa istaandaardii gosa tajaajilichaaf taa'ee isa xiqqaan bakka bu'aaf.
- c) Qabiyyee Lafa sirna liiziin qabame yoo ta'e, kan qabiyyee sirna liiziitiin qabamaniif tumame kan biroo irrattis raawwatiinsa ni qabaata.

35. Lafa Tajaajila Yeroo Gabaabaaf Hayyamamu

- 1) Bu'uura Labsicha keewwata 18 keewwata xiqqaa 2(b) fi dambicha keewwata 28 tiin lafti magaalaa yeroo gabaabaa keessatti misooma biroo hin



barbaadamne tajaajiloota armaan gaditti tarreeffamaniif liiziin yookiin magaalota kiraan bulanu keessatti kiraan hayyamuun ni dandaa'ama.

- a) Hojiiwwan qonna magaalaa kan akka kuduraa fi muduraa, biqiltuuwwan adda addaa, bakka magariisuu fi bashannanaa, eegumsaa fi kunuunsa gaarrenii, misooma qarqara lageenii;
 - b) Bakka meeshaaleen ijaarsaa ittii omishamu yookiin gurguramu yookiin agarsiifamuuf;
 - c) Yeroo ijaarsi geggeeffamutti maashiinootaa fi meeshaawwan ijaarsaa bakka ittii kuufamaniif;
 - d) Bakka dhagaa, biyyee fi bakka cirrachi ijaarsaaf oolu irraa omishamu yookiin maashinoonni hojiilee kanaaf tajaajilan bakka itti dhaabbatan yookiin qubatan;
 - e) Bakka gabateen beeksiisaa irra dhaabbatu;
 - f) Bakka Dhaabbileen Interpirayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaan itti oomishanii fi tajaajiloota adda addaa itti dhiheessan ni hayyamama.
- 2) Lafti yeroo gabaabaaf kenname barri waliigaltee isaa osoo hin xumuramin misoomaaf yoo barbaadame:
- a) Qabeenyaa laficha irra jiru kaasuuf kan isaa dandeessisu tilmaamni beenyaa ni kennamaaf.
 - b) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2)(a) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, barbaachisummaan isaa ilaalamee yoo itti amaname yeroo waliigaltee hafeef qofa lafti itti fayyadamu bakka bu'insaan kennamuufii ni danda'a.
 - c) Lafti yeroo gabaabaaf duraan kennamee waliigalteen seera qabeessa ta'e kan irratti hin raawwatamin barbaachisummaan isaa kan itti amanamu ta'ee yoo argame qofa bu'uura dambii fi qajeelfama kanaatiin yeroo duraan itti fayyadame ilaalcha keessa galchuun waliigalteen ni raawwatama.



- d) Akkaataa keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (c) jalatti tumameen qabiyyeen fudhatama hin arganne, namni qabee jiru akka gadi lakkisu gochuun lafchi baankii lafa magaalatti galmaawuu qaba.
- 3) Kaffaltiin lafa tajaajila yeroo gabaabaaf kennamuu gosa tajaajilaatiin kan garaagarummaa qabu ta'ee, magaalota sirna liiziitiin bulan keessatti gatii ka'umsaa liizii yeroo magaalichaatii gadi ta'uu hin qabu; Magaalota kiraan bulan keessatti immoo gatiin lafti ittiin kennamu gatii kiraa magaalichaatii gadi ta'uu hin qabu.
- a) Bu'ura keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee,
- i. Tajaajiloota keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) jalatti tarreefaman keessaa lafa tajaajila eegumsaa fi kunuunsa gaarreenii, misooma qarqara lageeniif yoo ta'ee fi sagantaa wabii nyaataan, magaarsummaa magaalaa carraa hojii dargaggootaaf uumuu waliin kan walqabate yoo ta'e, kaabinee magaalaa yookiin aanaan mirkanaa'ee bilisaan kennuun ni danda'ama.
 - ii. Tajaajiloota keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) jalatti tarreefaman keessaa kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (a(i)) ala tajaajila ta'eef gatii kiraa lafa qonnaa, qonnaan bulaan magaalicha keessa jiru kaffaluun ta'a.
 - iii. Tajaajiloota keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b, c, d fi f) jalatti tarreefaman namni lafichi hayyamameef dargaggeeyyii yookiin dubartoota hojidaabeeyyiif yoo ta'e, magaalota liiziin bulan keessatti gatii ka'umsa liiziinii fi magaalota kiraan bulan keessatti kiraa tajaajila daldalaaf murtaa'een ta'a.
 - iv. Kan tartiiba qubee kana lakkoofsa (iii) jalatti gosti tajaajila lafichaa kan kennameef kutaa hawaasaa kanneeniin ala yoo ta'e, gatii liizii yookiin kiraa caalbaasii wayitaawaan ta'a.
- b) Kafaltiin lafa tajaajila yeroof kenname kamtinuu waggaa waggaan kan kafalamu ta'ee, kan waggaa jalqabaa dursee raawwatamuu qaba.



KUTAA SHAN

Waliigaltee Liizii, Bara Liizii fi Kenninsa Waraqaa Ragaa

36. Waliigaltee Liizii fi Kiraa Mallatteessuu

- 1) Tumaaleen labsichaa, dambii fi qajeelfama kanaa akkuma eegamanitti ta'ee; waliigalteen liizii bu'uura Seera Siviilii, Kutaa waliigaltee Manneen Hojii Bulchiinsaa taasisan jalatti akkaataa tumameen kan qajeelfamu ta'a.
- 2) Moo'ataa caal-baasii liizii yookiin kan ramaddiin kennameef yookiin lafti magaalaa bu'uura labsichaa, dambichaa fi qajeelfama kanaan gara sirna liiziitti galu, abbaa mirgaa liizii fi waliigaltee kennaa gidduutti waliigalteen mallattaa'uu qaba.
- 3) Lafa liiziin kenname sababa rakkoo waajjirichaa fi sababa biroo humnaa ol ta'een guyyaa waliigaltee keessatti ibsametti harkaan gahuun kan hin danda'amne yoo ta'e; waliigaltichii irra deebii'amee guyyaa lafa harkaan gahameen ni haaromsama.
- 4) Yeroo waliigaltichi haaromsamu, yeroon haara-galfannaa; jalqabiinsa ijaarsaa, xumura ijaarsaa fi yeroo xumura kaffaltiin liizii irra deebi'amee bifa haaraatiin ni murtaa'a. Gatiin liizii garuu; hin jijjiiramu.
- 5) Ejensiin yookiin Bulchiinsi Magaalichaa adeemsa caal-baasii fi sanada dorgomaan dhiheesse mirkaneessee, mo'ataan erga adda bahee ragga'ee booda guyyoota hojii 5 keessatti moo'ataa caalbaasichaaf beeksisaa fi xalayaadhaan yookiin "E-mail" dhaan waamicha ni taasisa;
- 6) Guyyaa waamichi taasifame irraa eegalee moo'ataan guyyoota hojii 10 keessatti dhiyaatee kafaltii duraa raawwachuu fi haaldureewwan barbaachiisaa guutee bulchiinsa magaalaa waliin waliigaltee liizii mallatteessuu qaba.
- 7) Dorgoomaan mo'ate dirqama guutuudhaan waliigaltee yoo hin mallatteessin guyyoota hojii dabalataa 3 keessatti dhihaatee haal-duree barbaachisoo guutuudhaan waliigaltee akka mallatteessuuf gabatee beeksiisaa magaalichaa irrattii of-eggannoon akka maxxanfamuuf ni taasifama.



- 8) Mo'ataan caal-baasii guyyoota hojii 3 dabalataan kennameef keessatti dhiyaatee kaffaltii duraa raawwachuu yoo baate laficha akka hin barbaannetti lakkaa'amee caal-baasii kabachiisuudhaaf qarshiin wabiin (CPO)n qabsiise bulchiinsa magaalaatiif galii ta'a.
- 9) Lafa waliigalteen irratti hin raawwatamne, koreen caal-baasii raawwachiisu dorgomaan 2ffaa bahe, gatii dorgomaan iffaa bahe dhiheesseen akka dhufee fudhatu guyyoota hojii 5 keessatti waamichi taasifameefii walumaagalatti guyyoota hojii 10 keessatti haal duree barbaachiisaa guutuun waliigaltee akka mallatteessu ni taasifama.
- 10) Dorgomaan 2ffaa yoo hin dhihaanne dorgomaa 3ffaatiif carraan walfakaatu ni kennamaaf.
- 11) Dorgomtootni caal-baasii hanga 3ffaatti moo'atan iddicha fudhachuuf fedhii kan hin qabne yoo ta'e caalbaasichi ni haqama.
- 12) Dorgomaan waggaa tokko keessatti yeroo lama moo'achuun isaa ibsameefii dhiyaatee waliigaltee yoo hin mallateessine, waggaa 2'f caal-baasii lafa Magaalota Naannichaa keessatti gaggeefamu irraa ni dhorkama.
- 13) Keewwata kana keewwata xiqqaa (4) hanga (11) jalatti kanneen tarreeffaman caal-baasii addaa fi lafa magaalota sirna kiraan bulanu keessatti bu'uura labsii, dambii fi qajeelfama kanaatiin hayyamamanu irratti akkaataa barbaachisummaa isaatiin raawwatiinsa kan qabaatan ta'ee, waliigalteen lafa liizii hanga hin mallattoofnetti abbaan mirgummaa hin mirkanaa'u.
- 14) Ejensiin naannoo murtee lafa ramaddiin mana mareetiin hayyamame guyyaa isa qaqqabee kaasee guyyoota hojii shan (5) keessatti nama lafti murtaa'eef sana gabatee beeksisaa Ejensii yookiin e-mail yookiin bilbilaan yookiin hundaanuu nama sanaaf waamicha ni taasisaaf.
- 15) Keewwata xiqqaa (14) keessatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, namni lafti murtaa'eef beeksisaa Ejensiin baase dubbisuu yoo baate yookiin e-mail isaa kan hin hojjenne yookiin bilbilli isaa kan hin hojjenne yoo ta'e Ejensiin itti gaafatamummaa hin fudhatu.



- 16) Namni lafti ramaddiin murtaa'eef lafti mana mareen hayyamamuufiin isaa guyyaa Ejensiin beeksise irraa eegalee yeroo ji'a lama hin caalle keessatti qorannoo dhiibbaa naannoo (EIA) qaama aangoo qabuun mirkanaa'e dhiyeeffachuu qaba. Yeroo kana keessatti waan dhiyeeffachuu qabu kan hin raawwatin yoo ta'e, sababa dadhabeef ragaa qabatamaan deeggeree Ejjensii naannoof dhiyeeffachuun fudhatama yoo argate qofa kan keessummeeffamu ta'a. Haata'u malee, yeroon kun rakkoon humnaa olii hanga nama kana hin mudatintti turtiin baatii jahaa olii haala kamiinuu fudhatama hin qabaatu.
- 17) Ejensiin naannoo guyyaa akkaataa murtiitiin waan dhihaachuu qabu dhihaatee irraa kaasee guyyoota hojii kudhan (10) keessatti murtii lafa ramaddii sana xalayaadhaan beeksisuu qaba; Namni lafti murtaa'eef sunis xalayaa sana fuudhee magaalaa qaqqabsiisuuf dirqama qaba.
- 18) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (16)'tiin yeroon dabalataa kennameef akkaataa murtiitiin waan dhihaachuu qabu kan hin dhiheeffanne yoo ta'e, laficha akka hin barbaannetti fudhatamee lafti murtaa'eef sun baankii lafaatti deebi'ee misooma biroof kan oolu ta'a.
- 19) Namni lafti ramaddiin mana mareetiin murtaa'eef, guyyaa xalayaan Ejensii naannootiin gara magaalatti barreeffameefii eegalee guyyoota hojii 15 keessatti magaalaa sanatti dhiyaatee kafaltii duraa raawwachuu fi haaldureewwan barbaachiisaa guutee bulchiinsa magaalaa waliin waliigaltee liizii mallatteessuu qaba.
- 20) Ejensiin naannoo tarreeffama nama lafti qophaa'ee magaalota irraa ergameefii murtee mana maree argatanii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (16) tiin murteen isaa haqamee fi akkaataa keewwata xiqqaa (19) jalatti tumameen xalayaa Ejensicha irraa fudhatan ji'aan xumura ji'chaa irratti xalayaan beeksisuuf dirqama ni qabaata.
- 21) Ejensiin magaalotaas, tarreeffama nama lafti murtaa'eefii ergamee waliigaltee raawwatanii fi hin raawwatin adda baasee sababa waliin yoo xiqqaate baatiitti yeroo tokko gabaasa ji'aa waliin Ejensii naannoof gabaasuuf dirqama ni qaba.



37. Bu'uura Dambichaa keewwata 30 jalatti tumameen, haalawwan Waliigaltee liizii lafa magaalaa,

- 1) Lafa liiziin hayyamamuuf waliigalteen liizii qophaa'u, mirgaa fi dirqama walii galtee fudhataa; itti gaafatamummaa fi hojii waliigaltee kennaa; haala waliigalaa bulchiinsa qabiyyee liizii; daangaa yeroo jalqabiinsaa fi xumura ijaarsaa, dabalataanis amala addaa laftichi qabu ibsuu qaba.
- 2) Wixineen waliigaltee fi haalawwan waliigaltee, sanada caal-baasii waliin kutaa tokko ta'anii dhiyaachuu qabu.
- 3) Dhimmootni waliigaltee liizii irratti ibsamanii fi qaama sanada waliigaltee ta'anii mallattaa'an nama waliigaltee fudhatee fi qaama waliigaltee kenne gidduutti, seeraa ta'anii ni tajaajilu.
- 4) Namni kafaltii duraa xumuree waliigaltee liizii seene gosaa fi sadarkaa ijaarsaatiin adda bahee yeroo taa'e keessatti ijaarsa jalqabuu fi xumuruu qaba.
- 5) Waliigaltee lafa magaalaa haala caaseffama magaalichaan koppii afur (4) yookiin shaniin (5) kan qopheessu Ejensii magaalichaa ta'ee, kan mallatteessuu qabu kantiibaa magaalichaa yookiin nama inni bakka buusuun ta'a; Koppiin waliigaltee kanaa tokko nama lafti hayyamameef, tokko faayila qabiyyichaa keessatti kan hidhamu, tokko waliigaltee lafa magaalaa hordofuuf qaama Ejensii magaalichaa keessatti aangoon kennameef, kan hafe bulchiinsa gandaa iddichi keessatti argamuu fi Ejensii naannootiif kan ergamu ta'a.
- 6) Lafti magaalaa tajaajila mana jireenyaan ala hojii misoomaaf caalbaasii fi ramaddiin hayyamame kamtinuu haala kanatti aanuun ragaalee guutuu waliin gabaafamuu qabu;
 - a) Lafti magaalaa tajaajila adda addaatiif hayyamamanu kamtinuu unkaa Ejensiin qopheessee dhiyeessuun galmaawuu fi gabaafamuu qabu;
 - b) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (a) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, lafti magaalaa tajaajila mana jireenyaa nama dhuunfaaf ala misooma adda addaatiif hayyamamamu xalayaa murteen itti beeksifame, ragaa waliigaltee, waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa fi ragaalee biroo



barbaachisaa ta'an xalayaa geggeessituu itti gaafatamaa waajjira Ejensii magaalichaan mallattaa'een Ejensii naannootiif argamuu qabu.

- c) Xalayaan murtee lafa magaalaa tajaajila misooma adda addaatiif hayyamaman nama hayyamameef(Dhaabbata yookiin nama dhuunfaa), lammummaa isaa, saba isaa, saala, gosa tajaajilaa, sirna lafichi itti hayyamame, gatii lafaa, bara liizii, yeroo itti murtaa'e, qaama murteesse, kappitaala galmaa'e, carraa hojii dhaabbii fi yeroon uumamuu danda'u, teessoo lafichi itti argamu (Godina, magaala, Ganda, maqaa addaa naannoo sanaa, bilookii, Lakkoofsa addaa paarsilii fi x-y co-ordinate), fi odeeffannoo biroo kan haammatu ta'ee, qaamolee dhimmi ilaallatu hundaaf(Fkn, Komishinii Invastimantii Oromiyaa, W/ra Galiiwwanii, Ejensii Naannoo, Godinaa/Gandaa/, w/ra kantiibaa, Bulchiinsa Aanaa fi KKF) garagalchaan beeksifamuu qaba.

38. Waraqaa Ragaa Qabiyyee lafa Magaalaa

- 1) Magaalota sirna Liizii keessa hingalle keessatti lafa kennameef waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kennamu akkaataa seera kiraatiin ta'a.
- 2) Magaalota sirna Liizii keessa galan keessatti lafa liiziin kennameef waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kennamu, akkaataa sirna liiziin ta'a.
- 3) Qabiyyeen waraqaa raga abbaa qabiyyummaa lafa liizii yookiin kiraan darbuu akkaataa dambicha keewwata 31(3)'nii fi qajeelfama bulchiinsa qabiyyeetiin kan raawwatu ta'ee,
 - a) Maqaa guutuu nama lafti liiziin yookiin kiraan hayyamameef hanga akaakayyuuttii fi suuraa paaspoortiidhaaf ta'u kan abbaa qabiyyichaa yookiin maqaa dhaabbatichaa;
 - b) Teessoo fi bal'ina lafichaa;
 - c) Sadarkaa, lakkoofsa pilootii fi gosa tajaajila lafichaa;
 - d) Hanga kaffaltii duraa fi gatii liizii yookiin kiraa waliigalaa lafichaa;
 - e) Hanga kaffaltii liizii yookiin kiraa waggaan raawwatamuu fi yeroo kaffaltichi itti xumuramu;
 - f) Bara qabiyyeen liizii yookiin kiraa itti ragga'ee turu, lakkoofsa waraqaa ragaa abbaa qabiyyee;



- g) Agarsiiftuu kallattii Kaaba lafichaa, daangessitoota kallattii arfanii, safartuu yookiin iskeelii fi ko'ordineetii X - Y kan hammate ta'uu qaba.
- 4) Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kennamu akkuma jirutti ta'ee, qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa lafti isaa gara magaalaatti daangeffameefis bu'uura Dambicha keewwata 27(10) tiin mirkaneessi mirga itti fayyadama lafichaa kan kennamuuf ta'a.

39. Bara Liizii Murteessuu

- 1) Barri liizii kan murtaa'u akkataa labsichaa keewwata 18tiin ta'ee,
 - a) Mana jireenyaa, Riil Isteetii, Saayinsii fi Teeknoolojiif, Qoo'annoo fi Qorannoof, Manneen Hojii Mootummaatiif, Dhaabbilee Tola Ooltotaaf, Dhaabbilee Amantaa fi Tajaajila Hawaasummaa biroof hanga waggaa 99;
 - b) Tajaajila Industirii Manuufaakcharingiif hanga waggaa 80;
 - c) Tajaajila Daldalaaf hanga waggaa 70;
 - d) Qonna Magaalaa hanga waggaa 15;
 - e) Lafa Tajaajila yeroo gabaabaatiif hanga waggaa 5;
 - f) Tajaajila Kan biroof hanga waggaa 70.
- 2) Namni barri liizii baaxii bara liizii keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tarreeffamee gadi akka ta'uuf barbaade, waggaan kafaltii liizii itti xumuru(WKLiX) bu'uura dambicha keewwata (36) keewwata xiqqaa (4)'n akka armaan gadiitti murta'a.

WKLiX = Bara liizii mallattaa'e X Baay'ina waggaa kafaltii xumuruuf baaxii bara liiziif kenname

100

- 3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, lafa tajaajiloota kanatti aananuuf kennamu barri liizii mana mareetiin murtaa'a;
 - a) Lafa Dhaabbilee Dipiloomatikii fi Idil-Addunyaatiif kennamu,
 - b) Lafa hojiiwwan misoomaa tajaajila adda addaatiif gaafatamuu fi kan barri liizii isaanii labsichaa, dambii fi qajeelfama kana kessatti ifatti hin tumamin ta'a.



KUTAA JAHA

Gatii Liizii fi Raawwii Kaffaltii Lafa Magaalaa

40. Gatii Ka'umsa Liizii

- 1) Magaalootaa sirna liizii keessa hin galle keessatti, lafti kan hayyamamu gatii kiraa lafaa kan waggaan kaffalamu akka galii ka'umsaatti fudhatamee caalbaasiidhaan ta'a.
- 2) Tilmaamni gatii ka'uumsa liizii akkaataa caaseeffamaa fi haala qabatamaa magaalotaa irratti hundaa'ee, tooftaalee armaan gadii yaada keessa galchuun kan qophaa'uu ta'a.
 - a) Shallaggiin gatii ka'uumsa liizii dhimmoota dabarsa lafaa fi haala gabaan walqabatu, qorannoo guddina amma jiruu fi fulduratti dhufu gaggeessuun, haala itti fayyadama lafaa fi sadarkaa lafaa yaada keessa galchuun;
 - b) Kan keewwata xiqqaa kana qubee(a) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, baasii laficha qopheessuuf bahe, namoota laficha irraa ka'aniif beenyaa kaffalamu, baasii bu'uuraalee misoomaa diriirsuuf barbaachisu, hojii adeemsiftuu fi baasiwwan biroo qabatamaa ta'an tilmaama keessa galchuu qaba.
- 3) Lafa magaalaa gatii zooniitiin qooduu fi haala raawwii isaa:
 - a) Gatiin liizii ka'umsaa lafaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin shallaggamee kaa'ame bu'uura gochuun kaartaan zoonii gatii qophaa'uu qaba.
 - b) Gatiin liizii ka'umsaa yeroo isaa eeggate akka raawwatuuf, caalbaasiwwan bara baajataa yookiin caalbaasiwwan waggoota lamaan darban keessatti adeemsifaman zoonii lafaa fi gosa tajaajilaa tilmaama keessa galchuun qophaa'u qaba.
 - c) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3(a)tiin kaartaan zoonii gatii qophaa'u, Mana Maree Bulchiinsa Magaalaa yookiin magaalaa mana marii



hin qabne keessatti Mana Maree Bulchiinsaa Aanaatiin mirkanaa'uu qaba.

- d) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3(c)tiin kaartaan mirkanaa'e, barreeffamaan ilaaluuf akka danda'amutti qophaa'ee weeb-saayitii dhaqqabamaa ta'e kamiyyuu fi gabatee beeksisaa irratti ummataaf ifa taasifamuu qaba.
- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin kaartaan zoonii gatii mirkanaa'e lafa caalbaasiif dhiyaatuu fi ramaddiin kennamu irratti kan raawatamu ta'a.
- 5) Lafti kamiyyuu gatii liizii ka'uumsaa kaa'ameefiin gadi caalbaasiin darbuu hin danda'u.
- 6) Bu'uura imaammata misoomaa biyyattii fi magaalaatiin,
 - a) hawasaa galii xiqqaa qabanii fi waldaalee ijaarsa mana jireenyaaf lafti tajaajila mana jireenyaaf kennamu,
 - b) manufaakcharingii,
 - c) qonna magaalaa fi lafa tajaajila yeroof kennamu qo'annoo gaggeessuudhaan akkaataa tajaajilichaatiin gatiin ka'umsa addaa hojiirra oolchuun ni danda'ama.

41. Gatii Liizii

- 1) Gatiin liizii lafa caal-baasiin darbuu tokko tokkoo iddoo caalbaasiif dhiyaateen gatii ol'aanaa mo'ataan caalbasichaa dhiyeesse ta'a.
- 2) Gatiin liizii lafa sirna rammadiitiin hayyamamuu gosa tajaajila lafichaatiin adda bahee tilmaamamuu ni danda'ama.
- 3) Akkaata keewwata kana keewwata xiqqaa (2)tiin shalaguun bakka hin dandaa'amneetti, kaffaltiin gatii ka'umsa liizii lafa rammaddiin kenname irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 4) Lafa dhaabbilee dippilomaatotaa fi idil-addunyaatiif ramaddiin hayyamamu gatii liizii mootummaan murteessuun kan raawwatamu ta'a.



- 5) Akaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (4)'tiin gatii liizii murteessuun yoo hin danda'amne gatii liizii caal-baasii wayitaawaa magaalichaan kan murtaa'u ta'a.
- 6) Lafti dhaabbilee tola ooltummaa; amantaa fi dhaabbilee baajataa Mootummaatiin bulaniif sirna qabiyyee lafti magaalichaa ittiin bulaa jiru irratti hundaawuun ramaddii liiziitiin yookiin kiraatiin kan kennamu ta'ee, kaffaltii liizii yookiin kiraa waggaa irraa bilisa ta'ee, kaffaltii beenyaa qabeenya laficha irra jiruu fi/yookiin baasii deebisanii dhaabuuf barbaachisu al-tokkoon kafaluu qabu.
- 7) Tilmaamni gatii caalbaasii wayitaawaa kan magaalaa sirna liizii keessa galees ta'ee, kan kiraan buluu,
 - a) Yeroo waggoota lamaan darban keessatti gatii giddu gala gosa tajaajila walfakkaatuuf dhiyaate kan yeroo dhiwoo fudhachuun kan shallagamu ta'a.
 - b) Gatiin gosa tajaajila walfakkaatuuf yeroo kana keessatti caalbaasiin argame yoo magaalicha keessatti hin argamne gatii tajaajila biroof argame,
 - c) Yeroo waggoota lamaan kana keessatti lafti caal-baasiif yoo hin dhiyaatin gatii magaalaa sadarkaan walgitu, kunis yoo hin argamne kan sadarkaan itti aanuu (sadarkaa gadiis ta'ee olii) fudhachuun ni danda'ama.
 - d) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (a) hanga (c)tti tumame jiraatanus, gatiin kun gatii ka'umsa liizii yookiin kiraa lafa magaalichaatii gadi ta'uu hin qabu.
- 8) Magaalotnii fi godinaaleen hundi ragaa gatii lafa caal-baasiif dhiyaateef tokko tokkoon kenname tarreessuun sadarkaan Ejensii Godinaa fi Naannootiif kurmaana kurmaanaan erguuf dirqama ni qabaatu.
 - a) Ejensiin Naannoo gucaalee ragaan kun itti gurmaa'ee ergamu qopheessuun qaama gadiitiif ni dabarsa.



- b) Ejensiin Naannoo ragaa guca ergameen qaama gadiirraa ergame kana xiinxaluun gatii caal-baasii wayitaawaa magaalotaa fi godinaaleef yoo xiqqaate waggaatti yeroo lama beeksisuuf dirqama ni qaba.
 - c) Ragaalee gatii caalbaasii marsaa marsaadhaan jiru akka naannootti qindeessuun barruulee fi/yookiin weebisaayitii Ejensichaa irratti ummataaf ifa ni taasisa.
- 9) Kewwata kana keewwata xiqqaa 1 hanga 8 tti ibsame akkuma eegametti ta'ee, gatiin liizii ka'umsaa lafa magaalaa Mana Maree Bulchiinsaatiin kan murtaa'u ta'a.

42. Haala Addaa Gatiin Lafa Magaalaa Itti Murtaawu

- 1) Dambicha keewwata 34 (10) fi qajeelfama kana keewwata 41 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Manni Maree Bulchiinsaa pirojektoota gurguddoo faayidaa biyyaalessaa qaban, akkasumas lafa tajaajila zooniiwwan industiriitiif oolu gatii liizii ka'umsaa addaa murteessuu ni danda'a.
- 2) Gosa pirojektii investmentii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa Itiin dhiyaatu murteessuun dura, tarreeffamni raawwii ulaagaawwanii qajeelfamaan kan ibsamu ta'ee, Manni Maree Bulchiinsaa ulaagaawwan armaan gadii tilmaama keessa galchuu qaba:
 - a) Kaappitaala gurguddoo kan investii godhan ta'uu;
 - b) Oomishaalee al-ergee kan jajjabeessu ta'uu;
 - c) Sharafa biyya alaa kan argamsiisu ta'uu;
 - d) Meeshaalee biyya alaati galan bakka buusuu kan danda'u ta'uu;
 - e) Carraa hojii bal'aa kan uumu ta'uu;
 - f) Godinaalee giddu galeessa Naannichaa irraa fageenya qaban irratti hojjachuu;
 - g) Teeknolojiwwaan haarawaatti fayyadamuun ce'iinsa teeknolojiitiif gahee kan qabu ta'uu isaa ti.



- 3) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti tumaman akkuma eegamanitti ta'ee, haala addaatiin yoo murtaa'ee malee, pirojeektotni haala kanaan gatiin jaraa haala addaan murtaa'uuf fudhatama qabaatanu ulaagaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti tarreeffaman keessaa harka shantamaa ol kan guute ta'ee argamuu qaba.

43. Haala Kaffaltiin Liizii Itti Raawwatamu

- 1) Namni lafti caalbaasii yookiin ramaddii liiziitiin kennamameef gatii liizii waligalaa irraa kan shalagamu kaffaltii duraa yoo xiqqaate %10 kaffaluu qaba.
- 2) Kan keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame jiraatuyyuu, namni lafichi eeyyamameef kafaltii duraa %10 ol kaffaluufis ta'ee, gatii liizii waliigala lafichaa yeroo tokkotti xumuruuf mirga ni qabaata.
- 3) Nama kafaltii lafaa waliigalaa yeroo tokkotti xumureef, dhalli kafaltii irratti hin herregamu; jajjabeessuudhaafis kaffaltii liizii waliigalaa irraa %10 ni hir'ifamaaf.
- 4) Namni lafti liiziin eeyyamameef kafaltii duraa erga raawwatee booda, kaffaltii hafe xumuruuf tajaajila mana jireenyaaf hanga waggaa 60, qonna magaalaatiif hanga waggaa 7 fi tajaajilawwan biroof hanga waggaa 40 ni kennamaaf.
- 5) Kafaltii liizii waliigalaa keessaa kafaltiin duraan kaffalame erga hir'ifamee booda kafaltiin hafe bara kaffaltii liiziif qoodamee gatiin giddu-galeessaan argame hanga bara xumura kaffaltii liiziitti waggaa waggaan ni kafalama.
- 6) Kan keewwata kana, keewwata xiqqaa (5) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, waliigaltee fudhataan kafaltii waggaa keessatti raawwatuu qabu addaan qoodee nan kafala jedhee yoo gaaffii dhiyyeesse heyyamuufii ni danda'a. Haa ta'u malee, haalli kafaltiin itti raawwatamu si'a sadii ol ta'uu hin qabu.
- 7) Kafaltiin liizii %10 kafalame irraa kan hafe irratti dhalli akkataa shallaggii Baankii Daldalaa Itoophiyyaatiin kaffaltii waggaa waggaa irratti ni kafalama.
- 8) Kan keewwata kana, keewwata xiqqaa (7) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, tilmaamni dhala liqii Baankii yemmuu jijjiiramu shallaggiin isaas walumaan kan jijjiiramu ta'a.



- 9) Sababa jijjiirama gosa tajaajilaatiin gatiin yoo jijjiirame malee kafaltiin liizii al-tokko irratti waliigalame, hanga barri waliigaltee xumuramutti hin jijjiiramu.

44. Kaffaltii Liizii Kuufame Sassaabuu

- 1) Namni lafa liiziidhaan fudhate, akkaataa waliigalteetiin yeroo isaa eeggatee kaffaltii raawwachuu qaba.
- 2) Bu'uura Labsichaa, keewwata 20, keewwata xiqqaa (6)tiin abbaan qabiyyee liizii kafaltii liizii yeroo murtaa'e keessatti yoo hin kaffalin, waggaa waggaadhaan kaffaltii rawwachuu dhabuu isaatiif qaama galii sassaabuuf aangoon kennameef irraa of-eegannoo barreeffamaa sadarkaa sadarkaan ni kennamea.
- 3) Keewwata kana, keewwata xiqqaa (2) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, kuufamni kafaltii waggoota 3 yoo irra jiraate waggaa 4^{ffaa} irraa eegalee Ejensiin Magaalaa yookiin qaamni galii magaalichaa sassaabuu qabeenyicha qabatee gurguruun kaffaltii idaa kuufameef oolchuuf aangoo ni qabaata.
- 4) Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (3)tiin qabeenyi gurguramu adeemsa caalbaasiitiin ta'ee, lafa liiziin qabamee fi qabeenya laficha irratti argamu qofa irratti kan raawwatamu ta'a.
- 5) Qabeenyi abbaa qabiyyee liizii bulchiinsa magaalatiin to'atamuu kan danda'u ajaja to'achuu kennamuun ta'ee, qabeenya qabiyyee waliigalteen walqabate qofa irratti ta'a.
- 6) Qaamni kuufama liizii funaanu qabeenya abbaa qabiyyee liizii yemmuu too'atu humni poolisii akka argamu gaafachuu ni danda'a.
- 7) Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (3)tiin, bulchiinsi magaalaa kuufama kaffaltii jiru funaanuuf gurgurtaan qabeenyaa raawwatu kamiyyuu, karaa seeraatiin bulchiinsa qabeenya lafa sana irratti argamu kan hin miine ta'uun isaa hanga mirkanaa'eetti, qabeenyi gurguramu hanga idaa irra jiru qofa irratti ta'a.



- 8) Qaamni qabeenya too'annaa jala oolche guyyaa too'ate irraa eegalee guyyoota hojii 10 booda caalbaasii ifa ta'een hanga idaa isa irraa barbaadamutti qabeenyicha gurguruu ni danda'a.
- 9) Bu'uura Labsichaatiin, dambii fi qajeelfama kanaatiin kaffaltiin liizii hin raawwatin qaamni aangoon kennameef idaa kafaltii liizii kuufama funaanuuf galii abbaa qabiyyichaa waliigaltee waliin walqabatan yookiin qabeenya biroo too'achuu kan danda'u, xalayaan abbaa qabiyyee liizii erga beeksisee booda ta'a.
- 10) Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (9)'tiin beeksiisni kennamu guyyoota 60 dura abbaa idaa kafaltii liizii dhaqqabuu qaba.
- 11) Qabeenya Mana Murtiitiin dhorkame, raawwii irra jiruu fi wabummaadhaan haala seera qabeessa ta'een qabsiifame alatti namni qabeenyi sababa kuufama kaffaltii liiziitiif qabamee harkatti argamu kamiyyuu, qaamni kuufama kaffaltii liizii funaanu yoo gaafate qabeenya harka isaa jiru harkaan gahuu yookiin dirqama isaa raawwachuuf itti gaafatamummaa qaba.
- 12) Namni kamiyyuu qaamni kuufama kafaltii liizii funaanu yoo gaafatu qabeenya idaan qabame harkaan gahuu yoo dide, hanga kafaltii kuufama liizii irraa barbaadamuuf qofa dhuunfaadhaan kan itti gaafatamu ta'a.
- 13) Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (12)'tiin abbaan qabeenyi isaa kuufama kafaltii liiziitiif jalaa qabame raawwi irratti komii yoo qabaate, sadarkaa sadarkaan hanga Kantiibaatti, magaalota itti waamamni isaanii aanaaf ta'an ammoo hanga bulchaa aanaatti barreefamaan komii isaa dhiyeefachuu ni danda'a.
- 14) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (13)'tiin qaamni komiin dhiyaateef dhimmicha qulqulleesse yeroo ji'a tokko hin caalle keessatti murtee kennu qaba.

45. Yeroo Haara Galfannaa

- 1) Namni lafti magaalaa liiziin hayyamameef, yeroon haragalfannaa gosa misoomaa yookiin akaakuu tajaajilichaatiin waggaa 2 hanga waggaa 5 kan kennamuuf ta'ee,



- a) Industirii manufaakcharingiitiif yookiin dameen agiroo-piroosasingiif hanga waggaa 5;
 - b) Damee barnootaa yookiin fayyaa sadarkaa sadarkaan jiraniif hanga waggaa 4;
 - c) Riil isteetii gurguddaaf hanga waggaa 3; fi
 - d) Hoteelootaafhangawaggaa3kankennamuuf ta'a.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (a-d) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, dameewwan yeroon haara galfannaa hin murtaa'iniif haala pirojektichaa irratti hundaa'uun hanga waggaa 5tti Ejensiin murteessuu ni danda'a. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
 - 3) Yeroon haaragalfannaa lakkaa'amu kan jalqabu guyyaa waliigalteen liizii mallattaa'e irraa eegalee ta'a.
 - 4) Yeroon haaragalfannaa hayyamamu haala kamiiniyyuu yeroo ijaarsa xumuruuf kenname caaluu hin qabu.
 - 5) Namni Dambichi bahuun dura lafti magaalaa liiziin hayyamameefii sababa rakkina qaama lafa harkaan gahuutiin osoo hin fudhatiin kan ture yookiin erga lafa harkaan gahatee kaasee hanga Dambiin kun ragga'utti waggaa 2 kan hin caalle yookiin kaffaltii liizii duraa naaf haa hir'atu yookiin barri kaffaltii liizii itti xumuru naaf haa dheeratu jechuun komii dhiyeeffatee dhimmi isaa murtii osoo hin argatiin ture yeroo haaragalfannaa keewwata kana keessatti tumame akkaataa barbaachisummaa isaatti fayyadamaa ta' uu ni danda'a.



KUTAA TORBA

Sadarkaalee Ijaarsaa

46. Sadarkaaleen Ijaarsaa

Ijaarsi sadarkaa xiqqaa, giddugaleessaa fi ol'aanaa jedhamuun bakka sadiitti kan qoodamu ta'a.

1) Ijaarsa sadarkaa xiqqaa:

- a) Ijaarsa hanga darbii 2 qabu, yookiin
- b) Ijaarsa bal'ina qabiyyee lafaa hanga kaaree meetira 500 irratti gaggeeffamu dha.

2) Ijaarsa sadarkaa giddu-galeessaa:

- a) Ijaarsa darbii 3 hanga 5 qabu, yookiin
- b) Yeroo tokkotti ijaarsa hanga manneen jireenyaa 80 ijaaraman, yookiin
- c) Dhaabbilee barnoota hanga sadarkaa 2^{ffaa} ol'aanaatti ijaaraman, yookiin
- d) Dhaabbilee fayyaa hanga kiliinika ol'aanaa addaatti ijaaraman, yookiin
- e) Ijaarsa mana kitaabaa fi galma waliigalaa hanga nama 500 kan keessummeessu, yookiin
- f) Ijaarsa dirree fi giddugala ispoortii hanga nama 500 kan qabatu, yookiin
- g) Ijaarsa dhaabbilee oomishaa salphaa fi kuusaa giddugaleessa bal'inna lafa karee meetira 501 hanga 5,000 irratti ijaaraman, yookiin
- h) Ijaarsa baasiin isaanii hanga qarshii 5,000,000 tti tilmaamamani dha.

3) Ijaarsa sadarkaa ol'aanaa:

- a) Ijaarsa darbii 6 fi isaa ol ta'e, yookiin
- b) Ijaarsa dhaabbilee tajaajila geejjibaa sadarkaa addunyaa, biyyoolessaa fi magaalaatti kan ijaaraman, yookiin
- c) Ijaarsa dhaabbilee dippilomaatotaa, yookiin
- d) Bal'inni qabiyyee karee meetira 5,001 fi isaa olii irratti ijaarsa gaggeeffamu, yookiin



e) Ijaarsa mana jireenyaa 80 ol yeroo tokkotti ijaaramu dha.

47. Ijaarsa Jalqabuu

- 1) Namni lafti magaala hayyamameef yeroon ijaarsa itti jalqabuu qabu guyyaa waliigalteen liizii itti mallattaa'e irraa eegalee ijaarsa xiqqaaf ji'a 9, ijaarsa giddu-galeessaaf ji'a 12 fi ijaarsa ol'aanaaf ji'a 24 caaluu hin qabu.
- 2) Ejensiin bu'uura Labsii Keewwata 22 Keewwata Xiqqaa (2) tiin daangaa yeroo ijaarsi itti jalqabamu ofeegannoo waliin yommuu dheeressu, ijaarsa xiqqaaf ji'a 6, ijaarsa giddugaleessaaf ji'a 9 fi ijaarsa ol'aanaaf waggaa 1 caaluu hin danda'u.
- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2)'tiin yeroon ijaarsi itti jalqabamu dabalataan hayyamamu, haala kamiiniyyuu gaaffii yeroo dabalataa xumura ijaarsaaf dhiyaatuuf sababa ta'uu hin danda'u.

48. Ijaarsa Xumuruu

- 1) Namni lafti liiziidhaan hayyamameef kamiyyuu guyyaa waliigaltee mallatteesserraa eegalee akkaataa sadarkaa fi gosa ijaarsaatiin daangaa yeroo ijaarsicha xumuruuf kaa'ame keessatti ijaarsa xumuree tajaajilaaf qopheessuu qaba.
- 2) Ijaarsawwan sadarkaa xiqqaaf hanga ji'oota 24, ijaarsawwan giddugaleessaaf hanga ji'oota 36 fi ijaarsawwan ol'aanaaf hanga ji'oota 48 tti yeroo xumura ijaarsaa ni qabaatu.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, yeroon xumura ijaarsaa dabalataa yeroo tokko qofaaf of eeggannoo wajjin ijaarsa sadarkaa xiqqaaf ji'a 6, ijaarsa sadarkaa giddugaleessaa fi ol'aanaaf waggaa 1 hayyamamuu ni danda'a.
- 4) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (3) jalatti tumame jiraatuuyyuu; bu'uura Labsicha Keewwata 23 Keewwata Xiqqaa (3)'tiin guyyaa waliigalteen mallattaa'erraa eegalee haala kamiinuu yeroon xumura ijaarsaa, ijaarsawwan sadarkaa xiqqaaf waggaa 2 fi ji'a 6, ijaarsawwan giddugaleessaaf waggaa 4 fi ijaarsawwan ol'aanaaf waggaa 5 ol hayyamamuu hin danda'u.



- 5) Keewwata kana Kewwata Xiqqaa (4) jalatti kan ibsame jiraatuuyyuu, ijaarsa manneen waldaa ofgargaarsaa raawwataman, pirojaktootni gurguddoo fi misooma qindaa'aa barbaadan, bal'inni lafa isaanii karee meetira 100,000 ol ta'aniif dursee sagantaa ijaarsaa addaa qophaa'eefii waliigalteen addaa ni taasifama. Tarreeffamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 6) Ijaarsawwan xumuramuu qaban yeroon hayyama ijaarsaa lakkaa'amu kan jalqabu guyyaa waliigalteen liizii mallatteeffame irraa eegalee ta'a.

49. Qabiyyee Yeroon Ijaarsi Jalqabamu Irra Darbe

- 1) Nama lafti hayyamameefii ijaarsa osoo hin jalqabiin tureef Ejensiin yeroon jalqabbii ijaarsaa osoo hin darbiin yoo xiqqaate ji'a 2 (Lama) dura karaa mija'aa ta'een, bakka teessoo isaatti xalayaadhaan, yookiin beeksisa bakka lafichi itti argamutti maxxansuudhaan, yookiin gabatee beeksisaa uummata naannichaatti argamu irratti maxxansuudhaan of-eeggannoo kennuu qaba.
- 2) Namni ijaarsa yeroo waliigaltee keessatti murtaa'een hin jalqabiin, yeroon ijaarsa itti jalqabuu qabu osoo hin xumuramiin yookiin yeroon ijaarsa itti jalqabuu qabu erga xumuramee booda yeroo ji'a 1(Tokko) hin caalle keessatti sababa itti ijaarsa jalqabuu dadhabeef, fuulduratti ijaarsicha jalqabuuf qophii fi humna akka qabu Ejensii Magaalaatiif barreeffamaan gaaffii yeroo dabalataa dhiyeessuu qaba.
- 3) Gaaffiin yeroon naaf haa dheeratu fudhatama yoo argate yeroon dabalataa Dambii kana keessatti ibsame hayyamamuufii ni danda'a.
- 4) Keewwata kana Kewwata Xiqqaa (3) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, gaaffiin yeroon naaf haa dheeratu yeroo kana keessatti yoo hin dhiyaatiin rakkoon humnaa ol ta'e quunnamuu isaa ragaan mirkanaa'ee yoo dhiyaate malee fudhatama hin qabu.
- 5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (4) jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, daangaan yeroo ijaarsi itti jalqabuuf taa'e keessatti ragaa qabatamaa humnaa ol ta'een ijaarsi kan hin eegalle yoo ta'e, qaamni dhimmi ilaallatu dhimmicha qoratee yeroo ijaarsaa dheeressuu ni danda'a.



- 6) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (5) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, kanneen armaan gaditti tarreeffaman rakkoolee humnaa olii jedhamanii fudhatamu.
- a) Lafa irratti falmiin ka'ee dhorki mana murtii yoo jiraate; yookiin
 - b) Qaamni laficha ramaddiin yookiin caalbaasii baase iddicha bilisa godhee dabarsuu yoo hin dandeenye; yookiin
 - c) Waliigaltee fudhataan qaama sadaffaa waliin ijaarsa laficha waliin walqabatee waliigaltee raawwatameen walqabatee waldiddaan uumame yoo jiratee fi qaama seeraaf dhiyaatee ilaalamaa yoo ture; yookiin
 - d) Waliigaltee fudhataa dhukubni qaamaa fi sammuu yoo qunname, kunis dhaabbata seera qabeessa ta'e irraa ragaa ogeessa fayyaatiin yoo mirkanaa'e; yookiin
 - e) Waliigaltee fudhataan too'annoo seeraa jala yoo oole; yookiin
 - f) Waliigaltee fudhataan kan du'e ta'ee, dhaaltonni kana mirkaneessuuf yeroo kan itti fudhate yoo ta'e; yookiin
 - g) Kan seera hariiroo hawaasaa keessatti ibsamani dha.
- 7) Namni yeroo waliigalteen murtaa'e keessatti ijaarsa osoo hin eegaliin hafee yeroo dabalataa ijaarsa jalqabuuf hayyamameefii yeroo hayyamameef keessatti yoo ijaarsa hin eegalle yookiin gaaffiin yeroo dabalataa dhiyaate fudhatama kan hin argatiin, yookiin dhiyaatee kan hin gaafanne yoo ta'e, waliigalteen addaan citee Ejensiin laficha deebisee ni fudhata.
- 8) Namni sababa ijaarsa jalqabuu dhabuutiin waliigalteen jalaa addaan cite adabbiin Labsicha Keewwata 22 Keewwata Xiqqaa (3) yookiin (4) jalatti tumame akkaataa maluun irratti ni raawwata.

50. Qabbiyyee Lafa Magaalaa Yeroon Ijaarsa Xumuruu Irra Darbe

- 1) Ejensiin namoota lafti hayyamameef odeeffannoo qabachuun yeroon raawwii ijaarsaa sadarkaa sadarkaan Dambii kana keessatti dhumuun dura adeemsa isaa hordofuu fi abbaa mirgaa akeekkachiisuuf dirqama qaba.
- 2) Bu'uura Dambicha Keewwata 41 Keewwata Xiqqaa (4) fi (5)'tiin namni ijaarsa daangaa yeroo kaa'ame keessatti osoo hin xumuriin irra darbe, yeroo ji'a



tokko hin caalle keessatti sababa xumuruu dhabeef ragaa qabu dhiyeessee akka ibsu Ejensiin beeksisaan waamicha gochuufi qaba.

- 3) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2)'tiin abbaan mirgaa akkaataa waamicha godhameefiin guyyoota hojii 10 keessatti dhiyaatee yoo iyyatee fi ijaarsicha kan hin xumurre sababoota humnaa olii ta'aaniin ta'uu isaa raggaadhaan yoo mirkaneesse yeroon dabalataa ni hayyamamaaf.
- 4) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (3)'tti sababootni humnaa ol jedhaman kanneen Dambicha Keewwata 42 Keewwata Xiqqaa (6) jalatti tarreeffamani dha.
- 5) Abbaan mirgaa guyyaa waamichi darbeef irraa eegalee guyyoota hojii 10 keessatti dhiyaatee rakkoo isaa yoo hin ibsine yookiin sababa amansiisaa dhiyeeffachuu yoo baate yookiin yeroo dabalataa kennameefiin ijaarsicha yoo xumuruu baate, bu'uura Labsicha Keewwata 23 Keewwata Xiqqaa (6)'tiin Ejensiin waliigalticha addaan kutuudhaan laficha deebisee fudhachuu ni danda'a.
- 6) Bu'uura Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 3tiin namni gaaffiin isaa fudhatama hin arganne yookiin raawwii irratti komii qabu dhimmicha sirna Dambii kana keessatti komiin itti dhiyaatu hordofuun sadarkaan dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 7) Akaataa Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa (6) jalatti ibsameen qaamni komiin itti dhiyaate kamiyyuu dhimmicha qulqulleessee guyyoota hojii 10 keessatti murtee kennuu qaba. Murtee kennames karaa mijaawaa ta'een abbaa mirgaaf beeksifamuu qaba.
- 8) Bu'uura Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa (7)'tiin namni gaaffiin isaa fudhatama hin argannes ta'ee kan fudhatama argate guyyoota hojii 10 keessatti dhiyaatee murtee kenname fudhachuu qaba.
- 9) Namni komiin isaa fudhatama hin arganne guyyaa Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa (8) keessatti ibsametti yoo hin dhiyaanne waliigaltichi addaan cituun dura yookiin komii isaa dhiyeessuuf qofaaf yeroo isa gahu gaaffii



barreeffamaan yoo dhiyeeffate qaamni dhimmi ilaalu yeroo dabalataa kennuufii ni danda'a.

- 10) Bu'uura Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa (9)'tiin yeroon dabalataan kennamuuf kan guyyoota 45 hin caalle ta'ee, Ejensichi hanga guyyoota 45 dabalataan kennameefiitiin kaffaltii liizii waliigalaa irraa % 2 kan herregamee kaffalamu kaffaltii adabbii gaafachuu ni danda'a.
- 11) Kan Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa (10) jalatti tumame jiraatus, qaamni kaffaltii kana raawwate komii dhiyeessee hanga murtiin itti kennamutti yeroo jiru kan dabalatu hin ta'u.
- 12) Bu'uura Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa (10)'tiin yeroo daangaa kennameef keessatti murteen waliigalticha itti fufsiisu kan hin kennamnee fi mirga liizii kan hin dabarsine yoo ta'e, qaamni dhimmi ilaalu waliigalticha addaan kutuun bu'uura Labsichaa Keewwata 23 Keewwata Xiqqaa (7)'tiin kan raawwatu ta'a.
- 13) Bu'uura Labsichaa Keewwata 23 Keewwata Xiqqaa (7)'tiin abbaan caalbaasicha dorgomee moo'ateef qabiyyeen maqaa isaatti ni jijjiiramaaf. Qaama dhimmi ilaalu waliinis waliigaltee haaraa ni raawwata.
- 14) Yeroo raawwii ijaarsaa ilaalchisee sadarkaan ijaarsi irra jiru ilaalamee hojii ijaarsaa hafeef yeroon barbaachisu ogeessaan qoratamee, Ejensichaan barbaachisummaan isaa mirkanaa'ee kan raawwatu ta'a.
- 15) Kan keewwata kana jalatti tumame hunduu akkuma jirutti ta'ee, pirojeektotni labsichaan dura lafa fudhatanii ijaarsa irra jaranuu fi hin xumurin ta'anii daangaan yeroo xumura ijaarsaa kanaan dura waliigaltee keessatti hin kaa'amin Ejensiin magaalaa adda baasuun ijaarsa hanga ammaatti raawwatamee fi hafe akkaataa dizaayinii mirkanaa'eetiin xiinxaluun bu'uura labsichaa fi dambiitiin daangaa yeroo kaawuun akka waliigalteen duraanii foyyaa'u gochisiisuun raawwii isaa hordofuuf dirqama ni qabaata.



KUTAA SADDEET

Jijjiirraa Tajaajilaa Yookiin Gosa Projektii Hayyamuu

51. Lafa Liiziin Yookiin Kiraan Kenname Irratti Jijjiirraa Tajaajilaa Hayyamuu

- 1) Akkaataa pilaanii magaalichaatiin lafa liiziin yookiin kiraan hayyamame irratti gosa tajaajilaa damee walfakkaatuu keessatti, yookiin gosa tajaajilaa yookiin pirojaktii iddichaaf pilaaniin hayyamutti gaaffiin jijjiirraa tajaajilaa yookiin gosa projektii dhiyaachuu ni danda'a.
- 2) Bu'uura Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa Itiin gaaffiin jijjiirraa gosa tajaajila qabiyyee yommuu dhiyaatu,
 - a) gosti tajaajilaa jijjiirraan itti gaafatame pilaanii magaalichaatiin kan walsimu,
 - b) qabiyyee bu'uura waliigalteetiin ijaarsi yookiin misoomni irratti raawwatame yookiin raawwatamaa jiruu fi
 - c) faalama naannoo kan hin qaqqabsiifne yoo ta'e, Ejensiin Naannoo jijjiirraa tajaajilaa eeyyamuu ni danda'a.
- 3) Gaaffiin jijjiirraa tajaajilaa yookiin gosa pirojaktii ulaagaalee Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa (2) guutee dhiyaate, gosoota jijjiirraa armaan gaditti tarreeffaman irratti eeyyamamuu ni danda'a.
 - a) Tajaajila irraa gara tajaajila fooyya'aa birootti,
 - b) Tajaajila irraa gara manufaakchariingii fooyya'aa ta'eetti, fi
 - c) Manufaakchariingii irraa gara manufaakchariingii fooyya'aatti dha.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatus, sababa pilaaniin magaalaa tajaajila iddichaa jijjiiruutiin pilaanichaan walsimsiisuuf gaaffii jijjiirraa pirojaktii haala armaan gadiitiin dhiyaachuu fi hayyamuun ni danda'ama.
 - a) Jijjiirraan gaafatame gara gosa pirojaktoota ramaddiin Labsii fi Dambichaan keessummeeffamaniitti yoo ta'e, dura lafa liiziin hayyamame yoo ta'e gatii liizii duraaniitiin, lafa kiraan hayyamame yoo ta'e gatii liizii ka'umsaa yeroo magaalichaatiin ni hayyamama.



- b) Jijjiirraan gaafatame gara gosa pirojaktii yookiin tajaajila Labsii fi Dambichaan caalbaasiin keessummeeffamuutti yoo ta'e,
- i. dura lafa ramaddiin gatii liizii ka'umsaa yeroo saniitiin yookiin kiraan kan hayyamame yoo ta'e, gatii liizii caalbasii wayitaawaa magaalichaatiin ni hayyamama.
 - ii. dura lafa caalbaasiin hayyamame yoo ta'ee fi tajaajila kennuu kan jalqabe yoo ta'e jijjiiramni gatii osoo hin jiraatiin ni hayyamama.
 - iii. Kan Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 4(b)(ii) jalatti tumame jiraatus, lafti caalbaasiin argame kun tajaajila duraan hayyamameef osoo hin eegaliin waggaa 5 booda gaaffii jijjiirraa tajaajilaa dhiyaate yoo ta'e, gatii liizii caalbasii wayitaawaan hayyamama.
- 5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3(c) fi Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 (a) jalatti kan tumame jiraatus, gaaffiin jijjiirraa gosa pirojaktii manufaakchariingii fooyyaa'aa ta'e irraa gara pirojaktii gosa walfakkaatu fooyyaa'aa hin taaneetti kan dhiyaate yoo ta'e, gatii liizii caalbasii wayitaawaa magaalichaatiin hayyamuun ni danda'ama.
- 6) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 hanga 3tti tumame jiraatus,
- a) Bal'inni lafaa jijjiirraan irratti hayyamamu, lafti caalmaan argame kan of-danda'ee hin misoomne yoo ta'e malee, istaandardii tajaajilichaaf murtaa'e caaluu hin qabu.
 - b) Lafti istaandardii murtaa'ee ol ta'ee argame kan tajaajila walfakkaatuuf ooluu fi of-danda'ee misoomuu danda'e kamiyyuu gatii caalbasii wayitaawaan abbaa qabiyyichaaf murtaa'uu ni danda'a.
- 7) Gaaffiin dhiyaate jijjiirraa ramaddii pilaanii (zooniingii) kan barbaadu yoo ta'e, qaama pilaanii hojjetutti dhiyaatee fudhatama yoo argate qofa Ejensiitti deebi'ee hayyamama.
- 8) Jijjiirraan tajaajilaa yommuu hayyamamu bu'uura waliigaltee duraaniitiinii fi Dambichaatiin akkaataa murtaa'een waliigalteen liizii ni mallatteeffama.



- 9) Jijjiirraan tajaajilaa eeyyamame lafa duraan kiraan argame irratti yoo ta'e, waliigalteen haaraan mallatteeffamu akkaataa seera liiziitiin guyyaa mallatteeffamerraa eegalee ta'a.
- 10) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (5) fi (6) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, waliigalteen jijjiirraa tajaajilaa duraan mallattaa'e, daangaa bara liizii jijjiirameef kan caalu yoo ta'ee fi jijjiiramni gatii yoo jiraate akkaataa daangaa bara tajaajilichaaf kennamee fi gatii liizii haaraatiin waliigalteen kan raawwatamu ta'a.
- 11) Dambichi bahuun dura qaamni dhimmi ilaallatu osoo hin beekiin yookiin osoo hin mirkaneessiin jijjiirraan tajaajilaa raawwate kamiyyuu pilaaniin fudhatama yoo argate qofa, bu'uura Dambichaa keessatti murtaa'een tilmaama gatii liizii waliigalaa irraa kan shallagamu % 0.5 kaffalchiisuudhaan jijjiirricha akka sirreeffamu ni taasifama.
- 12) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (II) jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee, Dambichi erga ragga'ee booda jijjiirraan tajaajilaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 hanga 4(a) jalatti tumameen ala raawwatamee yoo argame:
 - a) Pilaanii magaalichaan kan hayyamamu yoo ta'e qofa gatiin caalbaasii liizii wayitaawaa naannichaa bal'inaa fi bara liizii waliigalaa qabiyyichaatiin baay'ifamee %1 adabbii yeroo tokkotti akka kaffalu taasifamee jijjiirraan hayyamamuu ni danda'a.
 - b) Kaffaltiin liizii raawwatamus gatii tajaajilaa jijjiirame haarawaatiin sirreeffamee bara kaffaltii liizii hafu keessatti bu'uura Labsii fi Dambichaatiin akka kaffalu ni taasifama.
- 13) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (II) fi (12) keessatti tumame akkuma eeggametti ta'ee, kaffaltiin gatii jijjiirraa tajaajilichaaf kaffalamu gatii liizii gosa tajaajila kan duraa gadi yoo ta'e, tilmaama gatii liizii waliigalaa duraatiin shallagamee adabbiin Dambichaan murtaa'e akka raawwatu gochuun ni danda'ama.



52. Qabiyyeewwan Rammaddii Pilaanii Jijjiirraan Tajaajilaa Akka Irratti Hin Raawwanne Dhorkame

- 1) Qabiyyee lafa magaalaa ramaddiin pilaanii kanatti aanan irratti jijjiirraan tajaajilaa raawwatamuu hin danda'u.
 - a) Iddoowwan magariisuu, bosona, paarkii fi tuttuqaa irraa bilisa akka ta'an daangeeffaman;
 - b) Iddoowwan arkiyoolojikaala ta'an yookiin haala teessuma uumamaa isaaniitiin bifa addaatiin kan qabaman; fi
 - c) Tajaajilawwan faalama naannoo uumuu danda'ani dha.
- 2) Qabiyyeewwan lafa magaalaa gosa tajaajilaa kamiifuu kanaan dura hayyamaman gara tajaajila amantaa, fi tajaajila nageenyaa fi tasgabbii jiraattotaa faallessan kamittuu jijjiiruun hin danda'amu.

53. Rammaddiiwwan Haala Addaatiin Jijjiirraan Tajaajilaa Irratti Raawwatamu

- 1) Ramaddii pilaanii armaan gadiitti tarreeffaman irratti haalli dirqisiisaan yoo jiraatee fi hawaasni dhimmi ilaallatu mari'atee yoo irratti waliigaleen ala jijjiirraan tajaajilaa hayyamamuu hin danda'u.
 - a) Dirree ispoortii;
 - b) Lafa gabaa;
 - c) Buufata konkolaataa; fi
 - d) Iddoo amantaa fi iddoo awwaalaa ti.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) jalatti tumaman irratti jijjiirraan ramaddii hayyamamuu kan danda'u, qaama pilaanii magaalaa qorachuuf aangoon kennameefiin qoratamee yaadni dhiyaatee Ejensiin yoo mirkanaa'e qofa ta'a.

54. Haala hayyama raawwii pirojeektii dabalataa, aangoo fi ulaagaalee namni gaaffii jijjiirraa gosa tajaajila qabiyyee lafa magaalaa guuttachuu qabuu

- 1) Qabiyyee lafa magaalaa karaa seera qabeessa ta'een hayyamame irratti pirojeektii dabalataa hayyamuun kan danda'amu,
 - a) Gosti pirojeektii haaraa dabalataan gaafatame kan duraatiin kan walsimuu yookiin walhinfaallessine yoo ta'e,



- b) Qabiyyichi hojii dabalataaf gahaa ta'uun yoo mirkanaa'e,
 - c) Tajaajila qabiyyee lafa ollaa jiru irratti yookiin dhiibbaa naannoo kan hin hordofsiifne ta'uun yoo mirkanaa'ee fi
 - d) Ragaalee biroo gosa pirojeektii dabalataan gaafatame waliin walqabatu qaama dhimmi ilaalu irraa kan dhiyaachuu qabu yoo jiraate guutamuu qaba.
 - e) Akkaataa keewwata xiqqaa kanaatiin pirojeektiin dabalataa yoo hayyamamu waliigalteen kan foyyaa'u ta'ee, maqaa gosa pirojeektichaa dabaluun ala jijjiiramni waliigalticha irratti taasifamu hin jiraatu.
- 2) Bu'uura dambichaa keewwata 44 keewwata xiqqaa (6(c)) jalatti ibsameen kan dambichaa fi qajeelfama kana keewwata 51 hanga 53'tti tumame akkuma eegametti ta'ee, Ejensiin magaalaa jijjiirraa gosa pirojeektii armaan gaditti ibsaman ulaagaa dambichaa fi qajeelfama kanaan labsaman guutuu isaa mirkaneeffachuun murteessuuf aangoon kennameeraaf;
- a) Sababa pilaaniin itti fayyadama lafaa magaalichaa iddichaa jijjiiramuutiin gaaffii jijjiirraa gosa pirojeektii yookiin tajaajila qabiyyee lafaa, yookiin
 - b) Gaaffii jijjiirraa tajaajila qabiyyee lafaa mana jireenyaa irraa gara tajaajila foyyaa'aa fi dhaabbata daldalaa yookiin oomishaatti yookiin makaaf dhiyaatee ta'ee,
 - c) Bal'inni qabiyyee lafaa gaaffiin jijjiirraan irratti dhiyaate kaaree meetira 500 kan hin caalle irratti ta'a.
- 3) Namni jijjiirraa gosa piroojeektii yookiin pirojeektii dabalataa gaafatu haaldureewwan armaan gadii guuttachuu qaba.
- a) Eeyyama daldalaa yookiin eeyyama hojii yookiin eeyyama investmentii (yoo hojii jalqabe),
 - b) Murtii lafaa seera qabeessa duraanii ittiin lafichi kennameef jiraachuu,
 - c) Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa duraan kennameef;
 - d) Lafa liiziin kenname yoo ta'e, waliigaltee liizii, lafa kiraan kenname yoo ta'e, waliigaltee kiraa;
 - e) Iyyata gaaffii jijjiirraa gosa projekti;



- f) Qorannoo projektii/pirooppozaala piroojeektii jijjiirraan gaafatameef;
 - g) Ragaa kaffaltii gibiraa yookiin liizii kan bara gaaffiin itti dhiyaatee yookiin idaa mootummaa kamirraayyuu bilisa ta'uu qaama dhimmi ilaalu irraa ragaa barreeffamaan dhiyaate,
 - h) Lafa jijjiirraan gosa projektii irratti gaafatame irratti ijaarsi jalqabamuu fi jalqabamuu dhabuu, sadarkaa ijaarsichi irra jiru xalayaa ibsu bulchiinsa magaalaa irraa;
 - i) Akkataa waliigaltee duraatiin guyyaa ijaarsi itti jalqabamuu fi xumuramuu qabu bulchiinsa magaalaa irraa dhiyeeffachuu qaba.
 - j) Dhorkaa mana murii, baankii fi idaa irraa bilisa ta'uu isaa dhiyeeffachuu qaba
 - k) Qorannoo dhiibbaa naannoo (EIA) qaama aangoo qabuun mirkanaa'e dhiyeeffachuu qaba.
- 4) Ragaan nama jijjiirraan gosa pirojeektii yookiin tajaajilaa akkaataa dambichaa fi qajeelfama kanaatiin hayyamameef ragaalee gosa tajaajila duraanii fi kan ammaa irratti jijjiirama jiru walbira qabuun kan dhiyaatutti dabalataan, akkaataa qajeelfama kana keewwata 37 (6) jalatti tumameen qaamolee dhimmi ilaallatu hundaaf qophaa'ee gahuu qaba.



KUTAA SAGAL

Mirga Liizii Dabarsuu

55. Mirga Liizii Lafa Ijaarsi Irratti hin Jalqabamne Dabarsuu

Raawwiin mirga liizii dabarsuu bu'uura Labsicha Keewwata 24 fi dambichaa keewwata 47'tiin hojii irra kan oolu ta'ee:

- 1) Abbaan qabiyyee liizii kamiyyuu yeroon ijaarsa jalqabuu Dambicha Keewwata 40 Keewwata Xiqqaa (1) jalatti ibsame osoo hin darbiin dura mirga liizii qaama 3^{ffaa}f dabarsuu ni danda'a.
- 2) Abbaan mirgaa liizii kamiyyuu dhaalaan ala bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1)'tiin mirga isaa yommuu dabarsu, akkaataa Labsicha Keewwata 24 Kewwata Xiqqaa (2) keessatti tumameen kan raawwatamu ta'a.
- 3) Shallaggiin gatii mirgi liizii ittiin darbu yookiin gurguramu, akkaataa Dambichaa Keewwata 48 irratti ibsameen bu'uura gatii qaamni dhimmi ilaalu murteessuun ta'a.
- 4) Adeemsa mirga liizii dabarsuu yookiin gurguruu irratti qaamni komii qabu, komii isaa qaama dhimmi ilaallatuuf barreeffamaan dhiyeessuun ni danda'a.
- 5) Qaamni dhimmi ilaallatus guyyaa hojii 15 keessatti laficha caalbaasiif dhiyeessuun akkaataa Labsicha Keewwata 24 Kewwata Xiqqaa 2 fi 3(a) fi (c) keessatti ibsameen mirga isaa kan eegsisuuf ta'a.
- 6) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (4) fi (5) keessatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, abbaan mirgaa gatii itti gurguramutti waliigaluu yoo baatee fi lafti caalbaasiin akka bahu feedhii kan hin qabne yoo ta'e, bulchiinsi yookiin Ejensiin magaalichaa bu'uura Labsicha Keewwata 24 Keewwata Xiqqaa 3(a) keessatti ibsameen kaffaltii dursee raawwachuun laficha deebisee fudhachuu ni danda'a.
- 7) Keewwata kana Kewwata Xiqqaa (6) irratti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, tilmaama kaffaltii ijaarsa laficha irratti qubate ilaalchisee lafichi qaama



3^{ffaa}tti erga darbee booda gatii caalbaasii liizii ol'aanaa lafa naannoo sanaa, baasiwwan adeemsichaaf bahanii fi akkaataa seeraatiin adabbiin hir'ifamee garaagarummaan kan hafu abbaa mirgaatiif ni deebi'a.

- 8) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (6)'tiin qaamni kun daangaa yeroo seeraan murtaa'e osoo hin gahin dura laficha deebisee fudhachuu kan danda'u abbaan mirgaa waliigaluu isaa barreeffamaan yoo dhiyeesse qofa ta'a.
- 9) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1)'tiin mirgi liizii gurgurtaan gara qaama 3^{ffaa}tti darbe, jijjiirraan maqaa kan raawwatamu gatii bulchiinsi magaalaa shallagee yookiin irratti waliigale irraa,
 - a) Gurguraan kaffaltii duraa yookiin kaffaltii duraa ol kaffaltii kan raawwate yoo ta'e, maallaqni kun Baankii Daldalaa Itoophiyaa herreega qusannaa keessa osoo taa'eera ta'ee dhala argachuu qabu wajjin garaagarummaa gatii liizii duraanii fi gatii gurgurtaan amma argame irraa % 5 ni kennamaaf.
 - b) Kaffaltiin Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 9(a) irratti ibsame kan raawwatamu, garaagarummaa gatii gurgurtaan argame irra % 95 mootummaaf galii ta'ee bitataan kaffaltii liizii barbaachisaa raawwachuuf bulchiinsa magaalichaa waliin waliigaltee erga raawwate booda ta'a.
- 10) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 9(b) tiin qaamni dhimmi ilaalu maallaqa galii taasifamuuf haala waliigaltee isaaniiitiin bitataa yookiin gurguraa irraa fudhachuu ni danda'a.
- 11) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 9(a) fi (b) keessatti kaffaltiiwwan ibsaman raawwatinsa kan qabaatan gatii gurgurtaa irraa argame qofa irratti ta'a.

56. Mirga Liizii Lafa Ijaarsi Walakkaa Gadii Irra Qubate Darbsuu

- 1) Abbaan qabiyyee liizii kamiyyuu yeroon ijaarsa xumuramuuf murtaa'e osoo hin darbiin mirga liizii lafa ijaarsi walakkaa gadii irra qubate qaama 3^{ffaa}tti dabarsuu ni danda'a.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) jalatti ibsame jiraatus, misooma riil-istheetii ilaalchisee manneen tokkoon tokkoon ijaarsi isaa xumuramee abbaan



qabeenyaa qabiyyicha misoomse akkaataa waliigaltee seeneen itti fayyadamaaf dabarsuuf mirga ni qaba.

- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) irratti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, dhaalaan ala riil-isteeticha guutummaa guututti gara qaama 3^{ffaa}tti dabarsuu yoo barbaade, bu'uura Dambicha Keewwata 2 Keewwata Xiqqaa 24 (c) irratti ibsameen bilookii hunda irratti ijaarsa raawwachuu qaba.
- 4) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1)'tiin gatiin mirgi liizii ittiin darbe qaama dhimmi ilaallatuuf kan dhihaatu, gatii gurgurtaa mirga liizii fi gatii ijaarsaa jedhuun addaan bahee ta'a.
- 5) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1)'tiin lafa liizii ijaarsi walakkaa gadi irratti raawwate qaama 3^{ffaa}f dabarsuun kan danda'amu, abbaan mirgaa gatii gurgurtaa mirga lafa liizii qaama dhimmi ilaallatu murteessu irratti yoo waliigale qofa ta'a.
- 6) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) hanga (5)tti ibsameen mirgi liizii dhaalaan ala gara qaama 3^{ffaa}tti darbe jijjiirraan maqaa kan raawwatamu namni mirga isaa dabarsu,
 - a) Kafaltii duraa;
 - b) Kaffaltii biroo qaama dhimmi ilaallatuuf kaffalee fi mallaqni kun ida'amee, herreega qusannoo Baankii Daldalaa Itoophiyaa osoo taa'ee dhala argachuu qabu;
 - c) Galiin garaagartummaa gurguurtaa irraa argame % 95 hir'ifamee mootummaaf galuu qabu yommuu galii ta'uu fi
 - d) Bitataan fuulduratti kaffaltii liizii barbaachisaa ta'e raawwachuuf qaama dhimmi ilaallatu wajjin waliigaltee erga mallatteesse booda ta'a.
- 7) Kaffaltiin liizii hafe yoo jiraate hanga bal'ina qabiyyee darbeetiin yeroo liizii hafeef qaama qabiyyichi darbeefii waliin waliigalteen mallatteeffamee waraqaan abbaa qabiyyummaa ni kennamaaf.
- 8) Waliigalteen haaraa bitataa waliin yommuu raawwatamu, abbaan qabiyyee duraa yeroo lafichatti fayyadame yaada keessa akka galu ni taasifama.



- 9) Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (5) irratti ibsameen mirga liizii dabarsuu irratti qaamni komii qabu qaama dhimmi ilaallatuuf barreeffamaan dhiheesuu ni danda'a.
- 10) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (9) keessatti ibsameen komii dhiyaateef qaamni dhimmi ilaallattus dhimmicha gadi faggeenyaan ilaalee komiin dhiyaate sirrii ta'uu isaa yoo itti amane, guyyoota hojii 15 keessatti laficha caalbaasiif dhiyeessee bu'uura Labsiicha Keewwata 24 Keewwataa Xiqqaaa (3) tiin mirgi isaa kan eegsisuuf ta'a.
- 11) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (10)'tiin gatiin ka'umsa caalbaasii gatii gurgurtaa mirga lafa liizii fi gatiin ijaarsaa ida'amee firii argame ta'a.
- 12) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (11)'tiin tilmaamni ijaarsaa qaama dhimmi ilaaluun haala ifa ta'een kan tilmaamamu ta'a.
- 13) Ijaarsicha tilmaamuuf baasiwwan bahan yoo jiraatan gurgurtaa irraa akka hir'ifamu ni taasifama. Tarreeffamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

57. Dhorkaawwan Mirga Qabiyyee Lafa Liizii Ijaarsi Irratti Hin Xumuramiin Irratti Jiran

- 1) Bu'uura Labsii Keewwata 24 Keewwata Xiqqaa (7)'tiin faayida gabaa yeroo lafaa irraa argamu argachuuf jecha namni lafa qabatee ijaarsa osoo hin jalqabiin yookiin ijaarsa walakkaa fi walakkaa ol osoo hin ijaariin waggaa 3 keessatti yeroo 3 mirga liizii isaa yoo dabarse waggaa lamaaf caalbaasii lafaa hunda irraa ni dhorkama.
- 2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1)tiin namni dhorkaan irratti murtaa'e yeroo dhorkame keessatti caalbaasii lafaa irratti hirmaatee yoo argame, caalbaasicha irraa haqamee qarshiin kabachiisa caalbaasii qabsiise bulchiinsa magaalaaf galii ni ta'a.
- 3) Adabbiin Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) irratti ibsame akkuma jirutti ta'ee, caalbaasii irratti akka hin hirmaanne yeroo dabalataa waggaa tokkoof turtiin dhorkaa ni dheerata.



58. Gatii Mirgi Liizii Ittiin Gurguramu Yookiin Ittiin Darbu

- 1) Abbaan mirgaa liizii kamiyyuu lafa ijaarsi irratti hin eegalamiin yookiin ijaarsi walakkaa gadi irratti raawwate gara qaama 3^{ffaa}tti yoo dabarsu gatiin mirgichi ittiin darbu Ejensiin kan murtaa'u yookiin mirkanaa'u ta'a.
- 2) Gatiin gurgurtaa mirgi liizii kan murtaa'u naannoo laftichi darbetti gatii caalbaasii wayitaawaa yeroo sanatti jiruu fi gatii kanaan dura ittiin fudhate walitti ida'uun lamatti qoodamee firii giddugaleessaan argamuun ta'a.
- 3) Gatii bitataan kenne akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2)'tiin firii giddu galeessaan argameen walqixa yookiin isaa ol yoo ta'e laficha dabarsuun ni danda'ama.
- 4) Bitataan gatii yoo hin kenniin, gatiin bittaa mirga liizichaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) jalatti haala tumameen kan raawwatamu ta'a.
- 5) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2)'tiin firiiin giddugaleessaan argame gatii kanaan dura abbaa mirgaatiif ittiin darbee gadi yoo ta'e, Ejensiin ida'ama lamaanii irraa gatii gurgurtaa fooyya'een ni murteessa.
- 6) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (3) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, gatii bitataan dhiyeesse firii giddugaleessaan argamee gadi yoo ta'e, Ejensiin firii giddu galeessaan argame ka'umsa gochuudhaan laficha caalbaasiif ni dhiyeessa yookiin yoo bitataan gatii giddu galeessaatii gadi kan hin taaneen laficha fudhachuuf kan barbaadu ta'uu yoo barreeffamaan dhiyeeffate kanumaan raawwachuun ni danda'ama.



KUTAA KUDHAN

Mirga Qabiyyee Liizii Wabummaan Qabsiisuu

59. Mirga Qabiyyee Lafa Liizii Ijaarsi Irratti Hin Raawwatamiin Wabummaan Qabsiisuu Yookiin Gumaacha Kaappitaalaaf Fayyadamuu

- 1) Namni qabiyyee lafa liizii bu'uura Labsiicha Keewwata 24 tiin hayyamameef irratti ijaarsa osoo hin jalqabiin mirga qabiyyicha irraa qabu wabummaan qabsiisuu yookiin kaffaltii duraa kaffale akka gumaacha kaappitaalaatti fayyadamuu ni danda'a.
- 2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) keessatti tumameen, mirga liizii wabiidhaan qabsiisuun kan danda'amu, kaffaltii liizii duraa yookiin kaffaltii duraa irratti dabalataan kan kaffale yoo ta'e hanga kafaltii dabalataan raawwatee irraa akkaataa Labsiicha Keewwata 22 Keewwata Xiqqaa (3)'tiin kaffaltiiwwan hir'ifamuu qabanii fi kaffaltiin yeroo lafichatti fayyadame irraa herreegamee maallaqa hafe qofa irratti ta'a.

60. Lafa Ijaarsi Irra Jiru Wabiin Qabsiisuu Yookiin Akka Gumaacha Kappitaalaatti Fayyadamuu

- 1) Namni qabiyyee lafaa mirga liizii qabuu fi ijaarsa qabiyyee isaa irra jiru sadarkaa kamirrattuu wabiin qabsiisuu yookiin akka gumaacha kaappitaalaatti fayyadamuu ni danda'a.
- 2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) jalatti tumameen mirga liizii wabiidhaan qabsiisuun kan danda'amu, kaffaltii duraa irraa yookiin kaffaltii dabalataa biroon raawwate yoo jiraate hanga kaffalame irraa bu'uura Labsiicha Keewwata 22 Keewwata Xiqqaa (3) tiin kan hir'ifamuu qabuu fi kaffaltii yeroo lafichatti fayyadame irraa herreegamee qarshii hafuu fi tilmaama ijaarsa shallagamee qofaa irratti ta'a.
- 3) Ragaan hanga mirga liizii qaama gaafatuuf kan kennamuu qabu Ejensiitiin ta'ee, hanga gatii ijaarsa qabiyyicharra jiruu tilmaamameef itti gaafatamummaan kan qaama wabiidhaan qabatuu yookiin gumaacha kappitaalaan galmeessuu ta'a.



- 4) Qaamni qabiyyicha wabiidhaan qabatu yookiin gumaacha kappitaalaan galmeeffatu tilmaama qabeenyaa fi hanga maallaqa liqeessee Ejensiif barreeffamaan beeksisuu qaba.
- 5) Qabiyyeen wabiidhaan qabame yookiin gumaacha kappitaalaa ta'ee kuufamni kaffaltii liizii kan irra jiru ta'ee ijaarsi kan irratti hin jalqabamne yookiin ijaarsi isaa walakkaadhaa gadi kan irra qubate, kuufama kaffaltii liizii irra jiru osoo hin xumuriin kan gurguramu yookiin qaama biroof kan darbu yoo ta'e, Ejensiin kuufama kaffaltii liizii hafe dursa gurgurtaa irraa yoo argate yookiin qaamni darbuuf kaffaluuf kan waliigale yoo ta'e malee, jijjiirraan maqaa abbaa qabiyyummaa haala kamiinuu raawwatamuu hin danda'u.
- 6) Akkaataa Dambichaatiin qabiyyeen liizii hala kamiinuu yoo darbu, mirgii fi dirqamni waligaltee liizii bu'uura Labsicha Keewwata 24 Keewwata Xiqqaa (8) tiin qaama sadaffaa qabiyyichi darbeeffitti walumaan kan darbu ta'a.



KUTAA KUDHA-TOKKO

Waliigaltee Liizii Haaromsuu fi Addaan Kutuu

61. Haaromsa Waliigaltee Liizii

- 1) Haalli haaromsa bara liizii bu'uura Labsichaa keewwata 19 fi Dambicha keewwata 53 keewwata xiqqaa (1) tiin kan raawwatamu ta'a.
- 2) Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, waliigalteen liizii sababa armaan gadiitiin hin haaromsamu.
 - a) Jijjiirama gosa itti fayyadama lafaa pilaanii magaalaan yoo jiraatee fi akkaataa keewwata xiqqaa kana 2(c)tiin raawwachuun kan hin danda'amne yoo ta'e,
 - b) Lafichi faayidaa ummataatiif yemmuu barbaadamu,
 - c) Abbaan qabiyyee misooma duraanii sadarkaa fi haala misoomaa lafichi gaafatuutti jijjiruu kan hin dandeenye yoo ta'e.
- 3) Haaromsi liizii kan fudhatama qabaatu yoo ta'e, dhimmootni labsiii, dambii fi qajeelfama kanaan tumaman akka eegamanitti ta'ee, gatiin liizii ittiin murtaa'u gatii liizii caalbaasii wayitaawaa tajaajilichaatiin ta'a.

62. Haaromsa Waliigaltee Liizii Yeroo Gabaabaa

- 1) Ejensiin lafti duraan waliigaltee liizii yeroo gabaabaatiin qabamee ture misooma birootiif kan hinbarbaadamne ta'uu yoo mirkaneesse yeroo tokko qofaaf haaromsuun ni danda'ama.
- 2) Waliigalteen haaromsamu waggaa 5 caaluu hin danda'u.
- 3) Lafti gabatee beeksisaa dhaabuuf kenname yeroof kan hin barbaadamnee fi sochii tiraafikaa irratti rakkoo kan hin uumne yoo ta'e, yeroo tokkoo ol haaromsuun ni danda'ama.
- 4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (3)'tiin liiziin yeroo gabaabaa kan dheerachuu danda'u yoo ta'e, waliigalteenis walumaan kan haaromuu qabu ta'ee, gatiin liizii yookiin kiraa yeroo dabalataa fi akkaataan kafaltii isaa haala qajeelfama kana keewwata 35 keewwata xiqqaa (3) jalatti tumameen murtaa'a.



63. Waliigaltee Liizii Addaan Kutuu fi Kaffaltii Beenyaa

- 1) Waliigalteen qabiyyee liizii lafa magaalaa bu'uura Labsichaa keewwata 25(1)(a) fi Dambichaa keewwata 55 (1)'tiin lafa misoomaaf hayyamame akkaataa waliigalteen raawwachu dhabuun yeroo addaan citu, baasii fi adabbiin barbaachisu hir'ifamee kafaltiin liizii kafalamee ture keessaa kan hafe abbaa mirgaatiif akka deebi'u ni taasifama.
- 2) Akkaataa keewwata kan keewwata xiqqaa (1)'tiin waliigalteen yeroo addaan citu, adabbiin abbaa qabiyyichaan kafalamuu qabu, lafa sirna liiziin hayyamame yoo ta'e, gatii liizii waliigalaa irraa dhibbeentaa Shan (%5), lafa kiraan argame yoo ta'e, gatii caalbaasii wayitaawaa magaalichaa waggoota laficha qabatee tursiiseef fi lafa kana tajaajila biroof dabarsuuf yeroo gara fuula duraatti fudhachu danda'u dabalatee (yoo xiqqaate waggaa tokko) kiraa lafaa jalqaba ittiin fudhateen dabalata kaffaluu qaba. Qabeenyi lafa kana irra kan jiru yoo ta'ee fi qabeenya kana abbaan qabiyyichaa kaafachuuf hayyamamaa yoo hin taane, baasii kanaaf bulchiinsi magaalichaa baasu yoo jiraate kan dabalatu ta'a.
- 3) Waliigalteen liizii, bu'uura Labsichaa keewwata 25(1)(b) fi Dambichaa keewwata 55 (2)'tiin lafichi faayidaa ummataatiif yoo murtaa'e, waliigalteen addaan cite abbaa qabiyyeetiif akkaataa labsii, dambii fi seera kanaaf baheen beenyaan madaalawaa ta'e ni kafalamaaf.
- 4) Waliigalteen qabiyyee liizii lafa magaalaa bu'uura keewwata 25 (1) (c) labsichaatiin yeroon liizii dhumachuun kan dheerachu hin dandeenye ta'uun yemmuu addaan citu, abbaan qabiyyee yeroo waggaa tokko hin caalle keessatti qabeenyaa laficha irra jiru kaafatee laficha Ejensii magaalaa deebisu qaba.
- 5) Abbaan qabiyyichaa akkaata keewwata kana keewwata xiqqaa (4)'tiin daangaa yeroo kennameef keessatti qabeenya isaa yoo kaasuu baate, Bulchiinsi Magaalaa kaffaltii osoo hin raawwatin lafichaa fi qabeenyicha fudhachu ni danda'a. Raawwii isaaf barbaachiisaa ta'e yoo argame poolisii ajajuu ni danda'a.



KUTAA KUDHA-LAMA

Lafa Magaalaa Gad-lakkisiisuu

64. Aangoo Lafa Magaalaa Gad-lakkisiisuu

- 1) Ejensiin bu'uura labsichaa keewwata 26 (1)'tiin fi Dambichaa keewwata 56 keewwata xiqqaa (1) faayidaa uummataaf jecha qabeenya laficha irra jiruuf beenyaa walgitu dursee akka kafalamu taasisuun laficha gad-lakkisiisee fudhachuuf aangoo ni qaba.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) tiin nama qabiyyee magaalaa gadilakkisuuf, lafa bakka bu'insaa qabiyyeewwan qotee bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa fi kireeffattoota mana daldalaa mootummaa qabiyyee isaanii gadilakkisaniif lafni bakka bu'insaa akkaataa Dambichaa Keewwata 27 fi qajeelfama kana keewwata 34 jalatti tumameen kan raawwatamu ta'a.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, qabiyyeewwan lafa magaalaa kanneen hafaniif akkaataa qajeelfama kana keewwata 34 keewwata xiqqaa (9) jalatti ibsamee fi seerota dhimma kanaaf baheen gosa sirna qabiyyichi ittiin argamee, iddoo argamaa fi tajaajila isaa irratti hundaawuun lafti bakka bu'iinsaa ni kennamaaf.
- 4) Ejensiin lafa magaalaa qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun yookiin qophaa isaa karaa seeraan alaa qabame akkaataa Labsii Keewwata 27 Keewwata Xiqqaa (4), Dambicha Keewwata 57 fi qajeelfama kana keewwata 65'tti ajaja gadilakkisiisuu kennuuf, beenyaa kaffaluun otoo hin barbaachisiin akeekkachiisa yookiin of-eeggannoo barreeffamaa guyyaa hojii 7 abbaa qabiyyeef qaamaan kennuun yookiin qabeenya qabiyyicharra jirutti maxxansuun gadilakkisiisuuf aangoo ni qabu.

65. Kenniinsa Ajaja Lafa Magaalaa Gadlakisiiisuu

- 1) Bu'uura labsichaa keewwata 26(1), dambicha keewwata 56(1) fi qajeelfama kana keewwata 64 keewwata xiqqaa (1)'tiin qabiyyeen lafa magaalaa faayidaa



uummataaf jedhamee murtaa'e, abbaa qabiyyichaaf ajajni gahu barreeffamaan ta'ee,

- a) yeroo lafichi itti gadlakkifamuu qabu,
 - b) hanga beenyaa kafalamuu fi
 - c) Bal'inaa fi naannoo lafti bakka bu'insaan kennamu itti argamu kan ibsu ta'uu qaba.
- 2) Yeroon raawwii ajaja gadi lakkisiisuu yookiin of-eeggannoon kennamu guyyoota 90 dura ta'ee, haala qabatamaa qabeeyna laficha irra jiruun guyyaan dabalataa guyyoota 30 (Soddoma) kan hin caalle kennamuu ni danda'a.
- 3) Ajajni yookiin of-eeggannoon akkaataa keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) tiin kennamu haala armaan gadiitiin abbaa qabiyyichaa akka gahu ni taasifama:
- a) Barreeffamaan teessoo isaatti qaqqabsiisuudhaan;
 - b) Teessoo isaatti kan hin argamne yoo ta'e, bakka qabiyyee gadi lakkifamu irratti maxxansuudhaan fi
 - c) Gabatee beeksisaa Bulchinsa Magaalaa fi iddoowwan ummanni itti walgahutti maxxansuudhaan;
 - d) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3(b) fi (c) tiin beeksifni maxxanfame abbaa qabiyyichaa akka ga'eetti fudhatama.
- 4) Qabbiyyeen gadidhiifamu kan qabeenyi mootummaa irra jiru yoo ta'e, ajajni gadilakkisiisuu qaama mootummaa qabeenyicha bulchu qaqqabuu qaba.
- 5) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (4) jalatti tumameen qabiyyeen ajajni gadilakkisiisuu irratti kenname kan kireeffame yoo ta'e, qaamni ajajni isa qaqqabe yeroon ofeeggannoo xumuramuun dura waliigaltee kiraa addaan kutuun Ejensii beeksisuu qaba.

66. Iyyata Ajaja yookiin Of-eeggannoo Lafa Magaalaa Gadlakkisiisuu irratti Dhiyyeessuu fi Bu'aa isaa

- 1) Bu'uura Labsicha Keewwata 27 Keewwata Xiqqaa (1), Dambicha kana Keewwata 57 Keewwata Xiqqaa (1) fi qajeelfama kana keewwata 65(1) jalatti tumameen, kan qajeelfama kana keewwata 64(4) jalatti tumame akkuma



eegametti ta'ee, namni ajajni qabiyyee gadilakkisuu isa gaheen yookiin qabeenya qabiyyicharra jiruun walqabatee faayidaan yookiin mirgi kiyya tuqamuu danda'a kan jedhu kamiyyuu ajajni guyyaa gaherraa eegalee guyyoota hojii 15 keessatti sababaa fi ragaalee tarreeffamaa isaa Ejensiif dhiyeeffachuu ni danda'a.

- 2) Akkaataa Labsicha Keewwata 26 Keewwata Xiqqaa (4) fi Dambii kana Keewwata 56 Keewwata Xiqqaa (4) tiin namni ajajni qabiyyee gadhiisisuu isa qaqqabe guyyaa ajajni kennamerraa eegalee guyyoota hojii 7 keessatti iyyata isaa sababa waliin ragaa qabuun deeggaree Ejensiif dhiyeessuu ni danda'a.
- 3) Ejensiin iyyannoo akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) yookiin (2) tiin dhiyaate;
 - a) Ejensiin gadifageenyaan xiinxaluun murteessuu qaba.
 - b) Murtee isaas barreeffamaan iyyattootaaf beeksisuutuuf ni dirqama.
 - c) Iyyatichi fudhatama kan hin arganne yoo ta'e, sababa isaa murticha keessatti ibsuu qaba.

67. Ol-iyyannoo Murtee Ejensichaarratti Dhiyaatu

- 1) Murtii Ejensiin bu'uura Dambichaa keewwata 58 (3) fi qajeelfama kana keewwata 66(3)'tiin kennu irratti namni komii qabu akkaataa Labsicha keewwata 29 fi 30 tiin ol'iyyachuu ni danda'a.
- 2) Bu'uura Labsicha keewwata 30 tiin gumiin ol'iyyannoo Naannicha keessatti hanga hundaa'utti namni murtii Ejensichaa akkaataa Dambicha keewwataa 58 (3) tiin kenname irratti komii qabu tumaa adeemsa Dambicha keewwata 61'tiin komii keessummeessuuf tumameen ilaalamuu ni danda'a.
- 3) Namni bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin komii qabu guyyaa murtichi kennamee barreeffamaan isa qaqqabe irraa eegalee guyyoota hojii 15 keessatti oliyyata isaa barreeffaan ragaan deeggeree sadarkaan dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 4) Qaamoleen sadarkaan ol iyyatni dhiyaateef guyyaa iyyatichi gahe irraa eegalee guyyoota hojii 10 hincaalle keessatti murtee kennuun barreeffamaan ol iyyataa beeksisuu qabu.



KUTAA KUDHA-SADII

Bulchiinsa Lafa Magaalaa Magaalota Sirna Liizii Keessa Hin Galle

68. Magaalota Sirna Liizii Keessa Hingalle Keessatti Haala Lafti Ittiin Kennamu

- 1) Kan labsicha, dambichaa fi qajeelfama kana keessatti tarreeffame akkuma eegametti ta'ee, Magaalonni sirna liiziitti hin galin keessati lafti magaalaa kan kennamu akkaataa dambiichaan keewwata 5(3)'n caalbaasii fi ramaddiin ta'ee, raawwiin isaa akkaataa itti aanuun ta'a;
 - a) Gatiin ka'umsa caalbaasii tilmaama kiraa lafaa kan waggaa magaalichaatiin ta'a;
 - b) Beeksifni caalbaasi lafa magaalaa haalli ittiin uummataaf itti beeksifamuu danda'u, kan dambichaa fi qajeelfama kana keessatti tumame jiraatus, humnaa, teessummaa fi haala qabatamaa magaalichaa bu'uura godhachuun magaalotni bulchiinsa godinaa fi aanaa waliin maryachuun murteessuu ni danda'u;
 - c) Bu'uura keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (b)tiin kan murtaawuu danda'u;
 - i. bakka ummatni haala salphaan arguu danda'utti gabatee beeksisaa bulchiinsa aanaa fi bulchiinsa magaalichaa irratti maxxanfamuu qaba;
 - ii. Yeroon turtii, qabiyyeefi dhimmootni biroo kanuma magaalota liiziin bulanuuf tumame akkaataa mijaa'ina isaatiin raawwatiinsa ni qabaata;
 - d) Guyyaa fi sa'aatiin gurgurtaa sanada caalbaasii itti xumuramu, saanduqni caalbaasii itti saamsamuu fi guyyaa caalbaasichi itti banamu beeksisa caalbaasii irratti ibsamuu qaba.
 - e) Dorgomtoonni wabii kabachiisa caalbaasii CPO baankiin mirkanaa'e dhiyeessuun kan irraa eegamu ta'ee, hangi qarshii kabachiisa calbaasii bal'ina lafa qeenxee/Parcel/ caalbaasiif dhiyaatuuf gosa tajaajilichaaf hanga ka'umsa kiraa lafa magaalichaa kaaree meetirii tokkoof waggaaf murtaa'e 1.50'n baay'isuun argamu ta'a.



Fakkeenyaaf,

- (1) *Gosti tajaajila lafa caalbaasiif dhiyeetee = mana jireenyaa yoo ta'e,*
- (2) *Bal'inni lafichaa kaaree meetira 200 yoo ta'e*
- (3) *Gatiin kiraa waggaa kaaree meetira tokkoo qarshii 1.30 yoo ta'e*
- (4) *Hangi Kabachiisa Caalbaasii Lafa Kanaa(HKC) = (200m² X 1.30ETB X 1.50) = Qarshii 360 ta'a jechuu dha.*

- f) Kaffaltin kabachiisa caalbaasii magaala manni baankii keessa hin jirreetti raawwatamu, nagahee seera qabeessa dhimma kanaaf qophaa'een Waajjira Galiitiin dorgomtoota irraa kan fuudhamu ta'a;
- g) Moo'ataa caalbaasii kan ta'u, dorgomtoota caalbaasiif dhiyaatan keessaa gatii kiraa lafaa ol'aanaa waggaa tokkoof kaaremeetira tokkoof kaffaluuf kan dhiyeesseedha;
- h) Lafa tokkoo irratti dorgomtoonni lamaa fi isaa ol ta'an gatii kiraa waggaa walqixa yoo dhiyeessan dursi dubartiif kan kennamu yoo ta'u, dorgomtoonni gatii walqixa kennan hundi isaanii dhiira yookiin dubartii yoo ta'aan mo'ataan carraadhaan filatama;
- i) Waliigalteen lafa caalbaasiidhaan darbe irratti taasifamu mirgaa fi dirqama waliigaltee kennaa fi waliigaltee fudhataa kan qabu ta'ee; bu'uura irraa kiraa waggaa, yeroo ijaarsa jalqabuu fi xumuruu kan qabaatu ta'a;
- j) Mo'ataa caalbaasiitiif waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa sirna kiraatiin kan kennamuu ta'a, lafti harkaan ni gahama, kuusaan barbaachisaa ta'e ni banamaaf;
- k) Yeroon jalqabbii fi xumura ijaarsaa akkataa labsii fi dambiicha keessatti magaalota liiziin bulanuuf tumameen ta'a;
- l) Dhimmoonni raawwatiinsa irratti qaawwa seeraan qaban yeroo mudatan kan seera liiziif tumaman fudhachuun akkaataa barbaachisummaa isaatiin guutaa deemuun ni danda'ama



69. Magaalota sirna liiziitti hin galle keessatti qabiyyee dabarsuu fi wabummaan qabsiisuu

- 1) Magaalota sirna liiziitiin hin haammamatamne keessatti lafti caalbaasiin yookiin ramaddiin tajaajila kamiifuu darbee fi sirna kiraan bulu kamtinuu;
 - a) dhaalaan ala yookiin sababa gaa'illi diigamuun murtee manni murtee kennuun ala qabiyyicha qaama sadaffaatti dabarsuun kan dana'amu ijaarsichi %50 fi isaa ol yoo xumurame qofa ta'a.
 - b) Lafa sirnaan kiraan bulu duwwaa ijaarsii irratti hin gaggeeffamne wabummaan qabsiisuun yookiin buusii kaappitaalaa gochuun fayyadamuun hin danda'amu.
 - c) Kan keewwata xiqqaa kana tartiiba qubee (b) jelatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, qabeenyi qabiyyee Lafaa kanarratti argamu akka buusii kaappitaalaatti fayyadamuun kan danda'amu hanga gatii tilmaama ijaarsichaa raawwatame yookiin qabeenya dhaabbataa qabiyyicha irra jiru qofaa dha.



KUTAA KUDHA-AFUR

Tumaalee Adda Addaa

70. Sirna Komiiwwan Lafa Magaalaa Irratti dhiyaatanii ittiin ilaalaman

- 1) Bu'uura dambiicha keewwata 61 jalatti tumameen, komiiwwan lafa magaalaa walqabatee yeroo fi bakka kamittuu uumame yookiin uumamu kamiyyuu jalqaba sadarkaa itti uumametti ilaalamuun murtee argachuu qaba.
- 2) Haala keewwata kana keewwata xiqqaa (1) kanaatiin sadarkaa magaalatti komiiwwan uumaman itti gaafatamaa yookiin bakka bu'aa qaama magaalichaa yookiin waajjira yookiin mana hojichaatti sadarkaan dhiyaatee hanga kantiibaatti yookiin bulchiinsa aanichaatti dhiyaatee murtee argachuu qaba.
- 3) Sadarkaa magaalatti haala keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsameen komii dhiyaatee murtee kennametti namni murtichatti hin quufne magaalota itti waamani jaraa naannoof ta'an, Ejensii naannootiif, kanneen Godinaaleef ta'an, Waajjira Misoomaa fi Manaajimantii Lafa Magaalaa Godinaatti ol-iyyannoon dhiyeeffachuun murtee argachuu ni danda'a.
- 4) Sadarkaa Waajjira godinaatti komii uumame yookiin ol-iyyannoo godinaaf dhiyaatee murtee sadarkaa kanatti kennametti namni hin quufne yookiin komiin sadarkaa Ejensii naannootti uumame kamtinuu sadarkaa Ejensii naannootti ilaalamee murtee argachuu ni danda'a.
- 5) Sadarkaa Ejensii naannootti komiin yookiin ol-iyyannoon ilaalamee murtee argate irratti namni itti hin quufin kamtinuu walduraa duubaan Biiroo fi Waajjira pirazidaantiif dhiyeeffachuun murtii argachuu ni danda'a.
- 6) Dhimmi pirazidaantiif dhiyaatee murtee argate murtii bulchiinsaa isa dhumaa ta'a.

71. Haala Komiin Yookiin Ol'iyyannoon Itti Dhiyaatuu fi Deebisaan Itti Kennamu

- 1) Bu'uura dambichaa fi qajeelfama kana keewwata 70 jalatti tumameen komiin lafa magaalaa walqabatee dhiyaatu kamtinuu guca Ejensiin dhimma kanaaf qopheessu irratti guutuun barreeffamaan ta'uu qaba.



- 2) Namni komii yookiin ol'iyata dhiyeeffatu kamtinuu komiiwwan hangaa fi sadarkaa Ejensii Naannootti dhiyaatanu hundi dhimmoota yookiin qabxileen armaan gadii guuttatee dhiyeeffachuu qaba;
- a) Guyyaa komiin yookiin ol'iyatni itti dhiyaate
 - b) Dhimma komiif ka'umsa ta'e gabaabinaan,
 - c) Qaama yookiin hojjetaa yookiin hogganaa hojii komiin irratti dhiyaate maqaa yookiin kutaa hojii isaa yookiin gahee hojii isaa,
 - d) Yeroo fi iddoo komiin kun itti uumame,
 - e) Qaama yookiin nama yookiin itti gaafatamaa komii kana uumeef akka sirreessu gaaffiin dhiyaachuu isaa fi yoo dhiyaate ta'e deebii kenname, yoo hin dhiyaanne ta'e, sababa isaa, yoo dhiyaate ta'e, deebii kennamee fi haala deebiin itti kenname (Afaanii yookiin barreeffamaan yookiin lameeniinuu)
 - f) Sadarkaan ol'iyannoo dhiyaate yoo ta'e, ragaa deebisaa barreeffamaan sadarkaan kennamee,
 - g) Furmaata yookiin murtee akka kennamuuf barbaadanu gabaabinaan,
 - h) Ragaalee barreeffamaa yoo jiraate,
 - i) Seera cabe yookiin mirga seeraa jalaa irra darbame yookiin osoo hin kabajamin hafe,
 - j) Dhimmi dhiyaate kun kanaan duras ta'ee yeroo kanatti qaama mana murteef yookiin qaama hoggansa naannichaa biroof kan hin dhiyaanne ta'uu, kanaan dura qaamolee kanaan murtee kan hin arganne ta'uu mirkaneessuun;
 - k) Mallattoo komii yookiin ol'iyata dhiyeeffataa yookiin bakka bu'aa ragaa bakka bu'ummaa qabuu;
 - l) Waraqaa eenyummeessaa komii yookiin ol'iyata dhiyeeffataa yookiin bakka bu'aa seeraa fi dhimmoota komichaan yookiin ol'iyatichaan walqabatanu dhiyaachuu qaba.
- 3) Namni komii yookiin ol'iyata qabu kamtinuu akkaataa dambichaa fi qajeelfama kanaan tumameen ala qaama sadarkaan jiru irra tarkaanfachuun



yookiin dhimma qaama mootummaan isaa ofii isaaf mana murtiif yookiin qaama seeraa biroof dhiyaatee ilaalamaa jiru yookiin kanaan dura mana murtiin yookiin qaama olaanaa naannichaan murtee argate bifa komiin yookiin ol'iyyataan dhiyeeffachuu hin danda'u.

- 4) Qaamni Ejensii sadarkaan komiin yookiin ol'iyyatni sadarkaan dhiyaatuuf komii yookiin ol'iyata dhiyaate qaama komii dhaggeffachuuf gurmaa'een yookiin akkaataa barbaachisummaa isaatiin koree dhaabee qorachiisuun murtee kennuu ni danda'a.
- 5) Qaamni Ejensii sadarkaan jiru dhimmi ol'iyyatni irratti dhiyaate raawwiin isaa yoo qaama komii dhiyeeffate kan miidhuu danda'u yookiin uummata irratti miidhaa geessisuu danda'a jedhee itti amane sababa isaa kaawuun hoggansa mana hojichaatiin fudhatama yoo argate hanga murtee argatutti raawwii isaa ugguree tursiisuu ni danda'a.
- 6) Murteen sadarkaan hanga Ejensii naannootti kennamu kamtinuu dhimmoota dambichaa fi qajeelfama kana keessatti daangaan yeroo taa'eef akkuma eegamanitti ta'ee, komii yookiin ol'iyyatni dhiyaatu qaamni dhiyaatuuf mallatteessee guyyaa fi sa'aa itti dhiyaateef galmeessuun mallatteessuu qaba. Bu'uuruma kanaan komiin yookiin ol'iyyatni kamtinuu murtee argachuuf yoo haalli dirqisiisu hin jiraanneen ala baatii tokkoo ol fudhachuu hin qabu. Yoo haalli dirqisiisuu mudate murtee kennamu irratti ibsamuu qaba.
- 7) Murteen sadarkaan qaamolee Ejensiin kennamu hundinuu barreeffamaan kallattiin teessoo fi maqaa abbaa dhimmaatiin ta'ee, komii dhiyaatee fi murtee kenname yoo xiqqaate gabatee beeksisaa mana hojichaa irratti maxxaffamuu qaba. Dabalataanis, weebayitii Ejensichaa irratti ibsuun ni danda'ama.
